



**XIINXALA BU'AAFI DANQAALAA AFAAN OROMOOTIIN**

**MAGAALA FINFINNEETTI BARSIIISUU**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOO  
BARSIIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN  
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**DIROO TAAMMIRUU WAAMII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA  
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,  
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,  
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2016/2024**

**FINFINNEE**

**BU'AAFI DANQAALEE AFAAN OROMOOTIIN**

**MAGAALA FINFINNEETTI BARSIIISUU**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO  
BARSIIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN  
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSAA (PHD)**

**QORATAA: DIROO TAAMMIRUU**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA  
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,  
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,  
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2016/2024**

**FINFINNE**

## **Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

### **Dhaabbata Qorannoo Diggirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookiloorii ittiin guuttachuuf Diroo Taammiruu, mataduree *Xiinxala Bu'aafii Danqaalee Afaan Oromootiin magaalaa Finfinneetti barsiisuu*: Haala maneen barnootaa Dajjaazmaach Wandiraad sadarkaa 1ffaa, Birahaana Zaaree sadarkaa 1ffaa, Qoxaarii sadrkaa 1ffaafi Inxooxxoo Ambaa sadrkaa 2ffaa Adeemsa barbaachisu guutee dhiyaate,

### **Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Dura Taa'aa Koree Ebbaa Kan Muumme

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

A. Ani Qorataan maqaafi mallattoonkoo kanaa gaditti caqafame qoranoon kun ammaan dura qoratamee kan hin jirreefi hojii dhuunfaa kootiin jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutuudhaan hojjedhee xumureera. Qorannoon kun kan dhuunfaakootii ta'uu isaafi hojii nama biraa irraa kan gargalfame akka hintaane mallattookootin mirkaneessera.

Maqaa Qorataa: Diroo Taammiruu Waamii

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

B. Barataan \_\_\_\_\_

Waraqaa qorannoo isaa haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaafi muummeef galchuu danda'uu isaa akka gorsaatti qorumsaaf akka dhiyaatu Kanaan mirkaneessse ta'uu nan beeksisa.

Maqaa Gorsaa: \_\_\_\_\_

Mallattoo: \_\_\_\_\_

Guyyaa: \_\_\_\_\_

## ***Axereeraa***

*Qorannoon kun kan gaggeeffame maneen barnoota magaalaa Finfinnee keessaa kutaa magaalaa Afur keessatti kan argaman kutaa magaalaa tokko keessaa maneen barnootaa tokko tokko fudhachuun yoo ta'u, Kaayyon qorannichaa Xiinxala Bu'aafi Danqaalee Afaan Oromootiin magaalaa Finfinneetti barsiisuu: Haala manneen barnootaa: Wandiraad sadarkaa Iffaa, Qoxaarii sadarkaa Iffaa, Birahaana zaaree sadarkaa Iffaafi Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa kan jedhudha. Xiyyeeffannoon qorannichaas barnoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinneetti kennamuu erga eegalee bu'aa inni buuse, danqaalee hojiirra oolmaa isaa irratti muudataniifi ammas muudachaa jiran irrattidha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf, gosa qorannoo Akkamtaatti dhimma kan ba'e yoo ta'u, maala ibsaatti fayyadamee jira. Malleen funaansa odeeffannoo kanneen ta'an bargaaffii, Afgaaffii, daawwannaa fi marii gareetti fayyadamuun walitti qabamee jira. Haalli odeef-kennitoonni itti filatamanis iddatteessuu akka kaayyootti dhimma ba'uun kan filatamanidha. Akkasumas Barnoonni Afaan Oromoo kun erga eegalee Bu'aawwan gama Kanaan argamanis ibsamee jira. Bu'aawwan argamanis Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin dubbachuun walii galuun amma duraarra babal'achaa jira. Adaan Oromoo kllattii maraan dagaagaa jira. Wal qaixxummaan sabaaf sablammootaa mirkanaa'aa jira. Olaantummaan saba tokkoo, Afaan tokkoofi olaantumman sabatokoo magaalaa Finfinneetti dagaagee ture hir'achaa jira. Itti dabalees hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti daa'imman isaa Afaan isaatiin barsiifachuuf yeroo dhabee ture amma afaan isaatiin barsiifachuufi kanneen kana fafakkaatan faayidaawwan argamanidha. Itti dabalees, odeeffannoo qaaccessa ragaaletiin argame irra dhaabachuun argannoon qorannoo kanaa qoratichaan kaa'amee jira. Haaluma kanarratti hundaa'uun argannoo argame irratti hundaa'uun yaada furmaataa ta'a jedhee kan yaade qoratichi qorannoo kana keessatti ibsee jira.*

## **Galata**

Duraandursee Umuriikoo keessatti nagaafi fayyaa guutuu naaf kennee qorumsa adda addaa kallattii maraan dhufu irratti nagargaaree nagaan kan naaf kenne Waaqa guddaaf galanni haatu'u. Itti aansuun, gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaa jalqabaa kaasani hanga dhumaatti gorsaafi yaada naaf kennuudhaan bakkan dogoggoretti naqajeelchuun najajjabeessuudhaan nuffii malee deeggarsa naaf godhaniif ulfaadhaa horaa bulaa deebanaa jechuuniin barbaada. Itti dabalees namoota odeeffannoo qorannoo kanaa naaf kennaniin ulfaadhaa jechuunin barbaada.

## **Jibsoo**

### **Afaan Oromoo**

### **Afaan Ingilizii**

Axereeraa .....	Abstract
Duubdeebii .....	Feedback
Dhiibbaa .....	Affect
Mala qorannoo akkamtaa .....	Qualitative research
Mala qorannoo Ammamtaa .....	Quantitative research
Afaan dhalootaa .....	Mother tongue/first language
Afaan lammaffaa .....	Second language
Baruu .....	Acquisition
Barachuu .....	Learning
Uunkaa .....	Form

# Baafata

<b>Qabiyyee</b>	<b>fuula</b>
Axereeraa .....	i
Galata .....	ii
Jibsoo .....	iii
Baafata .....	iv
Tarreeffama Gabateewwanii .....	viii
<b>BOQONNAA TOKKO: SEENSA .....</b>	<b>1</b>
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannicha .....	4
1.3 Kaayolee Qorannichaa.....	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2 Kaayyoowwan Gooree.....	6
1.4 Faayidaa Qorannichaa.....	6
1.5 Daangaa Qoranichaa .....	7
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	7
<b>BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....</b>	<b>8</b>
2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee.....	8
2.1.1 Maalummaa Afaan Dhalootaa .....	8
2.1.2 Faayidaa Afaan Dhalootaan Barachuu .....	8
2.1.2.1 Dandeettii Hubannaa Dagaagsuuf .....	10
2.1.2.2 Ilaalcha Ofiif Qaban Gabbisuuf .....	10
2.1.2.3 Barnoota Qulqullina Qabu Kennuuf.....	11
2.1.3 Miidhaa Afaan Dhalootaan Barachuu Dhabuun Qabu .....	11
2.2 Sakatta'a Imaammata Barnootaafi Imaammata Afaanii Biyya Ityoophyaafi Afaan Oromoo .....	12
2.2.1 Imaammata Afaanii Bara Mootummoota Itoophiyaa Walitti Aanan (1855-1991)Fi Dhiibbaa Isaan Guddina Afaanoromoo Irratti Qaban .....	13
2.2.2 Imaammata Afaanii Sirnoota Itoophiyaa Sadanii (1855-1913) Fi Ga'ee Afaan Oromoo .....	14
2.2.3 Imammata Afaanii Bara Lij Iyyaasuu (1913-1916).....	15
2.2.4 Imaammata Afaanii Bara Sirna Hayilasillaassee Iffaa (1930-1974).....	16

2.2.5 Imaammata Afaanii Xaaliyaaniin Yeroo Itoophiyaa Qabattee Turte (1935-1941) Fi Haaromsa Afaanoromoo .....	20
2.2.6 Imaammata Afaanii Bara Sirna Dargii (1974-1991).....	21
2.2.7 Miidhaa Imaammattoonni Afaanii Abbaa Irree Itoophiyaa (1908-1991) Eenyummaa Oromoo Irratti Fidan .....	24
2.2.7.1 Guddina Ogbarruu Afaan Oromoo Gufachiisuu Isaa .....	25
2.2.7.2 Gama Aadaafi Eenyummaa Oromootiin Dhiibbaa Umuusaa.....	25
2.2.7.3 Dhiibbaa Dagaaginaafi Carraa Barnootaa Irratti Fidu Isaa .....	26
2.2.8 Gumaata Imaammata Afaanii Mootummaaitoophiyaa Bara 1991 Hanga Ammaatti Jiru Gama Guddina Afaan Oromootiif Argamsiise.....	27
2.2.8.1 Gama Afaan, Ogbarruufi Aadaa Oromootiin .....	30
2.2.8.2 Uumama Waaltina Afaan Oromootiif Ulaa Saaqu .....	30
2.2.8.3 Qorannoofi Dagaagina Jechoota Afaan Oromootiif .....	31
2.2.8.4 Gama Dagaagina Ogbarruu Afaan Oromootiin .....	31
2.2.8.5 Afaan, Aadaafi Mallattoo Hawaasaa Irra Deebiin Dagaagsuuf .....	32
2.3 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii .....	32
<b>BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA .....</b>	<b>34</b>
3.1 Saxaxa Qorannichaa.....	34
3.2 Madda Ragaa .....	35
3.3 Mala Iddateessuu .....	35
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee.....	37
3.4.1 Bargaaffii .....	38
3.4.2 Af-gaaffii.....	38
3.4.3 Daawwannaa .....	39
3.4.4 Marii Garee .....	41
3.5 Tooftaa Xiinxala Ragaa.....	41
<b>BOQONNAA AFUR: RAGAA QINDEESSUU QAACCESSUUFUFI HIIKUU .....</b>	<b>43</b>
4.1. Haala Qabatamaa Namoota Odeeffannoo Kennanii .....	43
4.1.1 Manneen Barnootaa Magaalaa Finfinnee Hanga Bara 2016 Tti Barnootaa Afaan Oromoo Akka Afaan Tokkoffaatti Kennamu Hin Eegaliin Jiran .....	44
4.2 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barsiisuun Eegaluu Isaatiin Danqaalee Hojiirra Oolmaa Isaa Irrtti Muudatan. ....	45
4.2.1 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barnoonni Kennamuu Isaatiin Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afaan Barsiisotaaf Dhiyaatee ...	47

4.2.2 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee Qaaccessa Odeeffannoo Af-Gaaffii	
Hooggantoota Manabarumsaatiif Dhiyaate. ....	49
4.2.3 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Af-Gaaffii	
Supparvaayizerootaafi Hooggantoota Waajira Barnootatiif Dhiyaate.....	51
4.2.4 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaaf	
Dhiyaatee .....	52
4.2.5 Danqaalee Muudatan Ilaalchisee Qaaccessa Odeeffannoo Bargaaffii.....	54
4.2.5.1 Danqaalee Gama Hooggantoota Manneen Barnootatiin Muudatan .....	55
4.2.5.2 Danqaalee Gama Barattootatiin Muudatan .....	56
4.2.5.3 Danqaalee Gama Barsiisota Afaan Amaaraatiin Muudatan.....	57
4.2.5.4 Danqaalee Gama Ofitti Amanamummaa Dhabuutiin Muudatan .....	58
4.2.5.5 Danqaalee Gama Barsiisota Afaan Oromootiin Muudatan.....	59
4.2.5.6 Manneen Hojii Mootummaa Keessatti Afaan Oromootiin Tajaajilli Kennamuu	
Dhabuu.....	59
4.2.6 Sababa Danqaalee Muudatanii.....	60
4.2.6.1 Ilaalcha Hawaasni Magaala Finfinnee Afaan Oromootiif Qabu .....	60
4.2.6.2 Rakkoo Siyaasaa.....	61
4.3. Faayidaa Magaala Finfinneetti Afaan Oromootiin Barachuun Ummata Oromoofi	
Sabaaf Sablammootaaf Qabu .....	61
4.3.1 Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisota,	
Hooggantootaa M/Barumsaafi Maatii Barattootaa .....	64
4.3.2 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barnoonni Kennamuu Isaatiin	
Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaa	
.....	66
4.3.3 Bu'aa Argame Irratti Xiyyeeffachuun Qaaccessaa Odeeffannoo Malleen	
Funaansa Odeeffannoo Bargaaffii.....	67
4.3.3.1 Bu'aalee Gama Waliin Jireenya Hawwaasummaatiinargaman.....	69
4.3.3.2 Gama Sabdaneessummaatiin .....	70
4.3.3.3 Bu'aa Gama Walqixxummaa Afaanitiin Argame.....	70
4.3.3.4 Gama Dagaagina Afaanitiin .....	71
4.3.3.5 Gama Walqixxummaa Saabaaf Sablammootaafi Ofitti Amanamummaa	
Sabootaa Mirkaneessutiin .....	72
4.3.3.6 Qaaccessa Odeeffannoo Daawwannaan Funaaname .....	73
4.4 Danqaalee Muudatan Maksuuf Ga'ee Qooda Fudhattootaa .....	78

4.4.1 Gama Bulchiinsa Magaalaa/ Mootummaarraa Kan Eegamu.....	78
4.4.2 Bulchiinsa Barnootaa Irraa Kan Eegamu.....	79
4.4.3 Barsiisotarraa Kan Eegamu.....	80
4.4.4 Barattootarraa Kan Eegamu.....	81
4.4.5 Hawaasa Magaala Finfinnee Irraa Kan Eegamu.....	82
4.4.6 Hawaasa Oromoo Magaala Finfinnee Keessa Jiraatan Irraa Kan Eegamu.....	82
<b>BOQONNAA SHAN:.....</b>	<b>84</b>
<b>CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA.....</b>	<b>84</b>
5.1 Cuunfaa.....	84
5.2 Argannoo.....	85
5.3 Yaada Furmaataa.....	89
<b>Wabiilee.....</b>	<b>93</b>
<b>DABALEE A.....</b>	<b>1</b>
<b>DABALEE B.....</b>	<b>5</b>
<b>DABALEE C.....</b>	<b>11</b>

## **Tarreeffama Gabateewwanii**

Gabatee 1: Daataa Namoota Akka Iddattootti Filatamuun Odeeffannoon Irraa Funaaname	43
Gabatee 2: Daataa Odeeffannoon Ittiin Funaaname .....	44
Gabatee 3: Manneen barnootaa birna barnoota Afaan Oromoo eegalaniifi hin eegaliin hanga bara barnootaa 2016 .....	45
Gabatee 4: Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisotaaf .....	47
Gabatee 5: Qaaccessa Odeeffannoo Af-gaaffii Hooggantoota Mana Barumsaatiif Dhiyaate	49
Gabatee 6: Qaaccessa odeeffannoo Af-gaaffii supparvaayizerootaafi hooggantoota waajira barnootatiif dhiyaate .....	51
Gabatee 7: Qaaccessa odeeffannoo Afgaaffii barattootaaf dhiyaate .....	52
Gabatee 8: Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee qaaccessa odeeffannoo Afgaaffii Barsiisota, hooggantootaa M/Barumsaafi maatii barattootaa .....	64
Gabatee 9: Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaa .....	66

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Garee hawaasaa kamiifuu Afaan hambaa bara baraa eenyummaa hawaasa tokkoo kan jabeessee ibsudha. Kanaaf, Burke (1991: F) “eenyummaa saba dhugummaatiin kan dubbatu Afaan isaati”\* jedha. Kunimmoo, gahee isaa qixaan bahuuf sirnaan qophii mataasaa akka qabaatuu taasiisa. Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Yaada kana Addunyaan (2014:1) “Afaan sagalee dubbiiitiin kanfayyadamu mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasaa tokkoo kan ta’e meeshaa walqunnamtiiti.” jedha. Kanaafuu faayidaan Afaanii inni guddaan walqunamsiisuuf oola. Mallattooleen biraa jiraataniis hanga Afaanii kan milkaa’ina, fedhii, duudhaa, barsiifata, gaddaafi gammachuu goonfachiisu hinjiru. Akkasumas Afaan meeshaa dhalli namaa ittin waliigalu keessaa isa baay’ee olaanaa ta’uu isaafi Afaan malee waa’ee dhala namaa yaaduun akka hindanda’amne hayyoonni ni dubbatu.

Afaan meeshaa guddina hawaas-diinagdee, barnoota, saayinsiifi siyaasaa fiduu keessatti kan gargaaruu ta’uu hayyoonni adda addaa ni ibsu. Afaan dhalootaa guddina waliigaltee garee hawaasaafi namoota dhuunfaa jidduutti, fiduuf haala kan mijeessuudha. Haala kanaan, Afaan dhalootaa hariiroo dhala namaa kan cimsuudha. Kana malees, Orman (2008) akka ibsetti, Afaan hubannoo sammuu namaa, hawaasummaa, eenyummaa sabummaa daa’immanii guddisuufi aadaa daa’immanii kunuunsuuf kan fayyaduudha. Afaan adaafi duudhaa hawaasa irraa dhaalame, Ogafaan, muuxannoofi beekumsa hawaasni, horate barachuufi dagaagsuuf gargaara. Kana jechuun, Afaan dhaloota haaraaf aadaa barsiisuufi qaxxaamursuuf tajaajila. Dabalataan, Wolff (2006) akka ibsetti, guddinni Afaaniifi barnoonni hariiroo cimaa waliin qabu. Kun kan agarsiisu, Afaan dhalootaa Afrikaa Afaan barnootaa gochuufi guddina hawaas-diingee biyyoota Afrikaaf akka oolaan xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa ta’uu isaati.

Afaan dhalootaa hedduun Ardii Afrikaa baroota koloniifi koloniin booda rakkoolee garagaraa irraa kan ka’e Afaan barnootaa osoo hinta’in hafaniiru. Heughfi Skutnabb (2010) akka ibsanitti, kolonneeffattoonni imaammata Afaan isaanii qopheessuudhan biyyoota Afrikaa keessaatti barnoonni akka ittiin kennamu taasisuudhan Afrikaanoonni ilaalcha Afaan isaanii irratti qaban gadaanaa akka ta’u gochuun olaantumma Afaan isaanii babal’isaa turan. Sababa kanaan Afaan warra koloneeffattootaa Afaan barnootaa ta’ee tajaajilaa tureera. Kun immoo, Afaanoonni dhalootaa Afrikaa ta’an Afaan barnootaa, Afaan saayisii ta’uu irraa akka ittifaman hudhaa ta’aa tureera. Jeilan (2013) akka ibsetti, imaammannifi raawwiin barnootaa Afaan

koloneeffattoota kun uummattoota Afrikaa gama barnootaan, diinagdeefi siyaasaan hamma ammattillee guddina dhoorkeera. Itti dabaluun, Jeilanakka ibsetti, biyyoonni Afrikaa hedduun daa'imman isaanii Afaan dhalootaa Afrikaan osoo hin taane Afaan lammaffaan barsiisuun kan baratame ta'era.

Daa'imman barnoota isaanii Afaan dhalootaan hin baranne dandeettiin kalaqa uumamaafi beekumsi karaa Afaaniifi aadaa hawaasa isaanii irraa goonfachuu qaban akka hin arganne akka taasisu hayyoonni adda addaa qorannoo isaanii keessatti ibsaniiru. Kana jechuun rakkoon guddina hawaas-diinagdee biyyoota Afrikaa inni guddaan daa'imman isaanii Afaan isaaniin barsiisuu dhabuudha. Rakkoon kun koloneeffattoota qofa irratti kan dhaabbatee miti. Mootummoonni dhaala goonfoo Afrikaas tokkummaa, ammayyummaa, walii galteefi olaantummaa Afaan isaaniif jecha Afaan qeenxee qofa Afaan barnootaa gochaa turan. Milkeessaa (2015) akka ibsetti, Itiyoophiyaa keessatti yeroo mootummota darbanii ilaalchi Afaan tokko Afaan barnootaa gochuu Afaan dhalootaa cunqursaa kan tureefi Afaan barnootaa akka hin taane taasisaa kan tureedha. Haala biroon, Itiyoophiyaan imaammata Afaan barnootaa qeenxee irraa gara imaammata afdaneetti erga geeddarree, waggoota heddu ta'era. Haalli amma argamus Afaan dhalootaa Afaan barnootaa gochuufi guddina hawaas-diinagdee keessatti itti dhimma bahuudha.

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti Afaan furtuu milkaa'inaati. Ogummaafi beekumsa qaban kan ittiin dhalootaa dhalootatti dabarsan barnootaanidha. Kini ammo guutummaan guututti hojiirra ooluu kan danda'u Afaan dhalootaatiin barachuudhaan ogummaawwan bu'uuraa dubbisuu barreessuufi kanneen kana fafakkaatan yoo gabbifatanidha. Daa'imman waggaa Arfan jalqabaa keessatti Afaan tokkoffaan isaanii kan ittiin Afaan hiikkataniifi naannoo isaaniitti jireenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti wal-qunnamtii kan ittiin taasisaniin barachuun baayyee barbaachisaadha. Haaluma kanaan waggaa ja'aa hanga saddeetii barnoota isaanii Afaan tokkoffaa/Afaan haadhaatin yoo baratan, dubbisuufi barreessuu irratti haala gaaridhaan hubachuu danda'u. Akkasumas dandeettiin nannoo isaanii gama barumsaatiin hubachuu cimaa ta'a. Afaan dhalootaatiin baracuun barnoota sadarka tokkoffaa keessatti bartan sirnaan hubachuuf waan isaan gargaaruuf barnoota sadarkaa lammaffaafi dhaabbilee barnootaa olaano keessatti kennaman hubachuufillee bu'aa guddaa qaba. Daa'imman Afaan dhalootaa isaanitiin barachuun bu'uura yoo tolan sanaan booda Afaan dabalataa barachuufillee baayyee isaan fayyada. Daa'imman Afaanota dabalataa salphaatti kan baratan yoo barnoota Afaan dhalootatiin bu'uura jabaa qabaatanidha.

Magaala Finfinnee keessatti olaanttumaan Afaan tokko biyya keenya keessatti dagaagee waantureef, fedhiin Afaan ofiitiin barachuu jiraatus, Mootummoonni biyya kana bulchaa turan sabaaf sablammoota Afaan isaanitiin akka baratan gochuu waan hin barbaanneef barnoonni kan kennamaa ture Afaan Amaariffaa qofaanidha. Kana jechuun Afaan ittiin barachuun eeyyamame yookan Afaan Amaariffaatiin ala saboonni biroo Afaan isaanitiin waan hin baranneef faayidaa Afaan ofiitiin barachuun argamu osoo hin argatin hafu jechuudha. Haaluma kanarraan kan ka'e sabni Oromoos dachee isaa irratti mirga Afaan isaatiin barachuu waggoota dheeraaf mulqamee ture.

Afaan Oromoo akka magaala finfinnee keessatti baratamu kan taasifame bara 2010 manneen barnootaa muraasa keessatti yommuu ta'u, manneen barnootaa bara 2010 barnoonni keessatti eegale. Isaanis: mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu, mana barumsaa Waaqoo Guutuu, mana barumsaa Gaara guurii, Mana barumsaa Burqaa waayyuu turan. Bara 2012 irraa eegalee immoo manneen barnootaa magaala Finfinnee keessa jiran hundumaa keessatti barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu qaba yaada jedhuun, manneen barnootaa finfinnee keessa jiran keessaa bakka barattoonni Afaan Oromoo barachuuf carraa galmaa'uu argatanii galmaa'anitti barnoonni Afaan Oromootiin dabalataan akka kennamu yaada jedhuun barattoota Oromoo ta'anii magaala Finfinnee keessa jiraniif gosa barnootaa hundumaanuu barnoonnii Akkuma Afaan Amaariffaatiin kennamu kanneen Oromoo ta'aniifis Afaan Oromootiin akka kennamu taasifamee jira. Carraa argame kanatti fayyadamuun barnoonni akka baratamu taasifamuun bu'aa guddaa waan qabuuf akka gaaritti kan ilaalamu yommuu ta'u, hoojiitti jijjiiruu irratti barattoonni Afaan Oromoo danqaawwan garagaraa irraan kan ka'e akka yaadametti baayyinaan argamuu dhabuun ni mul'ata.

Afaan ofiitiin barachuun jireenya nama tokkoo keessatti fiixaan ba'iinsa Karoora dhuunfaa, kaayyoo ofii galmaan ga'achuufi barumsan milkaa'uuf murteessadha. kana malees, fedhii barattoonni barnoota biroo barachuuf qaban midhamuu danda'a. Ilaalchiifi hubannoon barumsichaaf isaan qaban Afaan ofiitiin barannaan olaanaadha. Travers (1963, f.87) Yaada kana cimsuun, barachuun fedhii barattoonni barumsichaaf qaban irratti akka hundaa'ufi ilaalcha barattoonni barsiisaa, mana barumsaafi barumsa sanarratti qaban haala baruufi barsiisuu keessatti dhimma ijoo xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu ibsa. Hojii baruufi barsiisuu haala gaariin galmaan gahuuf barattoota barumsa isaanirratti fedhii itti horuun dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha.

Kanaaf immoo barattoonni Afaan isaatiin yoo baratan ofitti gammaduudhaan barnoota isaanii si'aayinaan hordofuu danda'u. Aadaa, safuufi safeeffannaan hawaasaas Afaan ofiitiin barachuu waliin waan wal qabatuuf barattoonni kaka'umsa guutuudhaan barnoota isaanii hordofu.

Barsiisonniifi qoodafudhattoonni barnootaa hundi magaala Finfinnee kana keessatti qooda fudhattoota barnoota Afaan Oromoo irraa hojii guddaan kan eegamu ta'uusaa hubachuun barbaachisaadha. rakkoowwan muudatan adda baasaa deemuun kallattii maraan hubannoo itti uumuun barbaachisaadha. Barattoota kanneenif deeggarsa kennaafii deemuun ofitti amanamummaa akka horataniifi gammadanii, jaallatanii aaadaaf duudhaa Oromoo keessatti barnoota isaanii akka baratan jajjabeessuun baayyee barbaachisaadha. Afaan Oromoo jaarraa hedduudhaaf magaala kana keessatti akka hin dubbatamneef ittifamuu qofa osoo hin ta'in, uummanni Oromoo magaalaa keessaa buqqifamuun aadaa, duudhaa, safuu, safeeffannaa, barsiifata, amantaafi, sirni siyaasa isaa akka baaduuf, mootummoota olaantummaa saba tokkoo leellisaniin dhiibbaa guddaan irratti godhamaa turee jira.

Akkasumas, barnoonni Afaan Oromootiin akka hin kennamne carraan Afaan Oromootiin barachuu yeroodheeraaf cufamee ture deebi'ee argamus, hojiiirra oolmaa isaa irratti rakkooleen hedduun mul'achaa jiraachuun haala qabatamaa jiruuf jireenya hawaasa, barsiisotaafi barattoota Oromoo magaala Finfinnee keessa jiraatu irratti mui'ataa jirudha. Waan kana ta'eef, adeemsi raawwii isaa kun osoo qoratamee fuulduratti haala mijeessuuf ga'ee niqabaata jechuun qorannoo kana qeggeessuu akka furmaata barbaadutti kan fudhatu ta'uusaa qoratichi ni ibsa.

## **1.2. Ka'umsa Qorannicha**

Dhimma kana irratti qorannoo geggeessuuf qoraticha kan kakaase, magaala finfinnee keessatti waggoota muraasa booda Afaan Orommootin barnoonni kennamaa jiraachuu waliin wal qabatee, danqaalee hojiiirra oolmaa isaa irratti muudataniifi ammas muudachaa jiran yoo jiraate bifa qorannootiin mirkaneessuudhaaf qoratichi dhimma kana irratti qorannoo kana akka geggeessuuf sababa ta'eefii jira.

Haaluma kana irratti hundaa'uun dhimmoonni qorannoo kanaa “*Xiinxala Bu'aafi Danqaalee Argamina Carraa Afaan Oromootiin Magaala Finfinneetti Barsiisuu*” mata duree jedhu irratti qorannoo kana geggeessee jira. Afaan Oromootiin barnoota barsiifamaa jiru kanaaf carraa argameefi danqaalee muudatan adda baasuun xiinxaluun barbaachisaa ta'ee waan itti

mul'ateef, manneen barnootaa magaala Finfinnee keessa jiran guutummaarratti hojjechuun yeroofi galteewwan hedduu gaafata. Kanaaf, kutaa magaalaa Finfinnee keessa jiran keessaa kutaa magaala Eekkaa, Kutaa magaalaa Boolee, Kutaa magaalaa Gullalleefi Kutaa magaalaa Nifaas silki laaftoo yoo ta'u, kutaa magaalaa kanneen keessaa Manneen barnootaa tokko tokko qofa fudhachuun maneen barnootaa afur akka iddattootti filachuun qorannoon kun geggeeffamee jira.

Manneen barnootaa kanneen: Kutaa magaala Eekkaa keessaa Mana barumsaa Wandiraad sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa Iffaafi giddugaleessaa, kutaa magaalaa Boolee keessaa Mana barumsaa Birahaana zaaree sadarkaa Iffaan duraa sadarkaa Iffaafi giddugaleessaa, Kutaa magaala Nifaas silki laaftoo keessaa Mana barumsaa Qoxaarii sadarkaa Iffaan duraa sadarkaa Iffaafi giddugaleessaafi Kutaa magaala Gullallee keessaa Mana barummsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa manneen barnootaa akka iddattootti filatamanidha.

Manneen barnootaa akka iddattootti filataman kun bara 2012 dura barnoonni Afaan Amaariffaa qofaan kan keessatti barsiifamu yoo ta'u, bara 2012 irraa eegalee Afaan Oromoofi Afaan Amaariffaatiin sagantaa lamaaniin barsiisaa jiru. Kanuma irratti hundaa'uun, Afaan Oromootiin barachuu waliin walqabatee bu'aawwan argamaniifi danqaalee muudatan bifa qorannootiin mirkaneessuuf qorannoo kana geggeessuun barbaachisaa ta'ee mul'ateera. Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanatti aananii jiraniif deebii kenneera jedhamee yaadama. Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaas kanneen kanatti aananii jiranidha. Isaanis:

1. Magaala Finfinnee keessatti yeroo Afaan Oromootiin barsiifamuun eegalamu danqaalee akkamiitu raawwii irratti muudate/muudataa jira?
2. Magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiifamuu eegaluun isaa bu'aawwan akkamii argamsiise?
3. Maddoonni danqaalee maali?
4. Bu'aaleen argaman akkamitti cimuu qabu; danqaaleen jiran immoo akkamitti irra darbuun danda'ama?

### **1.3 Kaayolee Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kaayyoo gooroo fi kaayyoo gaaree jedhamuun bakka lamatti qoodamee ibsamuu danda'a.

#### **1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa “*Xiinxala Bu'aafi Danqaalee Afaan Oromootiin magaala Finfinneetti barsiisuu*” kan jedhudha.

#### **1.3.2 Kaayyoowwan Gooree**

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kanneen kanatti aananii tarreeffamanii jiranidha. Isaanis:

1. Magaala Finfinnee keessatti yeroo Afaan Oromootiin barsiifamuu eegalee danqaaleen akkamii akka muudataniifi ammas muudachaa jiran adda baasuun ibsuu
2. Magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiisuu erga eegalamee bu'aawwan aragaman tarreessuu
3. Ka'umsi danqaalee muudatanii/maddi danqaalee maal akka ta'e adda baasuu

### **1.4 Faayidaa Qorannichaa**

Qorannoon kun jalqaba irratti fayyadamaa kan taasisu, Kanneen Magaala Finfinnee kanatti dhimma barnoota Afaan Oromoon kennamu irratti hojjetanidha. Qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti iddoo rakkoon jiru irratti xiyyeeffachuun bu'aa qorannoo kanaan argame irratti xiyyeeffatanii furmaata akka barbaadaniif ni fayyada. Kaayyoon guddaa qorannoo kanaa bu'a qabeessummaa Afaan Oromoon barachuufi gufuuwwan akka rakkinaatti jiran adda baasuun xiinxaluudha. Haaluma kanaan qorannoon kun bu'aqabeessummaa isaafi gufuuwwan muudatan adda baasee xiinxaluun ga'ee dhimmamtoonni barnoota Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti akka baratamuuf ba'achuu qaban ibsuuf nigargaara. Akkasumas, lammii ofitti amanamummaa qabu kan duudhaa Oromoo ganamaa deebisuu danda'u akka horataniifi kaayyoo diinonni Afaan Oromoo qabatanii ka'an fashaleessuuf qooda fudhattootaaf ciicata ta'uu danda'a.

Kanaafuu waraqaan qorannoo kun yeroo xumurame qaamolee kanatti aananii jiraniif ni fayyada jedhamee yaadama. Isaanis: Waajira barnootaa kutaa magaala Ekkaa, Waajira barnootaa kutaa magaala Boolee, Waajira barnootaa kutaa magaala Gullalleefi Waajira barnootaa kutaa magaala Nifaas silki laaftoo, Supparvaayizarootaafi barsiisota Afaan Oromoo kutaa magaala kanneen keessa jiran, dura bu'oota manneen barnootaa kanneen kutaa Afaan

Oromoo bakka bu'aniif faayidaa guddaa qaba. Dabalataan, barattoonni Afaan Oromootiin magaalaa Finfinnee keessatti baratan barnoota qulqullina qabu akka argataniif ni gargaara. Kana malees, Argannoofi yaada furmaataa qorannoo Kanaan argame bu'uura godhachuun qaamni dhimmichi ilaalu kan hojjetu yoo ta'e, haala baruufi barsiisuu barnoota kanaa irratti yaada barsiisotaa gabbisuudhaan, akkataa raawwii isaa irrattis hubannoo cimaa akka horatn taasisa. Akkasumas namoota gara fuulduraatti dhimma kana irratti qorannoo hojjechuu barbaadaniif ciicata ta'uu danda'a.

### **1.5 Daangaa Qoranichaa**

Qorannoon kun matadureen inni irratti daangeffame, *“Xiinxala bu'aafi danqaalee Afaan Oromootiin magaalaa Finfinneetti barsiisuu”* yommuu ta'u, bakki qorannoon kun irratti daangeffame, magaalaa Finfinnee keessaa kutaalee magaalaa afur keessaa maneen barnootaa tokko tokko irratti kan dangeeffamedha. Innis *kutaa magaalaa Eekkaa keessaa mana barumsaa Dajjaazmaach wandiraad sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa Iffaafi giddugaleessaa, kutaa magaalaa Boolee keessaa mana barumsaa Birahaana Zaaree Sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa Iffaafi giddugaleessaa, Kutaa magaalaa Nifaas silki laaftoo keessaa mana barumsaa Qoxaarii sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa, Kutaa magaalaa Gullallee keessaa mana barumsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa irratti kan kan daangeffamedha.* Sababni isaa, Manneen barnootaa mana barumsaa magaalaa Finfinnee hunda keessatti argaman irratti qorannoo gaggeessuun, humna namaa, yeroofi baajata hedduu barbaada. Kana argachuun immoo, hamma tokko rakkisaadha. Dabalataan, Manneen barnootaa hedduu keessatti rakkooleen hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoof kennamuufi Faayidaan barnoonni kun magaalaa finfinneetti kennamuu isaatiin argaman irra caalmaatti kan walfakkaatanidha. Kanaaf qorannoon kun maneen barnootaa kutaalee magaalaa Afuriifi maneen barnootaa afur irratti daangeffame kun, guutummaan guututtis ta'uu baatu maneen barnootaa kanneen hafan amma tokko bakka bu'uu danda'a jedhamee yaadama.

### **1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon kun Guutummaa magaalaa finfinneetti maneen barnootaa kutaa magaalaa kudha tokkon jala jiran hunda irratti osoo hojjetamee irra caalaa bu'a qabeessa ta'uu mala. Garuu sababii hanqinaalee garagaraatiif maneen barnootaa muraasatti daangeffamuun isaa hanqina qorannoo kanaati.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU**

Sakatta’i Ogbarruu firoominaa kun kan irratti xiyyeeffatu, imaammata afaanii, Afaan dhalootaan barachuu, faayidaa Afaan dhalootaan barachuu, seenaa Afaan Oromoo barnoota keessattifi hudhaalee Magaalaa Finfinnee keessatti sabni Oromoo Afaan dhalootaa isaatiin barachuu, Akkasumas bu’aa Afaan ofii/ dhalootaatiin barachuun qabuufi miidhaa Afaan ofiitiin barchuu dhabuudhaan dhufu kan ofkeessatti hammatedha.

### **2.1 Sakatta’a Barruu Yaadrimee**

Afaan meeshaa ilmi namaa ittiin waliigalu keessaa isa tokkoofi isa ijoodha. Akkasumas, Ibsituun eenyummaan saba tokkoo ittiin beekamu keessaa inni tokko afaani. Sabni tokko fedhii yookiin hawwii ofii kan ittiin ibsatu Afaan Isaatini. Kana jechuun, yoo gammade gammachuusaa, yoo gadde gaddasaafi kan kana fakkaatu kan ittiin baafatee ibsatuufi dhaggeeffatee hubatu afaan isaatiini. Cook (2008:1) yoo ibsu,” Language is at the center at human life“jedha. Kunis afaan wal-itti dhufeenya /jireenya/ dhala namaa keessatti bu’uura akka ta’e ibsa oliirraa hubanna. Ilmi namaa afaan karaalee adda addaatiin barachuu nidanda’a . Tokkoffaan warra ofii yookaan nama guddisurraa kan baramu yoo ta’u; inni lammaffaan ammo mana barumsaarraa kan baratamuufi naannoorraa akka tasaa kan baramu ta’uu danda’a. Afaan warra irraa yookiin nama guddisurraa argamu kun afaan dhalootaa jedhama.

#### **2.1.1 Maalummaa Afaan Dhalootaa**

Afaan dhalootaa jechuun Afaan haadhaafi abbaarraa baratamu yoo ta’u, afaan warra irraa yookiin nama guddisurraa argamu kun Afaan dhalootaa/Afaan tokkoffaa/ jedhamee waamama. Yaada kana hayyoonni Gassfi Selinker (2008:7) akka itti’aanutti kaa’u, *“Acquisition of the language refers to first language that a child learns. It also known as primary language, the mother tongue, or the L1 /first language/.”* Yaadni isaanii kun akkuma ibsu Afaan daa’imni tokko ganamuma baru Afaan tokkoffaa/afaan dhalootaa/akka ta’e nuhubachiisa.

#### **2.1.2 Faayidaa Afaan Dhalootaan Barachuu**

Afaan dhalootaa daa’imman daa’imummaa isaaniin warra irraa baruudhan hawaasa keessatti dhalatan waliin dubbachaa beekumsa, dandeettiifi muuxannoo kan ittiin horatan ta’uun beekamaadha. Dandeettii kanas, oguma, aadaa, duudhaafi muuxannoo hawaasaa barnootaa dareetti barataniin walsimsiisuun hubatu. Kan biraa, Nieto (2000) akka ibsetti, Afaan dhalootaa kan namoonni bu’aa aadaa isaanii ittiin ibsataniifi leensii addunyaa tana ittiin hubataniidha. Akka yaada kanaatti Afaan dhalootaa meeshaa daa’imman beekumsa naannoo

isaaniin alaa kan addunyaa ittiin baraniifi sansakaa gaarii ittiin horatani. Kana malees, Magwafi Mutasa (2007) Kembo (2000) wabeeffachuun, akka ibsanitti, daa'immani bu'uura irraa Afaan dhalootaan barsiisuun dandeettii hubannoo cimaa qabachuun akka dansaatti guddatan isaan taasisa. Afaan dhalootaan barsiisuu Afaan daa'imman beekumsa, dandeettiwwaniifi mooxannoowwan hawaasa irraa dhalatan irraa ittin horataniin barsiisuu ta'uu ibsama. Dandeettiifi muuxannoowwan kana kan horatan oguma, aadaa, barsiifatafi bu'aa aadaa hawaasan walsimsiisuun qalbeeffatu. Benson (2009)fi Heugh (2010) akka ibsanitti, Afaan dhalootaan barachuun aadaafi hambaalee seenaa dubbattoota Afaanichaa kunuunsuufi guddina hawaasaa walitti fufiinsaan qabu fiduuf fayyada. Akka yaada kanaatti, Afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun lammiileen guddina biyyaa keessatti, humnaafi ofitti amanamummaan dhimma guddina hawaas-diinagdee biyyaa irratti qooda akka fudhatan taasisa. Haalumma walfakkaatun, Benson (2004) akka ibsetti, daa'imman Afaan dhalootaan baraiisuun reeshoo kufaatii barattootaa xiqqeessa, irra deebiifi harcaatii barattootaa hir'isa.

Afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun daa'imman gara fuulduraatti guddina hawaas-diinagdee, siyaasa uummataafi saba isaanii irratti si'aa'inaan akka hirmaatan isaan taasisa. Dabalataan, Qorroo (2008) akka ibsetti, daa'imman Afaan dhalootaan baratan qabiyyee fi yaada barnoota baratani salphaatti qalbeeffatu. Afaan dhalootaan daa'imman barsiisuun barnoota qulqullina qabu walitti fufiinsaa kennuuf gargaara. Akka yaada kanaatti, Afaan dhalootaa dandeettiifi beekumsa daa'immanii nidagaagsa. Daa'imman Afaan dubbachuu hin dandeenyeen barsiisuun immoo, qabiyyee fi yaada barnootaa baratani hubachuu irratti danqaa itti ta'a. Sagalee dhagahuu dadhabuu, hiika jechootaa wallaalu, ibsa kennamu wallaaluufi aadaa Afaanichaa wallaaluun barnoota isaanii irratti danqaa itti ta'uun bu'aa dansaa akka hin galmeessine isaan taasisa. Afaan dhalootaa beekumsa kuufame saayinsiifi qaroomina, dandeettifi muuxannoo aadaa waliin walitti madaqsuun hubachuuf akka dhagaa bu'uraatti gargaara. Kana jechuun Afaan dhalootaa daa'imman beekumsa aadaa hawaasaa isaaniifi isa kan ammayyaa walbira qabanii akka hubatan isaan taasisa.

Kan biraa, Afaan dhalootaan barachuun hirmaannaa daa'imman barnoota irratti qaban dabaluu, baruufi barsiisuuf haala mijeessa. Daa'imman Afaan dhalootaan barsiisuun hirmaannaa maatiin doofummaa balleessuu irratti taasisan akka dabaluu ibsama. Jeylan (2013) akka ibsetti, daa'imman barnoota isaanii Afaan dhalootan yoo baratan yaada barnoota isaanii keessatti isaan rakkise salphaa dhumatti hubatu. Adeemsa kana keessa dandeettiin hubannoofi beekumsa daa'immanii gulantaa tokko irraa gara isa itti aanuttii tarkaanfachaa adeema. Akka yaada kanaatti Afaan dhalootaa daa'immanii salphaatti, yaada hiikaafi saayinsii barnootaa

baratanii hubachuun hojiirra oolchu. Faayidaa Afaan Dhalootaatiin barsiisuu haala kanatti aanee jiruun ibsamee jira.

### **2.1.2.1 Dandeettii Hubannaa Dagaagsuuf**

Afaan guddina sammuu dhala namaa waliin hariiroo cimaa akka qabu qorannoon adda addaa ni ibsa. Karaa biraan, addunyaa qaroomte keessatti Afaan ofiin barachuun miiraa eenyummaa, beekumsaafi hubannoo sammuu namaa akka cimsu ibsama. Kan biraa, xiin-sammuu, cimina qaamaafi ilaalcha isaanii fooyyessuun, jireenya hawaasummaa gara fuul-duraa irratti hubannoo akka qabaataniifi akka qophaa'an isaan taasisa. Kana irratti, Heughfi Skutnabb-Kangas (2010) akka ibsanitti, Afaan dhalootaa Afaan barnootaa gochuun filatamaafi murteessaadha. Sababni isaa, adeemsa baruufi barsiisuuf haala mijeessa. Dandeettii barachuu bu'uuraa daa'immanii cimisa. Dabalataan, Benson (2004) akka ibetti, daa'imman Afaan dhalootaan barsiisuun harcaatii, kufaatiifi irra deebii barattootaa hir'isuun bu'aa qaba. Afaan dhalootaa daa'imman waan haaraa akka beekan si'ayinaafi kaka'umsa isaaniitti kan horuudha. Daandii daa'imman gara beekumsaatti ittiin dhufaniidha. Dabalataan, Benson (2009) akka ibsetti, daa'immaan Afaan dhalootaan barsiisuun seenaafi guddina dubbattoota Afaanichaa miidhaa irraa hambisa. Afaan dhalootaan daa'imman barsiisuun, aadaa, duudhaafi hambaalee seenaa hawaasichaa kunuunsuuf fayyada. Kana malees, Benson (2002) akka ibsetti, daa'imman Afaan dhalootaan barsiisuun, maatiin barsiisota waliin walitti dhufeenyaa gaarii uumuudhaan barnoota daa'immanii irratti caalmaatti akka hirmaatan isaan kakaasa. Dhumarrattis, hawwiifi fedhii barnootaa idilee Afaan dhalootaa barachuun bu'aa akka qabu hubannoo isaan keessatti hora.

### **2.1.2.2 Ilaalcha Ofiif Qaban Gabbisuuf**

Afaan dhalootaa barnoota ittin kennuun kabaja eenyummaa, olaantumma sabaafi lugaa mirkaneessa. Dabalataan, Caaltuu (2005) akka ibsitetti, Afaan dhalootaa afaan barnootaa yoo taasisan daa'imman gara mana barumsaa yemmuu deeman ofitti hin qaana'an, ofitti amanamummaa guutuun eenyummaa ofii Afaan ofiin ibsatu. Haala kanaan daa'imman Afaan dhalootaan barachuun miira abbummaafi eenyummaa cimaa akka horatan isaan gargaara. Kana malees, kaka'umsaafi jajjabina akkasumas, dandeettii kalaqa uumamaa isaanii guddisa. Daa'imman Afaan dhalootaan barachuun akka ofta'an, sansakaa gaarii qabaataniifi beekumsa horatanii akka guddatan isaan taasisa. Daa'imman Afaan dhalootaa isaanii kan hin taanen (kan hin beekneen) yoo baratan, mana barumsaafi daree barnootaa keessatti sodaatoo, kan qaana'an, eenyummaa ofiitti kan saalfataniifi ilaalcha gadaantummaa isaanitti dhagahama.

Kana malees, Chaltu (2005) Unesco (2005) wabeeffachuun, akka ibsitetti, daa'imman Afaan dhaloota isaanii hin taanen barnoota isaaniin ni kufu, irra deebi'uufi addaan kutuun umrii barnootaa isaanii qisaasessu. Walumaa galatti, Afaan dhalootaan barachuun, dandeettii waa xiinxaluu, of jaallachuufi hawwii gara fuulduraatti waan ta'uu barbaadan filachuufi abbaa kalaqaa isaan taasisa.

### **2.1.2.3 Barnoota Qulqullina Qabu Kennuuf**

Biyyoonni addunyaa hedduun biyyootaa sabdaneefi af-daneedha. Ta'us, karaa siyaasaa uummata tasgabbiidhan gara fuulduraatti tarkaanfachiisuuf, imaammata Af-danee dhiisuun imaammata Af-queenxeedhaan barnoota barsiisu. Kun immoo, daa'imman Afaan isaanii hin taaneef rakkisaadha. Sababa kanaan bu'aan barnoota isaani gadaanaa ta'a. Kana malees, Chaltu (2005) akka ibsitetti reeshoon kufaatiifi barnootaa addaan kutuu isaanii akka dabaluu taasisa, qulqullinni barnootaas akka gadi bu'u godha. Kan biraa, dandeettii dubbisuufi barreessuu, qabiyyee idilee barnootaa waliin wal bira qabanii daa'imman Afaan dhalootaan barsiisuun qulqullina barnootaa eegsisuuf faayidaa hedduu qaba. Dabalataan, daa'imman suuta suutaan, /tirannaadhaan/ waan beekan irraa gara waan hin beeknetti barachuutti ce'u. Afaan dhalootaan barsiisuun immoo, dandeetti barachuu akka argataniifi guddifatan isaan gargaara.

### **2.1.3 Miidhaa Afaan Dhalootaan Barachuu Dhabuun Qabu**

Daa'imman Afaan dhalootaan ala barachuun dandeettii afaan dhalootaa fayyadamuu irratti dhiibbaa qaba. Sababa afaaniin naannoo mana barumsaafi hawaasa Afaan biraa dubbatan keessatti walitti makamuu irraa kan ka'e, ijoolleen Afaan tokkoffaa yookan Afaan isaanii isa jalqabaa dhabsiisa Mana barumsaa keessatti Afaan Isaanii gatanii Afaan lammaffaatiin barachuun Afaan tokkoffaa isaanitiif akka bakka hin kennine taasisawaan ta'eef Afaan lammaffaa dabalataan baratamuu qaba malee Afaan tokkoffaa dhiisanii Afaan lammaaffaa qofaan barsiisuun miidhaa guddaa qaba. Kana malees, barnoota barataniin barataa duubatti hafa akka ta'an isaan taasisa. Miidhaa guddaan ijoolleen saboota xiqqaa adda addaa dandeettii dubbachuu dadhabuu qofa osoo hin taane, dandeettii Afaan isaaniitiin dubbachuu dhabuu dabalatee enymmaa isaaniillee gara wallaaluutti geessa. (Joornaalii Barnootaa, Saayinsii Namoomaafi Saayinsii Hawaasummaa EPHHR 2022Jildii 8 (2023).

Afaan lammaffaa barachuun hawaasa isa kaanii wajjin walitti dhufeenya akka qabaatu gargaaruu danda'a ta'us, bu'aa afaan dhalootaa dhabuun fidu walqixa ilaalu qaba. Afaan dhalootaa eeguun faayidaa guddaa fiduu danda'a. Jalqaba irratti, afaan dhalootaatiin

dubbachuun walitti dhufeenya hiika guddaa qabu kan akka warraa fi akaakayyuu fi akaakayyuun waliin wal qunnamsiisuun hariiroo cimaa maatii irraa dhufu eeguuf ni hayyama. Eenyummaa dhuunfaa eeguuf afaan dhalootaa kunuunsuunis waan barbaachisaa dha. Afaan dhalootaa yoo hin eegamne qoqqoodinsiifi okkorri saboota gidduuttillee uumamuun nagaa dhabamsiisuu danda'a.

Barsiisonni, qaamoleen qooda fudhattoota barnootaa ta'aniifi maatiin, daa'imman isaanii Afaan dhalootaatiin akka baratan gochuun Afaan isaanii akka hin dagaagufis ta'ee barattoonni barnoota ga'aa akka argataniif dammaqinaan jajjabeessuufi gargaaruu qabu. Faayidaan Afaan lammaffaa barachuudhaan hawaasa biraa waliin wal qunnamuun akkuma jirutti ta'ee, Afaan dhalootaatiin barachuu dhabuudhaan miidhaa dhufu waliin wal bira abuun wal madaalchisaa deemuu barbaachisa. Afaan dhalootaatiin barachuun bu'a hedduu qaba. Jalqaba irratti, afaan dhalootaatiin dubbachuun walitti dhufeenya hawaasummaafi eenyummaa ofii beekuuf baayyee murteessadha. Afaan dhalootaatiin daa'imman keenya hin barsiifne taanan Eenyummaa keenya dagannee saba biraa ta'uun, hawaasummaa keessa baana jechuudha. Afaan Lammaffaa qofaan barachuun/ yookan daa'imman keenya barsiisuun akka daa'imni keenya seenaa ishee wallaaltu taasisa jechuudha.

## **2.2 Sakatta'a Imaammata Barnootaafi Imaammata Afaanii Biyya Ityoophyaafi Afaan Oromoo**

Imaammanni barnootaa biyya kanaa baroota dheeraan barnoota Afaan sabaf sablammoota hedduu irratti dhiibbaa uumeera. Mootummoonni adda addaa bara mootii Tewodiroos lammaffaa (1855) irraa eegalee Itoophiyaa bulchaa turan imaammata itti fayyadama Afaanii adda addaa kaayyoo ajandaa siyaasaa isaanii wajjin wal simu hojiirra oolchaa turan. Wandummuun (2023). Akka waliigalaatti imaammanni Afaanii sirnoota Itoophiyaa duraanii bakka lamatti qooduun ni danda'ama. Innis imaammata Afaan tokkoofi imaammata Afaan hedduuti jedhanii qooduun ni danda'ama. Akka ragaaleen seenaa ibsanitti bara mootummoota adda addaa keessatti Afaan Oromoo ga'eefi tajaajila adda addaa qaba ture. Bara inni ga'ee hin qabaanneefi tajaajila irra hin oolles tureera. Kunis immoo guddina Afaan Oromootiif gufuu guddaa ta'ee ture. Asirratti akkamiin imaammatoonni Afaanii sirnoota Ityoophiyaa guddina Afaan Oromootiif danqaa akka turan hubachuun barbaachisaadha. Kanaaf kutaan kun imaammata Afaanii jaarraa tokko darbaniif Itoophiyaa keessatti raawwatamaa ture ibsuu irratti kan xiyyeeffatedha. Akkasumas, dhiibbaa imaammatoonni Afaanii guddina Afaanii, aadaafi eenyummaa Oromoo irratti qaban ibsa.

### **2.2.1 Imaammata Afaanii Bara Mootummoota Itoophiyaa Walitti Aanan (1855-1991)Fi Dhiibbaa Isaan Guddina Afaanoromoo Irratti Qaban**

Ummanni Oromoo Seenaa isaa dheeraa keessatti sirna aadaa, hawaasummaafi siyaasa mataa isaa kan sirna gadaa jedhamuun beekkamu horatee jira. Dhaabbata siyaasaafi hawaasummaa adda ta'een dimookiraatawaa ta'eefi jireenya nama dhuunfaa hawaasa keessa jiru hundaa dhaloota hanga du'aatti bulchaa turedha. Bara 1885 dura ummanni Oromoo gadaa ofiitin bulaa ture. Haala kaanan ummanni Oromoo impaayera Itoophiyaa keessatti osoo hin makamin dura Afaan Oromoo dhaabbata gadaa keessatti kaayyoo adda addaatiif itti fayyadamaa ture. Yeroo sanitti Afaan Oromoo akka Afaan hoggantoonni gadaa (abbaa gadaa) ummata Oromoo waliin walga'ii geggeessuuf itti fayyadamaa turan. Ijoolleniis, duudhaalee, aadaafi seera jaarsolii Afaan Oromootin baratu turan. Kana malees, manguddoonni Oromoo walldhabdee namoota dhuunfaa ykn garee jidduutti uumamu Afaan Oromoo fayyadamuudhan furu. Akkasumas, ummanni Oromoo haala aadaa, afaanifi hawaas-diinagdee Oromoo keessatti hiika maqaan kun qabuun Afaan oromoo ijoollee isaatiif moggaasaa ture. Kun hundinuu Afaan Oromoo sirna gadaa keessatti Afaan sabaa kaayyoo heedduuf itti fayyadamaa ture ta'uu agarsiisa. Kunis seenaa dheeraafi duudhaa Afaanin akka gaaritti guddate akka qabaatu taasiseera. (Fayyisaa 1996)

Dhuma jaarraa 18ffaatti aangoon mootummaa giddu galeessa Itoophiyaa waan hir'ateef, bulchitoonni naannoofi mootonni ofiin of bulchuuf carraa argataniiru. Bara kana (hanga bra 1855 tti ture) mootummaan Oromoo kan hangafoota yejjuu toora abbootii waraanaa walitti fufiinsaan mootota Itoophiyaa irratti olaantummaa qabaachaa turan. Yeroon sunis bara mootummaa sanyii (Dynasty) jedhuun beekama. Raas Alii 1ffaan mootii yejjuu kan ture bara 1779 tti olaantummaa argatee ture. Haa ta'u malee, mootummaan yejjuu kan itti fufee hanga bara 1855 tti yoo tahu, bara kanatti Raas Alii 2ffaan nama Kaasaa Hayiluutiin (Booddee Mootii Tewodros 2ffaa kan jedhame) mo'atamee aangoo isaa dhabe. Sababa human dhabuu mootii Itoophiyaa bara Zemene Mesafint (Jabana bulchiinsa abbootii waraanaa) irraa kan ka'e Oromoon Yejjuu ciminaan bulchitoota Itoophiyaa turan.

Bara bulchiinsa Yejjuu Afaan Oromoo gaheefi tajaajila adda addaa qaba ture. Fakkeenyaaf, akka Tabor (2015) jedhutti, sanyiin (Daaynastiin)Yejjuu bara bulchiinsa isaaniitti Afaan Oromoo akka Afaan hojii isaaniitti fayyadama turaniiru. Itti dabalees, yeroo Oromoon Yejjuu jaarraa tokkoo oliif teessuma masaraa Gondar irraa Abisiniyaa bulchaa ture sanatti. Afaan Oromoo Afaan mana murtii ture (Sheleme, 2016). Kunis Afaan Oromoo hojii mootummaa adda addaatiif akka Afaan hojiitti fayyadaa turee, dhimmoota mana murtii adda addaa ilaaluuf

tajaajilaa ture jechuudha. Haala kanaan, bara bulchiinsa Daayinastii Yejjuu, Afaan Oromootiif akka Afaan hojiitti beekamtiin kennameefii ture Haa ta’u malee, mootii Yejjuu isa dhumaa erga Tewodros 2ffaatiin kuffifamee booda, Masaraa Gondar keessatti Afaan Oromoo fayyadamuun hafee Afaan Amaaraatiin bakka bu’e. (Wandummuu Taganyee Phd) Kana boodas, itti fayyadamni Afaan Oromoo sirnoota habashaa walitti aansuun Impaayera Itoophiyaa bulchaa turan akka armaan gaditti ibsametti ni sakaalame ykn akka gufatu taasifame.

### **2.2.2 Imaammata Afaanii Sirnoota Itoophiyaa Sadanii (1855-1913) Fi Ga’ee Afaan Oromoo**

Itoophiyaan biyya seenaa dheeraa qabdudha. Haa ta’umalee, ijaarsi Impaayera Itoophiyaa ammayyaa Tewodros 2ffaan (1855-1868) kan jalqabame yoo ta’u, Minilik 2ffaan (1885-1913) xummurame jechuun dubbatama. Bara 1855 mootiin dhumaa mootummaa Yejjuu kan ture Raas Alii 2ffaan Tewodros 2ffaan injifatame. Kana jechuun, barri 1855 xumura sirni Oromoo Yejjuu ta’e (Sheleme, 2016). Tewodros 2ffaan morkattoota isaa hunda erga injifatee booda Afaan Amaaraa akka Afaan hojii mootummaa Abisiniyaatti labse. Kanumaan wal qabatee Getaachoofi Derib (2006:43)’’ Tewodros immaamata Afaanii itti fayyadama Afaan Amaaraa jajjabeessu qaba ture’’ jechuun ibsaniiru. Kanaan booda Afaan Oromoo guutummaan guututti Masaraa mootummaa Gondar keessaa dhiqamee ba’e.

Mootiin itti aanu, Yohaannis 4ffaan (1872-1882), Imaammata Afaanii Tewodros 2ffaa wajjin wal fakkaatu itti fufsiise. Mootiin Yohaannis 4ffaan, ofii isaa Afaan Tigree haa dubbatu malee kaayyoo ofiisaatiif jecha Afaan Tigree fayyadamuun seenaa jijjiiruuf hin yaalle. Tokkummaa biyyoolessaa impaayera dhugoomsuuf Afaanuma Tewodros fayyadamaa ture itti fufsiise (Sheleme, 2016). Akka hayyoonni jedhanitti, Faana Tewodros waan hordofeef imaammanni Afaanii isaa kan Tewodros waliin gosa wal fakkaataa kessatti ilaalamuu danda’a.

Minilik 2ffaan impaayera isaa keessumaa gara kutaa kibbaafi dhiha biyyattiitti babal’isuuf waraana wal duraa duubaan geggeesse. Bara 1886 booda Oromoofi ummattoonni kibbaa biroo humnaan impaayera Itoophiyaa keessa makaman jechuudha. Kunis, Impaayerri Itoophiyaa ammayyaa akka uumamu taasise. Sana booda loltoonni, tajaajiltoonni mana kiristaanaafi qubattoonni kutaalee kaaba biyyatti irra dhufan. Dereje (2010) haala kana akkas jechuun ibseera.’’ Bara Minilik 2ffaatti itti fayyadamni Afaan Amaaraa kan babal’ate sababa sabni kibbaafi kibba lixa biyyattii keessatti Afaan hedduu dubbataniifi aadaa heedduu qaban waan gara biyyaattiitti makamaniifidha. Kunis, ummanni dhalootan Amaaraa hin taane dhimma

bulchiinsa adda addaatiif akka fayyadaman dirqisiise. Kanaan wal qabatee Geetachoofi Derib (2006:43) akka ibsanitti ‘‘bara Minilik 2ffaatti Afaan Amaaraa mooraa beektotaafi waajjiraalee bulchiinsaa iddoo Afaan kun kanaan dura dubbatee hin beeknetti hanga kutaa kibba bahaafi dhiha Itoophiyaatti waan babal’ateefidha’’. Itti dabalees, Uummanni Oromoo humnaan erga imopaayera Itoophiyaa keessatti galee booda Minilik Afaan Amaaraa Afaan hojii Impaayera sanaa godhe. (Woldeyohannesfi Gemechu,1986). Bara Minilik 2ffaatti Afaan Amaaraa hawaasaa Itoophiyaa Afaan hedduu dubbataniif mallattoo tokkummaa taasisuun sadarkaa ykn gahee haaraan kennameef.

Haaluma kanaan naannoo dhuunfatame hunda irratti Afaan Amaaraa fe’ame. Kanaaf, Afaan Oromoo kaayyoo adda addaatiif itti fayyadamuun nihafe. Sheleme (2016) hala kana kan ibse’’ Afaan Oromoo Was colonized by other language, which of course reflected the enslavement of the language.’’ Kunis kan agarsiisu, Afaan Oromoo Afaan biraatiin kan garboomfatame ta’uu isaati. Kana malees, bara bulchiinsa Minilik mana barumsaa seenuuf Afaan Amaaraa barreessuufi dubbisuu hal-duree ture (Bowen,1976 akka Alemayehu, 2012 keessatti caqasameetti). Taarkaanfiwwaniifi imaammanni Minilik 2ffaann hordofe Amaarummaan akka guddatu taasiseera. Akka Aswegen (2008) jedhutti, Amaarummaan injifannoo mootii Minilik dhuma jaarraa 19ffaa irraa jalqabee Itoophiyaa baayyee guddittii yeroo ammatti babal’atte kunis aadaa Abisiniyaa gara Oromiyaatti fiduun adda durummaan Afaan Amaaraa ummata Oromoo irratti fe’uun ture. Kaayyoon Amaarummaa inni guddaan hawaasaafi eenyummaa Itoophiyaa walfakkaataa karaa Afaan Amaaraa Uumuu ture. (Mekuriya, 1994) Haala kanaan Amaarummaan imaammata Itoophiyummaa sabaafi sablammoota irratti fe’amee eenyummaa biyyoolessaa Itoophiyummaa uumuu ture. Haa ta’u malee, erga Minilik 2ffaann du’ee booda imaammattoonni mootummaa akka waliigalaattiifi imaammanni Afaanii addatti yeroo gabaabaaf Lij Iyyaasuun jijjiiramaniiru. Jijjiiramni imaammata Afaanii Afaan Oromoof gahee haaraa kenne ture. Kunis kanaa gaditti ibsameera.

### **2.2.3 Imammata Afaanii Bara Lij Iyyaasuu (1913-1916)**

Bara 1913 Minilik II ilma ilma isaa Lij Eyyaasuun bakka bu’e. Lij Eyyasuun aangoo impaayeraa erga qabaatee booda tarkaanfiiwwan adda addaa kanneen isa duraa irraa adda ta’an fudhatee ture. Fakkeenyaaf, amantiin hundi wal qixa ta’uufi hawaasni amantii mataa isaa hordofuu akka danda’u labseera. Wal qixxummaafi mirga namoomaa irratti ilaalcha gaarii qaba ture. Kana malees, namoonni Afaan ofii barachuufi dubbachuu akka qaban Iyyaasuun nideeggara. (Tabor,2015) Kana jechuun Lij Iyyaasuu mala amantii, aadaafi Afaanota adda addaa Itoophiyaa keessa jiran keessummeessuun itti danda’amu hordofaa ture jechuudha.

Imaammanni Afaanii haaraan kun guddina Afaan Oromoo keessatti gumaacha guddaa taasiseera. Fakkeenyaaf, kanaan dura manneen barnootaa magaalota Naqamteefi Najjootti baname keessatti Afaan Oromoo barsiisaa turan ajaja Minilik 2ffaatiin akka tasaa cufamanii turan. Garuu, bara bulchiinsa Lij Iyyaasuu banamaniiru. Kana malees, manneen barnootaa haaraa Afaan Oromoo barsiisan kutaalee biyyatti adda addaa keessatti banamaniiru. Fakkeenyaaf, Aster Lidiyaan magaalaa Naqamteetti mana barumsaa shammarranii kan bante yoo ta'u, goosonni barnoota hundi Afaan Oromootin barsiifamaa turan (Tabor, 2015). Haaluma kanaan, Afaan Oromoo Afaan barnootaafi amantaa naannoo wallaggaa ta'ee ture jechuudha. Kana malees, Dirree Dhawaafi Harar keessatti barruuleen barnootaa Kaatolikii Afaan Oromootin qopheeffamaniiru. Kanarraa kan ka'e, bara bulchiinsa Lij Iyyaasuu (1913-116) Namoonni hedduun Afaan Oromoo barachuu, barreessuufi dubbisuuf carraa guddaa argataniiru. Haa ta'u malee, tarkaanfiwwan Lij Iyyaasuun fudhatee mana amantaa ortodoksii Itoophiyaaf haftee qondaaltota Minilik 2ffaa tokkoo tokkoon irraa mormii cimaan isa mudate. Booddees jechuun erga Lij Iyyaasuun aangoo irraa buqqa'ee booda manneen barnoota Afaan Oromoo Barsiisaa turan cufamanii Afaan barnootaa Afaan Amaaraa ta'e. (Taabor, 2015) Kunis kan agarsiisu, Afaan Oromootin barsiisuufi barachuun kan addaan cite ta'uu isaati.

#### **2.2.4 Imaammata Afaanii Bara Sirna Hayilasillaasee 1ffaa (1930-1974)**

Sirnoonni wal duraa duubaan impaayera Itoophiyaa bulchaan Afaan biyyoolessaa tokko akka meeshaa tokkummaa biyyatti eeguuf itti fayyadamu turan. Kun immoo, Afaan tokko qofa fayyadamuun kanneen biroo dhorkuun biyya tokkoomte ijaaruuf barbaachisaadha jedhamee yaadamaa ture. Imaammanni kun wal fakkeessuu (assimilation) jechuun beekama. Haaluma wal fakkaatuun, Hayilasillaaseen 1ffaa (1930-1974) Erga aangooti dhufee booda imaammata wal fakkeessuu kana kallattii hedduutiin qopheessee hojiirra oolchaa ture. Karoora akkasii keessaa inni tokko eenyummaa Oromoo haquu ykn balleessuu ture. Kana galmaan ga'uuf jecha dhaabbilee aadaafi Afaan Amaaraa ummata Oromoo irratti fe'uu ture (Dereje, 2010). Hayilasillaaseen tokkummaa biyya tokkoo eeguuf Afaan saba tokkootu barbaachisa jedhee amana ture (Gfeller, 1999). Kaayyoo Itoophiyaa tokkoomte ijaaru kana galmaan ga'uuf mootummaan Hayilasillaasee imaammata Afaanota wal fakkeessuuf (Linguistic homogenization) akka meeshaa ijoo tokkootti hojiirra oolchaa ture. Kana malees, mul'ata biyya tokkoofi Afaan tokko galmaan ga'uuf yaaliin hedduun taasifameera. Fakkeenyaaf, Hayilasillaaseen bara 1933 labsii armaan gadii labse.

Ciminni aangoo biyya tokkoo tokkummaa ishee irratti hundaa'a. Tokkummaan immoo kan maddu Afaan tokko, duudhaa tokkoofi amantii tokko irraati. Kanaaf, abbaa biyyummaa ishee

duranii eegsisuuf, tokkummaa ishee cimsuuf, Afaaniifi amantiin keenya guutummaa Itoophiyaa keessatti labasamuu qaba. Yoo akkas ta'e malee tokkummaan hin argamu. Afaan Amaaraafi Gi'izii Afaanota dhimma mootummaafi amanti seera qabeessa ta'anuu labsamuu qabu. Afaanonni sabootaa fi sablammootaa hundi hafuu qabu (Bahiru, 2002; akka Sheleme 2016 keessatti ibsame).

Yaada kan irraa hubachuun kan danda'amu, Hayilasillaaseen Afaan hedduu, addatti Afaan Oromoo akka gufuu guddaa saba tokko Itoophiyaa ijaaruuf danqa jedhee amana ture (Sheleme, 2016). Kanaan wal qabatee, Alemayehu (2012) Afaan Oromoofi Afaanonni biroo biyyatti keessatti argaman ijaarsa sabaatiif illee balaa ta'uu akka danda'an ibseera. Kanaaf, Hayilasillaaseen Afaan Oromoo kaayyoo adda addaatiif fayyadamuu ifatti dhorkee ture. Kanamalees, Afaanonno 80 ol ta'an biyyatti keessa yoo jiraatanis, Hayilasillaaseen Iffaa, Afaan Amaaraa qofti akka Afaan hojii mootummaa ta'utti labse. Kanaan wal qabatee tokkummaa biyyattii itti fufiinsa qabuuf Afaan tokko qofatu barbaachisa jedhame amanama ture. Haaluma kanaan, Hayilasillaasee Iffaan imaammata Afaanifi aadaa Amaaraa akka Afaaniifi aadaa saboota Itoophiyaa hundaa bakka bu'utti sirriitti karoorsees sirnaan qopheessee hojiirra oolcheera. Fakkeenyaaf, Mcnab (1989:86-89) akka hubachiisutti: Mootummaan Impaayera Imaammata tokkummaa Amaaraa irratti hundaa'e sammuu tokkoon tarkaanfachiisuun gama Afaanitiin galmoota kana (giddu galeessa, ammayyeessuufi ida'amuun) furuuf yaale. Afaan Amaaraa mallattoolee barbaachisoo ta'an keessaa tokko ta'ee, mala qulqullina sabaafi aadaa waliinii galmaan ga'uuf taa'e. Afaaniifi aadaan Amaaraa mootummaan akka waan Afaaniifi aadaa Itoophiyaa wajjiin wal fakkaateetti ilaalama. Waraabbin kun akka agarsiisutti, bulchitoonni Itoophiyaa imaammata Amaarummaa, Kan saboonni biyyattii hundi Afaanifi aadaa ofii dhiisuuf dirqamaan aadaafi Afaan Amaaraa humnaan akka fudhatan kan godhan ta'uu isaati. Kunis Afaanotaafi aadaa saba sanaa akka wal fakkeessuuf kan godhame ture (Mekuria ,1997).

Imaammata wal fakkeessuu (Amharazation) galmaan gahuuf mootummaan Hayilasillaasee bara 1942 akkaadaamii Afaanota Itiophiyaa hundeessee ture (Aswegne, 2008). Garuu, Mcnab (1989) akka ibsitetti, akkaadamiin kun kitaabota Afaan Ingiliizii adda addaa gara Afaan Amaaraatti hiikun kophaatti guddina isaatiif kan tajaajilu waan ta'eef moggaafni kennameef kan dogoggoraa ture.

Kanaaf, akkaadaamii Afaanota Itoophiyaa osoo hin taane akkaadaamii Afaan Amaaraa osoo jedhamee irra caalaatti sirrii ta'a. Akka Dereje (2010) jedhutti, mootummaan impaayera

karoorra waggaa shanii sadaffaa (1969-1974) keessatti saayinsii fi teeknolojii biyyattii keessatti barsiisuufi babal'isuu akka danda'uuf Afaan Amaaraa guddisuuf fedhii guddaa qaba ture. Yeroo sanatti namni tokko Itoophiyaa ta'uuf Afaan Amaaraa dubbachuufi aadaa Amaaraa shaakaluu qaba. Aadaa Oromoo dabalatee aadaan saboota biroo tuffatamee ture. Eenyummaan Amaaraa akka eenyummaa Itoophiyaatti ilaalamee ture. Kana ilaalchisee Walleliny Mokonna (1969) yaada armaan gadii dhiyeessee ture.

Aadaan Itoophiyaa maal akka ta'e gaafadhu? Afaan Itoophiyaa maali jedhii gaafadhu? Muuziqaan Itoophiyaa maali jedhii gaafadhu? Amantiin Itoophiyaa maali jedhii gaafadhu? Uffanni biyyoolessaa maal akka ta'e gaafadhu? ykn kan Amaaraa ykn immoo kan Amaaraafi Tigree dha! "Itoophiyaa dhugaa" ta'uuf Afaan Amaaraa dubbachuu, muuziqaa Amaaraa dhaggeeffachuu, Amantii Amaaraafi Tigree Ortodoksii fudhachuu qaba. Gabaabumatti, Itoophiyaa ta'uuf haguuggii Amaaraa uffachuutu sirra jiraata jechuudha.

Aadaa Itoophiyaa" jechuun aadaafi Afaan Amaaraa kan saboota Itoophiyaa biroo hunda irratti fe'amee turedha. Akka imaammataatti Impaayera aadaafi Afaan Amaaraa keessatti olaantummaa qabu ijaaruufi ummattoota Itoophiyaa keessa jiran aadaafi Afaan Amaaraa waliin wal simsiisuuf waggoota kurnan saddeetiifi sanaa ol keessatti hojjatamaa ture. Ummanni Oromoo fakkeenyaaf, amantii isaanii ganuuf dirqamanii amantii Ortodoksii akka fudhatan taasifame. Bara sirna Hailasillaasee namni tokko" Itoophiyaa dhugaa" ta'uuf Afaan Amaaraa dubbachuu qaba, muuziqaa Amaaraa dhaggeeffachuu qaba." Kun kan agarsiisu, lammii Itoophiyaa ta'uun akka nama Afaan Amaaraa dubbatutti ilaalama ture.

Hayilasillaaseen hojiin mootummaafi qunnamtiin biyyoolessaa (kan akka Pireesii, Raadiyoofi Televijiniidhaan barnoonni mana barumsaa hundi Afaan Amaaraafi Ingiliziitiin gaggeeffamaa ture. Faayidaa hawaasummaafi dinaagdeetif Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuun barbaachisaa ture (Aswegen ,2008). Dabalataanis, Ertiraa keessatti mootummaan Afaan Tigreefi Arabaa akka miidiyaa barnootatti Amaariffaan bakka buufamee ture. Kunis kan agarsiisu, hojiirra oolmaan imaammata Afaan tokkoo bakkeewwan bulchiinsa, mana murtiifi barnoota keessatti baay'inaan akka ture hubachuun nu danda'ama. Kanarraa ka'uun, bara mootummaa Hayilasillaasee guddina Afaanota Itoophiyaa birootif xiyyeeffannaan kenname hin jiru jechuun ni danda'ama.

Bara 1944 Hayilasillaaseen Itoophiyaa keessatti Afaan Amaaraa Afaan barnoota waliigalaa akka ta'u misiyoononni Afaan Amaaraa barachuufi karaa Amaariffaa barssisuudhaan akka kaana kabajuutu irraa eegama. Akka Teshome (2007), tti fayyadamni Afaan Amaaraa Akka

Afaan hojiittis ta'ee akka Afaan barnootatti qabatamaan labsii bara 1955, keewwata 25 heera impaayera fooyya'ee irraatti hundaa'a. Kana malees, Alemayehu (2012:4) kaayyoo imaammata kanaa akka armaan gadiitti ibseera:" Moodela barnoota Afaan tokkoo kan Itoophiyaa keessatti Afaanotaafi aadaa sabaa walfakkeessuuf kaayyeffatee jalqabame. Gama biraatin, heera mootummaa bara 1955 bahe keessatti hiree Afaanota biroo biyyattii keessa jiran callisuun bira darbame (Dereje,2010). Tarkaanfiin kun barnoota dabalatee bakkeen tajaajila ummataa keessatti Afaanonni guutummaatti akka haalanis fudhatamuu danda'a. Afaanoonni kun tokkollee bara seena qabeessa kana irraa eeggalee waan kamiif iyyuu beekantiin hin kennamneef ture (McNab,1989).

Itti dabalees, Afaan Amaaraa mana barnoota seenuuf hal-duree ture. Hayilasillaasen tokkummaa biyyaa eeguuf afaan saba tokkoo qabaachuun barbaachisaa ta'uu cimsee ibseera. Haala kanaan Afaan Oromoo dabalatee Afaanonni biroo Afaan barnootaa, Miidiyaafi hojii mootummaa irratti fudhatama dhabaniiru. Gama biraatin, heddumminni Afaan akka balaa tokkummaa biyyaafi sabaatti ilaalama ture (Smith,2008). Afaanota biroo barnootaf fayyadamuun akka bittinnaa'uu biyyaa fiduutti yaadama ture. Garuu, hayyoonni adda addaa garaagarummaan Afaanii akka bittinaa'uu biyyaa ykn walfakkeenyi Afaanii tokkummaa biyya tokkoo akka hin neegne agarsiisaniiru. Dhugaan kun jiruus mootummoonni Itoophiyaa duraani Afaan Amaaraa akka Afaan hojiifi barnoota qofa ta'u labsame (Fayyisaa,1996). Kanaan wal qabatee, Sheleme (2016) akka jedhutti, falmiin tokkummaa Itoophiyaa biyya tokkoo Afaan tokko, aadaa tokkoofi Alaabaa tokko irratti dhiyaatu dhuma irratti fudhatama hin arganne. Sababni isaas, biyyoonni saba heedduu Afaan heedduufi aadaa heedduu qaban tokkummaa isaanii waliigalteen, mariifi tarsiimoo eeguu ni danda'u. Garuu, haala hunda keessatti sirni impaayeraa balaa Afaan biyyoolessa tokkoo saba heedduu irratti fe'uu waan hubate hin fakkaatu. Afaan biyyoolessaa tokko saba heedduu irratti fe'uun kunis akka warra saboota biraa irratti labsuudha (Seyoum, 1997, fuula 2). Haata'u malee, waggoota shanan (1935-41) bara bulchiinsa Xaaliyaanii keessatti Afaan tokko guddisuu irraa yeroo gabaabaaf fagaachuun danda'amee ture. Yerookana keessatti warri xaaliyaanii Afaanonni dhalootaa akka Afaan barnootaa sadarkaa tokkooffaaf tajaajilan hayyaman (Getachewfi Derib 2006). Kutaan itti aanu imaammata Afaanii bara Xaaliyaaniin waggaa shaniif Itoophiyaa qabatee hordofaa turte ibsa.

### **2.2.5 Imaammata Afaanii Xaaliyaaniin Yeroo Itoophiyaa Qabattee Turte (1935-1941) Fi Haaromsa Afaanoromoo**

Imaammanni Afaan tokkoo, biyya tokkoofi amantii tokko kan Hayilasillaasee Iffan hordofaa ture yeroo Xaaliyaanonni Itoophiyaa qabatani turanitti (1935-1941) addaan citee ture. Bara 1935 lola ‘macheew’ irratti humnaan Itoophiyaa erga injifatani booda Xaaliyaanonni tarkaanfii adda addaa fudhatan. Tarkaanfin inni jalqabaa fudhatan sirnoota bulchiinsa duraanii jijjiiru ture. McNab (1989:78) haala kana akkas jechuun ibseera.’’ Labsii Xaaliyaanii bara 1938 ba’e keessatti Itoophiyaa kutaalee bulchiinsa impaayera baha Afrikaa ja’aan kan qoodame yoo ta’u, kutaalee tokkoon tokkoon isaanii Afaan barnootaa mataa isaanii qabatani hayyama seeraa argataniiru. Haaluma kanaan naannoo Amaaraa keessatti Afaan Amaaraa, Finfinnee keessatti Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo, Harar keessatti Afaan Harariifi Afaan Oromoo, Sidaamatti Afaan Oromoofi Kaffichoo, Somaaliyaa keessatti immoo Afaan Somaalee akka hojiirra oolan labsameera.’’Kana malees, Xaaliyaanonni kutaa bulchiinsa Afaan dhalootaa isaanii kaayyoo adda addaa kan akka hojii mootummaa, barnoota, miidiyaafi kanneenkana fafakkaatan akkafayyadaaman hayyamaniiru (Shelema,2016). Kunis Xaaliyaanonni imaammata Afaanii biyyatti bulchitoota duraanitiin labsamaa ture jijjiiruu isaanii agarsiisa. Addatti immoo, bulchiinsi xaaliyaanii Afaan Oromoofi Afaanota biroo barnootaafi bulchiinsaf akka fayyadamaniif hayyame (Mekuria, 2017).

Haaluma kanaan, Afaan Oromoo, Kaffichoo, Somaaleefi Hararii manneen barnootaa mootummaa kutaa kibba Itoophiyaatti argaman keessatti Afaan hojii seera qabeessaafi Afaan barnootaa akka ta’u taasifamee ture (Shelema, 2016). Kana malees, yeroo Xaaliyaaniin Itoophiyaa qabattee turte sanitti (1935-1941) Finfinnee keessatti Afaanonni barnootaa Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa turan. Imaammanni Afaanii Xaaliyaanonni yeroo Itoophiyaa qabatani turan (1935-1941) labsan daa’imman heedduun Afaandhaloota isaanitiin akkabaran gargaareera. Kunimmoo, Xaaliyaanonni barattoonni Oromoo Afaan Oromoo waliin akka walbaran taasisan jechuudha. Afaanichaan wal simsiisun barattoonni aadaa, eenyummaa, duudhaa, seenaa, seera (norms history)fi kkf, kanneen bulchitoota Itoophiyaa duraatin seeran dhorkaman barachuufi shaakaluu danda’aniiru. Kunis barattoonni eenyumma isaani akka beekan heedduu gargaare. Kanarraa ka’uun imaammanni Afaanii Xaaliyaanii bulchiinsa Itoophiyaa duraanii caalaa Afaanota Itoophiyaaf mijaataa fakkaata.

Dabalataanis, barattoonni Afaan Oromoo haala gaarin akka baratan hayyamuun, qalbii ofii akka guddifatan kan taasisudha. Kunis eenyummaa isaanii guddisa kanaaf imaammanni

Afaanii Xaaliyaanii Afaan Oromoo haaromsuuf gargaareera jechuun ni danda'ama. Afaan Oromoo wal tajjii duuba irraa gara adeemsa ijoo barnootatti fide (Mekurian, 2017). Kana malees, Xaaliyaanonni sagantaa Raadiyoo Afaan Oromoo beeksisaniiru, Afaan Oromoos mana murtiifi sirna barnoota guutuu Oromiyaa keessatti tajaajilaa ture (Mohammed,1994). Haala kanaan, Afaan Oromoo yeroo Xaaliyaanin Itoophiyaa bulchaa turtetti Finfinneefi kutaalee Itoophiyaa biroo keessatti beekamtii jalqaba kennameef jechuun ni danda'ama (Shelema, 2016). Haata'u malee, Hayilasillaaseen bara 1941 baqattummaa irraa erga deebi'ee booda tattaaffin adda addaa barreeffama Afaan Oromoo guddisuuf godhamaa ture uggureera. Hayilasillaaseen erga aangotti deebi'ee booda wanti jalqaba inni hojjate sagantaa raadiyoo Afaan Oromoo dhaabufi itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessattis tahee barnootaf dhorkuu ture. (Mohammed,1994). Bara 1992 booda Afaan Oromoo dabalatee Afaan sabaafi sabalmootaa hunduu dhorkaman. Itti dabalees, Afaan Oromoo ogbarruu, dhimmaa barnootaaf ykn amantaaf fayyadamuun seeraan dhorkamee ture (Mekuria,2017).

Kana malees, ogbarruun Afaan Oromoo bara Xaaliyaaniitiin barreeffame walitti qabamee barbadaa'ee ture. Kana boodas, hanga jalqaba 1970 mootaatti Itoophiyaa keessatti Afaan Oromootin barreessuu, lallabuu, barsiisuufi tamsaasuun hin hayyamamu ture. Bara 1941 booda murtoo imaammata gurguddaa Hayilasillaaseen fudhate keessaa inni tokko wal fakkeenya Afaanii (linguistic homogenization)fi Amaarummaa (Amharization) ture. Imaammanni kun Afaan Oromoofi Afaanota biroo biyyattii keessa jiran akka gufuutti waan ilaalamaniif, Hayilasillaasen hawwiifi kaayyoon saba wal fakkaataa tokko ijaaruu qaba ture. Bara 1942 Hayilassillaaseen Afaan Amaaraa akka Afaan hojii impaayera Itoophiyaa ta'uu labse (Mekuria, 2017). Kanaafis, labsiiwwan wal-duraa duubaan barruulee ogbarruu Afaan Amaaratiin alatti qabachuun seeraan ala kan taasisu hojiirra oolaniiru. Sirni akkasii immoo guddinaafi dagaagina Afaan Oromoo irratti danqaa guddaa turan. Imaammanni darban dhiibbaa isaan guddina Afaan Oromoo irratti qaban kutaa itti aanu booda ibsamaniiru.

### **2.2.6 Imaammata Afaanii Bara Sirna Dargii (1974-1991)**

Bara 1947 Hayilasillaasen aangoo irraa buqqifamee mootummaan waraana (Dargiin) aangoo mootummaa qabate. Warraaqsa bara 1974n booda qabeenyi adda addaa afaanii, yoo xiqqaate waraqaa irratti beekamtii argate. Fakkeenyaaf, Dargiin Seenaa, aadan, afaanifi amantiin tokkon tokkoon saba beekamtii wal qixa akka qabaatu labseera. Labsiin akkasii jiraatus, Afaan Amaaraa naannoolee hunda keessatti barnoota sadarkaa lffaaf akka Afaan barnootaa ta'ee itti fufe. Akkasumas, bara mootummaa waraana Itoophiyaatti (1974-1990) sirna mana barnootaa keessatti Afaan Amaaraa akka Afaan Itoophiyaa tokkicha ta'ee akka gosa

barnootatti barsiifamuu itti fufee ture. Akkasumas, Dargiin Afaan Amaaraa Afaan hojii Itoophiyaa ta'uu waan labseef gurmaa'ina mootummaa adda addaa keessatti Afaan tokkicha itti fayyadamaa turame. Haa ta'u malee, imaammanni af-tokkee kun haala Afaanota heedduu biyyaa keenyaa waliin kan wal hin simne ture.

Itti dabalees, bara mootummaa waraana Itoophiyaa (1974-1991) sagantaan dubbisuufi barreessuu ga'eessota Afaan dhalootaa naannoolee Itoophiyaa adda addaa keessatti kennamaa ture (Tekeste, 1996). Sagantaa dubbisuufi barreessuu ga'eessotaa keessatti walumaa galatti Afaanota 15 (Afaan Oromoo, Amaaraa, Tigree, Walaayittaa, Sidaamaa, Somaaleefi kkf dabalatee) akka Afaan barnoota ga'eessotaatti hojiirra oolaniiru (Dereje,2010). Kanarraa ka'uun Kitaabonni Afaan Oromoo barnoota ga'eessotaaf qopha'aan bara 1975-1979 tti qubee Gi'izii fayyadamuun maxxanfamaniiru. Gama biraatin, mootummaan Afaan Oromoo barreessuuf qubee Laatinii akka hin fayyadamne gufachiisera ykn dhorkeera. Haa ta'u malee, duulli dubbisuufi barreessuu kun Afaanota dhaloota Itoophiyaa guddisuu keessatti hangas mara gumaacha hin qabu jechuun ni danda'ama. Kana deeggaruun McNab (1998) duula dubbisuufi barreessuu, Afaan Amaarafi Afaanota biroo gidduutti qabeenya haqa qabeessa ykn madaalawaa akka ramadne hubachiisteetti. Kana malees McNab (1989) imaammanni duula dubbisuufi barreessuu manneen barnoota idilee keessatti Afaan dhalootan fayyadamuu akka hin hayyamne ibsiteetti. Gama biraatin erga, sagantaan duulli dubbisuufi barreessuu darbee booda Afaanonni Itoophiyaa biro (Afaan Oromoo dabalatee) manneen barnoota idilee keessatti akka Afaan barnootaf tajaajilu ykn akka gosa barnoota tokkootti barataman eeyyama hin arganne ture. Dhimma dhiibbaa duulli dubbisuu fi barreessuu kana irratti, Darajjeen (2010) akkas jechuun gabaabsee ibse'' Gabaabumatti Afaanonni dubbisuufi barreessuu gara sagantaalee barnoota idileetti ce'uu hin dandeenye yoo ta'u, Afaan Amaaraa sagantaalee dubbisuufi barreessuu booda ga'ee karra eegduu taphachuu itti fufa.''Afaanota Itoophiyaa haala barnoota Idileef itti fayyadamuu dhabuunis dhiibbaa biraa qaba ture. Fakkeenyaaf, akka McNab (1989) ibsiteetti Afaan barnoota manneen idilee waan hin jijjiiramneef barattoonni dubbisuufi barreessuu danda'an heedduun manneen barnoota idileetti makamuu waan hin dandeenyef barnoota isaanii addaan kutuuf dirqamaniiru. Dabalataanis, tamsaasa raadiyoo guyyaa guyaan Afaanota dubbattoota gurguddaa qaban kanneen akka Afaan Oromoo, Somaaleefi Tigreen eeggalee ture. Afaan Amaaraafi Ingiliziitiin alattis chaanaalii Tv Itoophiyaan Afaan Oromoofi Tigreen tamsaasa eeggalee ture (Aswegen, 2008). Itti dabalees gaazexaan torbee torbaniin bahuun Afaan Oromoo, Tigreefi Afaan Arabaatin jalqabame. Yeroo kana ture gaazexaan Afaan Oromoo inni jalqabaa ''Bariisaa'' kan jedhamu

maxxfanfamu eeggale. Kana malees, Akkaadaamiin Afaan Amaaraa biyyooleessaa, bittinnaa'ee, akkaadaamii Afaanoota Itoophiyaan bakka bu'e. Haa ta'u malee, gumaachi inni Afaanota Amaaraa hin taane guddisuuf qabu taajjabdoota heedduu biratti gaaffii keessa galeera (Alemayehu,2012; Aswegen,2008).

Murteen imaammata biraa kan hubatamuu qabu sirna bara Dargii (1974-1991) afaanota Itoophiyaa hundii hanga yeroo sanaatti hin barreeffamne turan, qubee Gii'izitiin barreeffamanii murtaa'uu isaati. Kanaaf, yeroo sanatti Afaan Oromoo baayyinaan qubee Gii'izin barreeffama ture. Haa ta'u malee akkuma kanaan dura ibsametti, qubee Gii'izii sirna sagalee dubbachiiftuufi dubbifamaa Afaan Oromoo waliin wal hin simu. Kunis walakkeessa 1970 moota keessaa manguddoonni Oromoo qubee Laatiniin Afaan Oromoo barreessuuf iyyatan mootummaa waraanatiin waan fudhatama dhabeefi (Dereje,2010).

Afaanonni tokko tokko haala al-idlee keessatti (fakkeenyaaf duula dubbisuufi barreessuu ga'eessootaaf) akka Afaan barnootatti fayyadamuu jalqaban ta'us, Afaan Amaaraa irraa hafee Afaanonni hundi manneen barnootaa idileefi hojii mootummaa keessatti akka fayyadamaniiif carraan hin kennamneef (Dereje, 2010). Kanarraa kan ka'e, Afaan Amaaraa Afaan hojiimootummaafi Afaan barnootaa Itoophiyaa ta'ee itti fufe. Kunis, imaammanni Dargiin heeddummina Afaanii (Af-heddee) qabaatus, Afaan Amaaraa tokkichi akka Afaan biyyooleessaafi barnootaa ta'ee itti fufe.

Alemayehu (2012;34) imaammata afaanii Dargii yoo ibsu "Imaammanni Afaanii akkasumas imaammanni Afaan barnootaa keessaa bara Dargii ture sadarkaa tajaajila Afaanii kennuu isaatin alatti karaa heedduun imaammata mootoota kanaan duraa fakkaata ture." Haala kanaan, duula dubbisuufi barreessuuf Afaanota sabaafi sablammoota muraasa fayyadamuuf carraaqiin godhamullee, haala hawaasaafi Afaan biyyattii irrattiis ta'ee Afaan Amaaraa irratti jijjiirama bu'uuraa hin fidne jechuudha (Dereje, 2010). Waggoota kudha torba bulchiinsa abbaa irree (1974-1991) keessatti Afaanonni biroo hojiiwwan ummataa tokko tokko barnootaaf akka tajaajilan carraan hin kennamneef. Kun kan agarsiisus, qabatamaan imaammanni Afaanii mootummaa Dargii kan isa duraa wajjiin wal fakkaata jechuudha. Kana wajjiin walqabatee, bara mootummoota Impaayeraafi abbaa irree Afaan Oromoo Miidiyaafi Aartiif fayyadamuun dhorkamaa ture. Gaffifi deebii weellisaan Oromoo beekkamaan Alii Birraa yeroo tokko tasise keessatti akka ibsetti, Afaan Oromootiin sirbuun dhorkaadha; Akka waan badaa ta'eetti ilaalamaa ture. Itti dabaluunis, yeroon sanitti dhiibbaan adda addaa akka tureefi manneen muuziqaa kaasettii Afaan Oromoo Maxxansuu, raabsuuniifi gurguruun

seeraan ala ta'uu ifa godheera. Dimshaasumatti, Geetachoofi Derib (2006:37) imaammata Afaanii sirnoota darbanii gabaabsuun yoo ibsan'' Imaammanni Afaanii Tewodroos 2ffaa, Minilik 2ffaa, Hayilasillaasee 1ffaafi sirna dargii sadarkaa lafaatti wal fakkaata ture; hundi isaani imaammata itti fayyadama afaan tokkoo hojiirra oolchaniiru.'' Kanaaf, hojiirra oolmaan imaammata Afaan tokkoo ykn af-tokkeen guddina aadaa, Afaanifii eenyummaa Oromoo irratti miidhaa adda addaa geessiseera. Miidhaan kunneenis kutaa itti aanan keessatti ibsamaniiru.

### **2.2.7 Miidhaa Imaamattoonni Afaanii Abbaa Irree Itoophiyaa (1908-1991) Eenyummaa Oromoo Irratti Fidan**

Imaammanni mootummoota Itoophiyaa darbaniin hojiirra oolchaa turan aadaa, afaanifi eenyummaa Oromoo irratti miidhaa geessisaniiru jechuun nidanda'ama. Imaamattoonni Afaanii mootummoota Itoophiyaa darbanii guddina Afaan Oromoo gufachiisaniiru. Itoophiyaa ammayyaa ijaaruufi kufaatii Dargii (1990-1991) booda, bulchitoonni Itoophiyaa turan Afaan, Eenyummafi aadaa Oromoo ukkaamsuuf tarkaanfii danda'amu hunda fudhataniiru (Gadaa, 1988). Yeroo sanatti, Afaan Oromoo kaayyoowwan qunnamtii ummataafi idilee kanneen akka hojii mootummaa, miidiyaa, barnoota, dhimma mana murtiifi kkf irratti ifatti akkasumas itti yaadamuun dhorkamee ture. Dereje (2010-121) dhiibbaa Afaanii immaata duraan ture yoo ibsu,'' imaammanni Itoophiyaa Afaanii wal fakkeessuu darban waggoota dhiibbaa oliif Afaan Oromoon bakka hojii ummataa keessatti akka tajaajiluuf hin eeyyamne. Irra caala qunnamtii Afanii irratti dangeeffame ture.'' Kun kan agarsiisu, Imaamattoonni mootummoonni darban hordofaa turan guddina Afaan Oromoofi Afaanota dhaloota biroo Itoophiyaa keessa jiran irratti dhiibbaa guddaa geessisaniiru.

Akka McNab (1989)fi Cohen (2001) jedhanitti, imaammanni Afaan Itoophiyaa yeroo darbe galmmee imaammata Afaanii walhin simneqaba. Bara mootummaa Impayeeraafi abbaa irretti sadarkaa biyyoolessaatti guddinaafi beekkamtii argate Afaan Amaaraa ture. Afaanonni dhaloota Itoophiyaa kanneen hafan iccitidhan kaayyoo manaafi dhunfatti gadi bu'aniiru (Dereje, 2010). Yeroo sanatti (1890-1991) Afaan Oromoo hojii mootummaatif miidiyaaf, barnootaaf itti hin fayyadamne. Afaan Oromoo akka Bender (1976)fi Fayyisaa (1996) falmanitti Afrikaa keessatti Afaan bali'naan dubbatamuufi Itoophiyaa keessatti akka Lingua franca ta'ee kan tajaajilu ta'us, barnoota, hojii mootummaafi miidiyaa irraa jaarraa tokko oliif gatame ture. Irra Caalaa Afaan Amaaraa barnootaaf fayyadamuun guddina Afaan Oromoofi Afaanota biroo gufachiiseera. Sababni isaas sirni barnoota tokko barnoota Afaanota hedduu

kan deeggaru yoo ta'e malee Afaanonni adda addaa hawaasa keessa jiran guddachuufi dagaaguuf carraa waan hin qabneefi (Garcia,1997).

Ibsi armaan olii kun bulchitoonni Itoophiyaa duraanii imaammata Afaan tokko kan tokko hundaaf jedhe murteessu akka hordofan agarsiisa. Sababa imaammata kanaan Afaanonni hedduun Itoophiyaa keessa jiran waggootaaf Afaan hojii ijoo ta'uu irraa dhiibamanii ykn daangeeffamanii turan. Kanaan wal qabatee Alemayehu (2012) akka ibsetti, imaammata Afaan tokkoo tokkummaa biyyoolessaa itti fufiinsa qabuun ijaaruu maqaa jedhuun, Afaanonni Itoophiyaa heeddun yeroo dheeraf gara cinaatti dhiibamanii kan hafan yoo ta'u, kunis, namoonni hedduun hojii misoomaa kessatti akka hin hirmanne taasiseera. Kanaan wal qabatee Afaan Amaaraa akka Afaan hojii tokkichaatti fayyadamuun hirmaannaa hawaas-diinagdeefi siyaasaa Oromoon Impaayera Itoophiyaa keessatti daangeessee ture.

### **2.2.7.1 Guddina Ogbarruu Afaan Oromoo Gufachiisuu Isaa**

Bulchiinsa Impaayera abbaa irree Itoophiyaa jalaatti Afaan Amaara malee Afaan dhalootaa birootiin barreessuu cimsee dhorkaa ture (Dereje, 2010). Sababa kanaaf gareewwan Afaanii biroo kan ofii dagachuudhan Afaan Amaaraa dubbisuufi barreessuu dirqamaa turan. Addatti mootummoonni guddina ogbarruu Afaan Oromoo dhorkuufi dammaqinaan ukkaamsaa turan. Kanaaf, labsiiwwan wal duraa duubaan ba'an meeshaalee ogbarruu afaan Amaaraatin alatti qabachuu seeraan ala godhan hijjiirra oolaniiru. Fakkeenyaaf, hojiiwwan ogbarruu Onesmoos seeraan ala ta'anii kan argaman yoo ta'u, uggurri isaan mudateera.

Itti dabalees, guddina barreeffama Afaan Oromoo daran kan gufachiise imaammata impaayera Itoophiyaa Amaarummaa''Amharization''jedhu kan bara 1942 jalqabe hanga bara 1991 tti hojjiirra oolaa turedha (Mekuria,1997). Yeroo sanatti Afaan Oromoo sadarkaa ofiisaa kamuu haaluu waan tureef looga Oromoo kamiinu maxxansuu, lallabuu, barsiisuu, tamsaasuun hin hayyamamu ture. Mana murtiittis ta'ee qondaala tokko duratti Oromoon tokko Afaan Amaaraa dubbachuu ykn turjumaana Afaanii fayyadamuun dirqama ture. Imaammattoonni ukkaamsaa kun Afaan Amaaraa malee Afaan biraa mana barumsaa keessatti akka hin fayyadamne, maxxanfamuuf, ykn tamsa'uuf akka rakkisu taasiseera. Kun immo guddina ogbarruu Afaan Oromoo irratti miidhaa fideera.

### **2.2.7.2 Gama Aadaafi Eenyummaa Oromootiin Dhiibbaa Umuusaa**

Erga Itoophiyaan ammayyaa ijaaramtee (1900) booda, akka Mekuria (1997)fi Fayyisaa (1996) jedhanitti kaayyoon Amaarummaa hawaasaafi eenyummaa Itoophiyaa wal fakkaataa karaa Afaan Amaaraa uumuufi eenyummaa Oromoofi Ummattoota biroo balleessuu ture. Kana

jechuun, ukkamsi siyaasa guddina Afaanii, siyaasaafi eenyummaa Oromoo irratti dhiibbaa uume. Kanaan wal qabatee Derejen (2010:124)’’ Doorsisa Afaanifi aadaa Oromoo irratti gaggeeffamu kanaaf lammiileen Oromoo heedduun aadaa Amaaraa olaantummaa qabu akka fudhatan dirqisiise’’ Dirqiin simachuun kun bu’aan isaa rakkoo eenyummaa Oromoo tokko tokko fideera. Kana malees, barattoonni aadaafi seenaa isaanii irratti haleellaan humnaa olii irratti godhameen eenyummaa isaanii dhiisaniiru (Mekuria, 1996). Kana malees, itti fayyadamaafi barnoota Afaan Oromoo irrattis daangeffamee ture; eenyummaa Oromoo irrattis dhiibbaa uumeera. Kana ilaalchisee Mekuria (1996:64)’’ Oromoonni Afaan Amaaraa baratan hedduun isaanii Afaan dhalootaa isaanitti fayyadamuu akka laayyootti ilaalan taasiseera. Afaan Oromoo dubbachuuf fedhii dhabuun Oromummaa akka ganan godheera. Kun sababni isaa Afaan Oromoo wiirtuu ykn haandhuura eenyummaa Oromooti (Mohammed,1996). Haala kanaan, itti fayyadama Afaan Oromoo gufachiisuun guddina eenyummaa Oromoo irratti dhiibbaa uumeera. kanarraan kan ka’e imaammanni Afaan tokkoo kan sirnoonni impaayeraafi abbaa irree Itoophiyaa hordofan gochaalee aadaa sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessa jiraatan laamshesseera jechuun ni danda’ama (Alemayehu,2012).

### **2.2.7.3 Dhiibbaa Dagaaginaafi Carraa Barnootaa Irratti Fiduu Isaa**

Akkuma kanaan dura ibsame, Afaanota dhalootaan Itoophiyaa keessa jiran Afaan Amaaraa afaan barnoota qofa ta’ee itti fayyadamaa ture. Cohen (2006) akka Dereje (2010) keessatti ibsame imaammata afaan barnoota Itoophiyaa darbe akka waliigalaatti yoo ibse, ijoolleen Afaan Amaaraa hin dubbanne guyyaa jalqabaa mana barumsaa irraa kaaasee afaan Amaaraa akka baratan godhamaa ture. Afaan Amaaraa akka afaan Barnootatti fayyadamuun barattoota Oromoofi Kanneen biro afaan dhaloota isaani Amaariffa hin taane irratti dhiibbaa guddaa geessiseera (Dereje, 2010). Fakkeenyaaf, Barattoonni Oromoo Afaan isaaniikan hin guddanne “ta’uufi naannoo, qaromekeessattifayyadamuu akka hindandeenye yeroo hundaa yaadachiifamaa turan (Mekuria,1997). Kana malees, manneen barnoota bakka barattoonni peedaa goojiin itti deeggaraman hin turre. Inumayyuu, bakka barattoonni doggogora caaslugaa raawwachuu ykn jechoota Amaaraa doggogoraan sagaleessuu isaanitiin itti qoosaman turan. Kana malees, manneen barnoota idilee keessatti Afaanonni barnootaa waan hin jijjiiramneef carraan dubbisuufi barreessuu dhabuu olaanaa ture.

Afaanoota erga itti fayyadamanii booda barnoota idilee keessatti Afaanota dhalootaa fayyadamuu dhabuun dhiibbaa heedduu qaba ture. Fakkeenyaaf, manneen barnoota idilee keessatti barattooni Afaan Amaaraa hin dubbanne baayyee turan. Kanumaan wal qabatee, Balsvik (1985) akkuma Dereje (2010) keessatti akka gabaasetti, barnoonni hundi Afaan

Amaaraatiin kennamuu isaa barattoota faan isaani jalqaba Afaan Amaaraa hin taane irratti sababa rakkoo wal qunnamtiitin dandeetti barachuu isaanii akka malee gufachiisera.

Itti dabalees, McNab (1989) barattoonni dubbisuufi barreessuu danda'an heedduun manneen barnoota idileetti makamuu danda'an carraa barnoota addaan kutan isaan muudatee ture. Kana malees manneen barnoota idilee keessatti Afaan barnootaa waan hin jijjiiramneef gara dubbisuufi barreessuu dhabuutti deebi'u. arattoonni Afaan isaanii barnoota idileef tajaajiluu akka hin dandeenye itti agarsiisa. Akkuma dura jedhametti, Afaan Amaaraa mana barumsaa seenuuf halduree ture. Kunis hirmaannaa barattoota Oromoo galmees mana barumsaa irraa daangeesse. Afaan Amaaraa akka Afaan barnootatti fayyadamuun barattoonni Oromoo akka Afaan, aadaafi duudhaa isaanitti qaana'an taasisee ture. Kunis barattoota irratti dhiibbaa xiinsammuu fide. Itoophiyaa Keessaatti Afaan Oromoo barachuufi beekuun dhorkamaa ture. Haayyoonni Afaanichaa qoratani guddisuu qaban akka Afaanichaa hin baranneef buu'ura isaa akka hin babal'isne dhiibbaan xiinsammuu irratti godhamaa ture. Haala kanaan imaammattoonni Afaanii sirnoota Itoophiyaa darban addaa addummaa Afaaniifi aadaa biyyaattii furuu hin dandeenye. Kanarraa kan ka'e, Oromoofi ummanni biroo Itoophiyaa keessa jiran Afaan Aadaa fi eenyummaa isaatiif qabsaa'uuf dirqamanii turan. Haala barnootaa keessatti Afaan ofiitiin barnoota argachuun yeroo dheeraaf himannaa habashaa ture (Heughetal, 2007). Garuu, hanga Ripaabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (FDRE) aangootti dhufutti gaaffii kana deebisuuf mootummoonni darbanii yaaliin hingodhamne Kana ilaalchisee shimelis (2006) imaammattoonni Afaanii sirnoota mootummoota Itoophiyaa darbanii Afaanifi aadaa biyyattii adda addaa ilaalu akka hin dandeenye ibseera. Kanarraa kan ka'e, imaammanni afaan tokko ture imaammata afaanota heedduutiin bakka bu'eera.

### **2.2.8 Gumaata Imaammata Afaanii Mootummaaitoophiyaa Bara 1991 Hanga Ammaatti Jiru Gama Guddina Afaan Oromootiif Argamsiise**

Seenaa Itoophiyaa keessatti Afaan dhalootaa hojii mootummaa miidiyaafi Afaan barattootaa fayyadamuun barnoota kennuu kan jalqabe sirna Ripaabiliika Dimookiraatawaa Federaalaa Itoophiyaa ture. Kanan wal qabatee Geetachoofi Derib (2006) mootummaan amma jiru imammaata itti fayyadama Afaanota hedduu qopheessee hojiirra oolchuu isaa ibsaniiru. Kunis, kufaatii sirna Dargii (1991) booda imaammanni Afaanii Itoophiyaa Afaan tokkoo (Af-tokkee) irraa gara Afaan hedduutti (Af-hedde)tti jijjiirame (Heugh, et al 2007). FDREn garaagarummaa Afaaniifi aadaa ummata Itoophiyaa tilmaama keessa galchuu hordofee

(Gfeller, 1999). Kunis miseensonni ummataa hundi loogii tokko malee misooma biyyatti keessatti dammaqinaan akka hirmaatan waan taasisuuf, misooma biyyaa irratti dhiibbaa gaarii qaba. Mootummoota duraanii irraa adda ta'ee yeroo ammaa addaa addummaa Afaanii akka waan uumama ta'etti fudhatamee akka mirga lammiileetti kan ilaalamu yoo ta'u, eegumsi heera mootummaas, kennameefii jira.

Kana malees, adda addummaan Afaanii akka qabeenyatti ilaalama. Afaanonni hundi wal qixxummaan akka ilaalamiifi barnootaan akka guddifatan seeraan labsameera. Itoophiyaa keessatti, mala imaammata Afaanota hedduu (Multilingual policy approach) akka mala ykn mala olaantummaa aadaafi Afaanii garee tokkoon wal qabatee jiru furuuf gargaaruu jedhamee hubatama. Gaaffiwwan Sabummaa yeroo dheeraf ture, kan mirga Afaanota fayyadamuufi kaayyoo namoonni barbaadan kamiifuu beekkamtii kennuudhaaf Afaanota heedduu dubbachuun karaa hundarra gaarii ta'uun ni amanama (Heugh, et.al,2007).

Mootummaan haaraan, FDRE, garaagarummaan Afaaniifi aadaa hawaasummaa Itoophiyaa beekke, haala siyaasaa, hawaasummaafi barnoota dabalatee dame adda addaa keessatti garaagarummaa jiru furuuf yaalun isaa ni yaadatama. Fakkeenyaaf, bara 1993 naannoon hundi barnootaaf Afaan mataa isaa fayyadamuuf mirga akka qaban ibsameera. Itti dabalees, naannoon hundi barnoota sadarkaa 1ffaa (kuta1-8) lammii isaatif kennuuf itti gaafatamummaa akka qabu labsamee ture (Tekeste,1996). Kana hojiitti hiikuuf mootummaan imaammata barnootaafi leenjii (ETP) bara 1994 labseera. Imaammata kana keessatti kaayyoo walii gala barnoota keessaa tokko guddina hawaasummaafi diinagdee guddisuu akka ta'e ibsameera. Kana malees, mirga sabootafi sab-lammoonni Afaan isaanitiin barachuu qaban beekamtii kennuun kaayyoo addaa imaammaatichaa keessaa isatokkoodha. Dabalataanis, imaammatichi Afaanota barnootaa ilaalchisee keewwata xiqqaa tokko ofkeessaa qaba (kutaa3-5). Keewwata xiqqaa kana jalatti kanneen armaan gadii labsameera:

- ✓ Faayidaa barnootaa (Peedaagoojii) daa'imni Afaan dhalootaatiin barachuu keessatti qabuufi mirga saboonni itti fayyadama Afaan isaanii guddisuuf qaban beekuuf barnoonni sadarkaa tokkoffaa Afaan sabootaatin ni kennama.
- ✓ Qophii barbaachisu taasisuun saboonniifi sablammoonni Afaan isaanitiin barachuu danda'u.
- ✓ Afaan leenjii barsiisotaa mana barumsaa daa'immaniifi sadarkaa 1ffaaf kennamu Afaan dhaloota naannoo sanatti fayyadamuun ta'a.

- ✓ Barnoota Afaanii sadarkaa hundatti cimsuuf tarkaanfiwwaan barbaachisoo ta'an ni fudhatamu.

Haaluma wal fakkaatuun, heera FDRE keessatti dhimmii Afaanota Itoophiyaa dhimma ijoo akka tahe keewwanni itti aanu ni labsu. Heera mootummaa keewwanni shan dhimmaa afaanii ilaalata. Kunis Afaanoonni Itoophiyaa hundi beekkamtii wal qixa akka argatan kan labsudha. Itti dabalees, keewwanni xiqqaan miseensoonni federeeshinii seeraan Afaan hojii isaanii murteeffachuu ni danda'u jechuun labsa. Keewwata 39 jalatti saboonni, sab-lammoonniifi ummanni Itoophiyaa kamiyyuu Afaan ofii ndubbachuu, barreessuufi guddisuu, aadaa isaanifi seenaa isaanii ibsuu, kunuunsuufi guddisuuf mirga akka qabanis ibsameera. Akkasumas, mootummaan amma jiru kun kaayyoo adda addaatiif Afaanota Itoophiyaa hunda guddisuuf akka hojjatu ifatti ibsee jira. Kanumaan wal qabatee imaammanni aadaa Itoophiyaa imaammatachi Afaanotaafi ogbarruun Itoophiyaa saboota, sab-lammootaafi ummattoonni hundi beekkamtii, kabajaafi carraa guddinaa wal qixa akka argatan kan taasisu ta'uu ibsa. Gabaabumatti, Heerri FDREfi imaammattoonni adda addaa mootumman labse Afaan dhalattoota Itoophiyaa kaayyoo hojii adda addaatiif akka itti fayyadaman haala mijeessa.

Itti Dabalees, FDREn, naannoleen hundi Afaan mataa isaanii hojiiwwaan adda addaatiif akka fayyadu labsee hayyameera. Kanarraa kan ka'e, mootummonni naannoolee Afaan hojii isaanii filataniiru. Addatti moo Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa naannoo biyyooleessaa Oromiyaa ta'ee filatamee dhaabbilee mootummaafi dhuunfaa keessatti hojiiwwaan haaraa adda addaaf tajaajilaa jira. Yeroo ammaa kana Afaan Oromoo barnoota, bulchiinsa mana murtiifi bulchiinsa miidiyaa, keessatti tajaajilaa jira (Dereje, 2010: ) Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaafi gidduu galeessaa (kuta 1-6 fi 7-8) fi kolleejjii barnoota barsiisotaa oromiyaa hunda keessatti akka Afaan barnootatti tajaajilaa tureera; tajaajilaa jiras. Akkasuma, sirna barnootaa naannoo oromiyaafi godina addaa oromiyaa naannoo Amaaraa (Kamisee) keessatti Afaan Oromoo hammatameera. Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa (jechuunis, kutaa 9-12) keessattis akka gosa barnootaa tokkotti ni baratama. Kana malees, yeroo ammaa kana Afaan Oromoo sadarkaa Digirii 1ffaa, 2ffaafi 3ffaa irrattis akkadamee ispeeshaalaayizeeshinii barnoota tokkootti baratamaa jira. Dabalataanis, hojiiwwan bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaa keessatti hojjetaman hundii Afaan Oromootiin hojjetama. Kana jechuun, Afaan Oromoo Afaan mana murtii, amantii, miidiyaa hawaasaafi kkf ta'ee tajaajila.

Dabalataanis, gaazexoonni barruuleen, heeronni mootummaa naannichaafi sanadoonni seera hundi, Afaan Oromootiin maxxanfamu, akkasumas, sagantaan TVfi raadiyoo naannoo Oromiyaa Afaan Oromootiin tamsa’u. Dimshaashumatti, bara 1991 jalqabee Afaan Oromoo tajaajila adda addaatiif oolaa jira. Kun immoo guddinaa isaa irratti gahee olaanaa qaba.

### **2.2.8.1 Gama Afaan, Ogbarruufi Aadaa Oromootiin**

Imaammanni Afaanota hedduu mootummaan Itoophiyaa bara 1991 tti labse guddina Afaan Oromoo, ogbarruu, aadaa, eenyummaa, barnoota barattootaafi kkf irratti bu’aa gara garaa qaba. Kanneen ijoo ta’an Armaan gaditti ibsamaniiru. Akkuma dura ibsametti, Afaan Oromoo qubee adda addaa fayyadamuun barreeffamaa waan tureef, bara 1991 dura qubee mataa isaa kan fayyadamtoonni Afaanichaa irratti walii galan hin qabu ture. Haa ta’u malee, imaammanni Afaanota hedduu hojiirra erga oolee booda, qubeen sirna barreeffama Afaan Oromoo ta’uun raggaasifame osoo hin turin Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa Iffaa guutuu Oromiyaa keessatti akkasumas, miidiyaa, maxxansaafi tamsaasa keessatti akka fayyadaman hayyamameef. Haala kanaan, yeroo ammaa kana Afaan Oromoo sirna barreeffamaa qubee jedhamuun beekkamuu qubee laatinii irraa madaqfame qaba (Girma, 2001). Sirna barreeffama tokkoo madaqsuun Afaanichi amma tokko akka wal ta’u taasiseera jechuun ni danda’ama (Alemayehu, 2012). Kanarraa ka’uun, imaammanni Afaanii amma jiru guddina sirna barreeffama Afaan Oromoo akka ragga’u taasiseera. Kunis, fayyadamtoonni Afaan isaanii barreeffamaan dhaloota dhufuuf akka dabarsan ni gargaara (Aswgen,2008)

### **2.2.8.2 Uumama Waaltina Afaan Oromootiif Ulaa Saaquu**

Afaan Oromoo akkuma Afaanota kamiyyuu loogota adda addaa Itoophiyaa keessaafi alatti dubbataman qaba. (Ali and Zaborski,1990). Fakkeenyaaf, Kebede (2009) yeroo ammaa Itoophiyaa keessatti naannoon looga shanii akka jiru gabaaseera. Hanga ammaatti looga Afaan Oromoo keessaa loogni waaltina bakka bu’uuf ifatti filatame hin jiru (Mokennen,2002). Haa ta’u malee, Afaan Oromoo Afaan hojii Oromiyaa ta’uun erga beekkamtii argatee booda, Afaanicha guddisuufi waalteessuuf yaaliin adda addaa taasifamaa tureera. Fakkeenyaaf, Koreen waaltina Afaan Oromoo biiruu tuurizimiifi Aadaa Oromiyaa jalatti hund eeffamaniiru. Koreen kun jechootaafi gaalewwan Afaan Oromoo hedduu waalteessaa tureera. Jechoonni waalta’anisaa kitaabota Jildii keessatti maxxanfamaniiru. Kunis kan agarsiisu, imaammanni af-heddee amma hojiirra oolaa jiru kun afaanicha waalteessuuf gahee mataa isaa qaba.

### **2.2.8.3 Qorannoofi Dagaagina Jechoota Afaan Oromootiif**

Imaammanni Afaanota hedduu Itoophiyaan amma qabdu Afaan Oromoo akka Afaan Saayinsiifi teeknolojii ammayyaa ta'ee itti fayyadamuu dandeessiseera. Kanumaan walqabatee jechoonni haaraan oomisha teeknolojii ammayyaa bakka bu'anisaan moggaafamanii gara Afaan Oromootti dabalamaa jiru. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo keessatti jechi'' Hantuute''jedhu jecha Afaan Ingilizii computer mouse bakka bu'uuf kan moggaafame yoo ta'u, Bilbil-sochii'' immoo mabail phone bakka bu'uuf kan moggaafamedha. Adeemsi akkanaa jechoota Afaanota jechuudha. Kanaan gamattis, jechoonni durii, dhaloota dargagoota yeroo dheeraaf dagataman du'aa ka'anii fayyadama Afaanii guyyaa guyyaa keessatti hammatamaa jiru (Aswegen,2008). Kanumaan wal qabatee galmee jechoota adda addaa Afaan Oromootiin kan qophaa'an yoo ta'u kunis Afaanicha akka walta'uufi dubbattootaf jechoonni haaraan akka barsiifaman kan dandeessisudha. Kana gochuudhan imaammanni Afaanota hedduu fayyadamtootni Afaan oromoo Afaan isaanii akka guddifataniifi haaromsan gargaaraa jira jechuun nidand'ama. Dabalataanis, yeroo ammma kana Afaan Oromoo sadarkaa digrii 1ffaa, 2ffaafi 3ffaa irrattis akka damee ispeeshaalaayizeeshinii barnoota tokkootti baratamaa jira. Kunis haayyoonni qorannoowwan hedduu Afaanicha irratti gaggeessuufi gama adda addaan afaanicha irratti odeeffannoo bal'aa kennuun guddina afaanichaaf kan deeggarudha.

### **2.2.8.4 Gama Dagaagina Ogbarruu Afaan Oromootiin**

Hojiirra oolmaan imaammata Afaanota hedduu ogbarruu Afaan Oromoo guddisuufis gahee qaba. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo barnootaaf itti fayyadamuun, barruulee barnoota adda addaa, kitaabota barnootaa, qajeelcha barsiisotaa, kitaabilee wabii, moojuulota leenjii, galmee jechootaa, kitaabota caaslugaafi kkf barreeffamaniiru ykn immoo Afaanota biroo irraa gara Afaan Oromootti hiikamaniiru. Kanaan gamattis, kitaabonni (asoosama, galmee jechoota, seenaa fi kkf fi gaazexaa, barruulee hedduun Afaan Oromootiin barreeffamaa jiru.

Barreessuufi maxxansuun barruuleen akkanaa ogbarruun Afaan Oromoo akka guddatu taasisaa jira. Fakkeenyaaf, bara 1991 hanga 1997 gidduutti barreeffamoonni Afaan Oromootiin barreeffaman, kan waggoota 100 darban keessa turan caalaa baay'atu. Haaluma wal fakkaatuun, Mohammad (1996) bara 1993fi 1994 tti barruuleen bara 1980-1992 caalaa Afaan Oromootiin maxxanfamuu isaanii hubachiiseera. Kunis, ogbarruun Afaan Oromoo Saffisaan guddachaa akka jiru agarsiisa.

### **2.2.8.5 Afaan, Aadaafi Mallattoo Hawaasaa Irra Deebiin Dagaagsuuf**

Hojiirra oolmaan imaammata Afaanota hedduu aadaa, Afaanifi mallattoo hawaasaa irra deebiin ijaaruufi itti fufsiisuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Kunis, Itoophiyaatti imaammaanni Afaanota hedduu hojiirra erga oolee booda, ijoolleen mana barumsaatti Afaan dhaloota isaaniitiin sirnaan barachaa jiru. Kunis carraa Afaanonni baduuf qaban nifura jechuudha. Kana irratti, Alemayehu (2012) akka ibsetti Afaan Oromoo barachuunifi damee hawaasummaa biro keessatti itti fayyadamni isaa aadaa, Afaaniifi mallattoo hawaasa irra deebiin ijaaruufi itti fufsiisuu keessatti gahee akka Afaan barnootatti fayyadamuun barattoonnis ta'ee maatiin aadaafi afaan isaaniitiin akka boonan isan gargaareera. Itti dabalees, Mana barumsaa keessatti baratan irratti maatii isaanii wajjin akka mari'atan irratti carraa kan kennudha. Kanaafuu Afaan Oromoo dameelee adda addaatiin fayyadamuun duudhaalee aadaa Oromoofi guddina Afaanii gara guddisuu beeksisuufi daddabarsuufi deeggaruu irratti argama.

### **2.3 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii**

Sakatta'a Barruu Wal-fakkii jalatti qorataan qorannoo kanaa qorannoo kanaaf barruu walfakkii garagaraa sakatta'ee jira. Haata'u malee qoraannoo isaa kanaan kan wal fakkaatu argachuu hin dandeenye. Amma tokko kan walitti dhiyaatu qorannoo Afaan Ingiliziitiin hojjetame tokko argachuu danda'eera. Innis: Qorannoo PHD kan Loretta Bitene Ikometiin kan hojjetame matadureen isaa: "Using Afaan Oromoo as Primary Language of Learning and Teaching in selected schools in Addis Ababa: Policy, Problems and Strategies" kan jedhudha. Qorannoon kun walitti dhufeenya adda addaa, shaakala dareefi imaammata Barnoota Afaanii Itiyoophiyaa keessatti hojiirra oolchuu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon isaas, daa'imman naannoo Oromiyaa irraa Afaan Oromoo qofa dubbatan, magaalaa guddittii Finfinnee kutaa magaalaa Boolee (aanaa Ayaa digdamii afur) keessatti manneen barnootaa filatamoo keessatti afaan Amaaraatiin barachaa jiran qormaata kam akka isaan mudate baru, tooftaalee baru barsiisuu barsiisonni Afaanii manneen barnootaa daangaa Finfinneetti argaman, daa'imman Afaan Amaaraa qofa dubbataniifi daa'imman Afaan Amaaraa malee afaan biraa dubbatan kutaa tokko keessatti barachaa jiran bulchuuf itti fayyadaman qorachuuf kan akeekedha.

Akkaatuma kanaa olitti ibsameen qorannoo walfakkii kun qorannoo qorattichi qorate waliin kan wal-ittidhiyaatu yoota'u, qorataan qorannoo isaa waliin wal-bira qabee tokkummaafi garaagarummaa jiru lafa kaa'eera. Haaluma kanaan tokkummaan qorannoo kana lamaanii haala itti barattoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinneetti barachuu isaanii xiinxaluu isaaniiti. Garaagarummaan isaan lamaan jidduu jiru immoo Qorannoon walfakkii kun Daree

tokko keessatti akkamitti akka warra Afaan Oromoo hin beekneefi barattoota Afaan Amaariffaa beekan barsiisuu yoo ta'u, Kan amma qorataa kanaan qoratamaa jiru immoo barattoonni Oromoo Afaan Oromootiin/ sirna barnoota Afaan Oromootiin barnota hunda barachjaa jiran irratti dhiibbaa alaa irra ga'aa tureefi faayidaa Afaan Afaan Oromoodhaan barachuun argame xiinxaluudha.

# **BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHA**

## **3.1 Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoo gaggeeffamu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qaba. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamuu qaban maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Yaada kana Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, "qorannoo tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argamuuti," jechuun kaa'ee jira. Yaanni kanaan oliiitti ibsame akka ibsutti, saxaxni qorannoo mala qorataan, qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa, tooftaalee odeeffannoon ittiin funaanamuufi maal maal akka ta'e kan ibsudha.

Itti dabaluun, Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Fileen (2021:64) irratti Victor (2009: 203) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa, "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going". Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabu, kan eessa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Qorannoo kana keessatti malli qorataan kun dhimma itti ba'e mala qorannoo akkamtaafi Ammamtaati. Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Mala kana ilaalchisuun Addunyaan (2011:60) Tim (2002); Sigh (2007) wabeeffachuun "Malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi maal jechuu akka ta'e kan ittiin xinxaalamudha." jechuun ibseera. Kanuma bu'uura godhachuun qorataan qorannoo isaa kaanaaf mala qorannoo akkamtaafi Ammamtaati dhimma ba'eera.

Walumaa galatti qorannoon kun mala qorannoo walmakaatiin kan qoratame yoo ta'u, Malli qorannoo walmakaa mala qorannoo hammamtaafi mala akkamtaa walkeessaa fayyadamuudha. Sababni isaas, Creswell (2009) akka ibsetti, qorannoon tokko yeroo qoratamu mala qorannoo tokko olitti fayyadamuun rakkicha irruma caalatti gadi fageenyaan akka hubatan nama taasisa. Kanaaf mala kanatti dhimma bahuun bu'aafi danqaalee dhimma qorannoo kana irratti hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamu muudatan sirnaan adda baasuun, qama dhimmi isaa ilaaluuf beeksisuu keessatti bu'aa guddaa qabaata. Kanaafuu qorataan qorannoo kana yemmuu gaggeessu, malleen funaansa odeeffannoo Af-gaaffii, bargaaftii, daawwannaafi marii gareetiin ragaaleen barbaachisaan walitti qabamaniiru.

Dhumarrattis, ragaalee mala qorannoo lamaanii funaannaman qabiyyee fi yaada isaanii xiinxaluun ibseera.

### **3.2 Madda Ragaa**

Qorannoon tokko madda ragaan iirraa walitti qabamu osoo hin argatiin qoratamuun rakkisaa ta'a. kanaaf akka madda ragaatti qorataan kun qorannoo kana keessatti kan itti fayyadame: Qorannoo kana keessaatti madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaatti dhimma ba'amee jira. Akka madda raga tokkoffaatti kan dhimma itti ba'ame Hooggantoota waajjira barnootaaf, barsiisota, barattootaafi, bakka bu'aa maatii barattootaa akka iddattootti falataman yoota'u, Akka madda raga lammaffaattimmoo meeshaalee funaansa raga keessaa daawwannaatti fayyadamuun beeksisootaafi barjaalee mana barumsaa keessatti maxxananii jiran ilaaluun madda raga lamaanittuu dhimma ba'ameera.

### **3.3 Mala Iddateessuu**

Iddateessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessudha. Akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda'u irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddatto addaan baafachuun kanneen bakka bu'an murteessudha. Iddattoon qorannichaas manneen barnootaa magaalaa Finfinnee jiran keessaa manneen barnootaa muraasafi manneen barnootaa filataman keessaa namoota muraasa hirmaachisuun kan adeemsifamu ta'a. Iddattoon kunis mata duree "*Xiinxala Bu'aafi Danqaalee Argamina Carraa Afaan Oromootiin Magaalaa Finfinneetti Barsiisuu*" yoo ta'u, akka iddattootti kanneen filataman manneen barnootaa kanatti aananii jiranidha. Isaanis: Magaala Finfinnee Kutaa Magaala Ekkaa keessaa mana barumsaa Dajjaazmaach Wandiraad sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa tokkoffaafi giddu galeessaa, Kutaa magaalaa Boolee keessaa Mana barumsaa Birahaana Zaaree sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa Iffaafi giddugaleessaa, Kutaa magaalaa Nifaas silki laaftoo keessaa mana barumsaa Qoxaarii sadarkaa Iffaan duraa, sadarkaa Iffaafi giddugaleessaafi Kutaa magaalaa Gullallee keessaa mana barumsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa akka filachuun dhimma itti ba'ee jira.

Qorannoo kana keessatti odeeffannoo ga'aa argachuuf qoratichi iddateessuu miti carraatti dhimma ba'ee jira, Iddateessuu miti carraa keessaa immoo iddateessuu akka kaayyotti dhimma ba'ameera. Sababiin qoratichi mala kana filateefis, namoota dhimmoota qorannoo kanaa ilaalchisee odeeffannoo ga'aa kennuu danda'u jedhee yaadu keessaa filachuuf waan isa fayyaduufidha. Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddateessuu ilaichisee yoo ibsu "qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon

filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kan filatamu." jechuun barreessee jira. Waajira barnootaa kutaa magaalaa afuriifi manneen barnootaa tokko tokko kutaa magaalaa kanneen keessatti argaman dabalatee kanneen qooda fudhattoota barnootaa ta'an, barsiisota barattoota, maati barattootaafi hooggantoota barnootaa mana barumsichaa dhimma qorannichaa keessatti qooda fudhattoota ta'an manneen barnootaa tokkoon tokkoon isaa keessaa namoota soddomaatti siqan adeeffannoo kennanii jiru. waliigala manneen barnootaa arfan keessaa namoota dhibbaafi kudha saddeet irraa odeeffannoo funaanuun qorannoon kun geeggeeffamee jira.

Haaluma kanaan odeeffanno funaanuuf malleen funaansa odeeffannoo afuritti fayyadamuun odeeffannoon funaanamee jira. Kanaaf iddattooleen af-gaaffidhaan odeeffannoo funaanuuf akka iddattootti kanneen filataman barattoota keessaa dhiira kudha sadiifi dubara kudha sadi waliigala barattoota digdamii ja'a (26). Iddattoo barsiisotaa af-gaaffidhaaf filataman dhiira digdamii lamaafi dubara kudha saddeet waliigala barsiisota afurtama (40) filatamauun odeeffannoo kennanii jiru. Iddattoo hooggantoota manneen barnootaa namoonni kudha ja'a (16) af-gaaffidhaaf filatamuun odeeffannoo kennanii jiru. Maatii barattootaa keessaa koree gamtaa maatii barattootaa sadi (12) odeeffannoo kennanii jiru. Waajira barnootaa Aanaa keessaa itti gaafatamaa waajira barnootaa, itti gaafatamaa ogeessa sirna barnootaafi supparvaayizera kutaa barnoota Afaan Oromoo waliigala namni sadi (12) irraa odeeffannoon funaanameera. Waajira barnootaa kutaa magaalaa keessaa, hoogganaa waajira barnootaafi itti gaafatamaa sirna barnootaa kutaa Afaan Oromoo waliigalaafi supparvaayizaroota Afaan Oromoo waliin namoonni sadi (12) filatamuun odeeffannoo af-gaaffidhaan funaanamuun odeeffannoo kennanii jiru. Odeeffannoon bifa kanaan funaanames maneen arfanirraayyuu bifa walfakkaatuun kan funaaname yoo ta'u, waajira barnootaa kutaa magaalaa irraas namoonni sadi odeeffannoo bargaaffidhaan funaanamuun yaada isaanii kennanii jiru. Akkasumas, Odeeffannoo marii gareetiin funaanamuuf kanneen odeeffannoo kennan kanneenuma malleen funansa odeeffannoo biro keessatti fayyadame yoo ta'u iddoo tokko tokkotti bakka namoonni sababa adda addaatiin kanneen filataman keessaa hir'atanitti namoota biro bakka buusuun odeeffannoon funaanamee jira.

Akkasumas marii gareetiin barattootaafii barsiisota irraa odeeffannoon funaanamee jira. Namoonni marii gareetiin odeeffannoo kennan namootuma Malleen funaansa odeeffannoo Afaaffifii bargaaffii keessatti hirmaatan yoo ta'u maneen barnootaa tokkoon tokkoo isaa irraa barattoota ja'a ja'a gareen marii achuun odeeffannoo kennanii jiru. Akkasumas bariisonni marii gareetiif eeyyamamoo ta'anii odeeffannoo kennan maneen barnootaati maneen

barnootatti garaagarummaa kan qabu yoo ta'u, mana barumsaa Wandiraaditti barsiisota kudhan odeeffannoo kennuuf filataman keessaa barsiisonni torba (7) odeeffannoo marii gareetiin kennanii jiru. Mana barumsaa Birahaana Zaareettis barsiisonni shan odeeffannoo mariigareetiin laatanii jiru. Mana barumsaa Inxooxxoo Ambaa keessattimmoo namoonni Afur (4) odeeffannoo marii gareen kenname keessatti hirmaatanii jiru. Dabalataanis, odeeffannoo daawwannaadhaan funaanameef, kanneen daawwatamuu qaban: mooraa manneen barnotichaa keessatti beeksisawwan garagaraafi barjaawwan jiran Afaan kamiin barreeffamanii akka jiran, ganama ganama hiriira gubbaatti ergaawwan barattootaaf darban Afaan kamiin akka darban, Kitaabileen deeggarsaa kanneen Afaan Oromootiin qophaa'an mana dubbisa kitaabaa keessa jiraachuusaa, Gumiileen dagaagina Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti hundaa'uun bu'aan inni buuse maal akka ta'e, handhuura gabbisa barnootaa keessatti meeshaaleen deeggarsa barnootaa Afaan Oromootiin qaphaa'an jiraachuufi dhiisuu isaanii, waajira barnootaa Aanaafi kutaa magaalaa keessatti qajeelfamoonnifi dambiiwwan barnoota Afaan Oromoo deeggaru jiraachuufi dhiisuu isaa, dareen barnootaa kan barattoonni Afaan Oromoo keessatti baratan, daataa barattoota Afaan Oromoo barataniifi kanneen kana fafakkaatan odeeffannoo daawwannaadhaan funaanamanidha.

Daawwannaa kana bu'a qabeessa taasisuuf manneen barnootaa kanneen yeroo lama lama irra deebidhaan daawwatamaniiru. Akkasumas, waajira barnootaa kutaa magaalaa yeroo tokko kan daawwatame yoo ta'u, waajira barnootaa aanaa yeeroo lama daawwatameera. Haaluma kanaan, Iddattoon qorannoo kanaa hooggantoota waajjira barnootaa kutaa magaalaa aanaa, manneen barnootaa, barsiisota, barattoota, hooggantoota manneen barnootaa, maatii barattootaafi supparvaayizarootadha.

### **3.4 Malleen Funaansa Ragaalee**

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoon ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Kanaaf qorataan malleen funaanasa odeeffannoo kanaa gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabuuf karoorfatee jira. Meeshaalee funaansa odeeffannootiif qorataan itti fayyadame Bargaaffii, Afgaaffii, Marii gareefi daawwannaadha. Sababiin isaas, malleen odeeffannoon ittiin funaanamu hedduu fayyadamuun odeeffannoo mala tokkoon miliqee hafe mala birootti fayyadamuun argachuun waan danda'amuufidha.

Kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi odeeffannoo haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun ragaa funaanuun waan danda'amuufi. Gareedhaaf af-gaaffiin kan barbaachiseef immoo hubannoo qaban wal-yaadachiisuun odeeffannoo qabatamaa funaannachuun waan danda'amuuf qoratichi malleen funaansa odeeffannoo kanneenitti dhimma ba'uun qorannoo kana geggeessee jira.

### **3.4.1 Bargaaffii**

Meeshaalee funaansa ragaa keessaa bargaaffiin odeeffannoo barreefamaan akka kennaniif kan dhimmi itti ba'amudha. Bar-gaaffiin meeshaalee funaansa ragaalee keessaa, si'a tokkoon madda ragaalee hedduu irraa odeeffannoo hedduu funaanuuf qorataa kan gargaaruufi namni odeeffannoo kennuu, iccittummaa waan qabuuf shakkiifi sodaa tokko malee yaada, hubannoo isaa akka barbaadetti ibsachuuf meeshaa filatamaadha. Zoltan (2007) akka ibsetti, bar-gaaffiin madda ragaa hedduu irraa ragaa funaanuuf malleen ragaan ittiin funaannamu keessaa kan qorattoota baay'ee biratti fudhatamaa ta'ee argamuudha. Haala kanaan, bar-gaaffiin meeshaa funaansa raga madda ragaan irraa funaannamu kan dhiheenya qabuudha. Dabalataan, Sarantakos (2006) akka ibsetti, bar-gaaffiin meeshaa funaansa ragaa qorannoo saayinsii hawaasaa keessatti hirmaattota hedduu hirmaachisuuf kan fayyadu yoo ta'u, bu'aa qorannichaas ni mirkaneessa. Sababin meeshaan kun barbaachiseef, yaada barattootaafi barsiisotaa magaala finfinnee keessatti Afaan oromoo barsiisuu ilaalchisee carraawwan argamaniifi gufuuwwan muudatan ibsuuf gaaffii bifa barreeffamaatiin dhiyaateef deebisuudhaan odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuuf yaadameeti. Gaaffileen bargaaffidhaan dhiyaatanis gaaffilee banaafi cufaadha. Gaaffilee cufaan kan barbaachiseef, ragaaleen baay'een dhimmi barnoota Afaan Oromoo ilaalchisee qooda fudhattonni bu'a qabeessummaafi rakkoolee muudatan gaaffii barreeffamaan dhiyaateef deebii akka kennaniifidha. Akkasumas, odeeffannoon af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan argaman ammam walitti dhufeenya akka qaban mirkaneessuuf nifayyada. Gaaffileen dhiyaatanis gaaffilee filannoo qabaniifi gaaffilee banaa ta'uu akka qaban qoratichi karoofateera.

### **3.4.2 Af-gaaffii**

Afgaaffiin akaakuwwan meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeeffannoo kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoon irraa walitti qabamudha. Yaada kana Dastaa, (2013:111) Afgaaffin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamuu keessa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeeffannoo kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennanidha. Odeeffannoo af-gaaffidhaan funaanaman wanti gaarii taasisu, qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa

godhee akka ibsuuf odeeffannoo kennaan gaafachuu danda'uu isaati. Dabalataan, Yalew (2001) akka ibsetti, af-gaaffiin meeshaa ragaaleen ittin funaannamu kan hubannoo keessa namaa, xiyeeffannoofi miiraa namaa hubachuuf gargaarudha. Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka armaan gadiitti ibsa. "Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii odooffannoo himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cimaa qaba." jedha. Kanamalees, namoota dubbisuufi barreessuu hindandeenye yaadni isaanii osoo jala hinafin ibsachuu danda'u. Kanaaf qorannoo kanakeessatti dhimma itti ba'ee jira.

Haaluma kanarratti hundaa'uun maneen barnootaa hunda isaa irraa barattoota digdamii afur, barsiisota afurtama, hooggantoota kudha ja'a, hojjettoota waajjira barnootaa sadarkaan jiran digdamii afuriifi maatii barattoota kudha lama irraa odeeffannoon af gaaffidhaan walitti qabamee jira. Yoomessi afgaaffiin ittiin walitti qabames yoomessa garagaraa keessattidha. Innis maneen barnootaa tokko tokko keessatti ganama yeroo boqonnaatti kutaa haara galfii barsiisotaa keessatti, kanneen biro immoo yeroo laaqanaatti, biiroo isaanii keessatti, barattoota immoo yeroo laaqanaafi yeroo boqonnaatti, gariin isaanii ammoo galgala sa'aatii sagal booda yoo ta'u. walumaa galatti yoomessi odeeffannoon af gaaffii itti funaaname bakki isaa mooraa maneen barnootaafi biiroo waajjiraalee keessa yoo ta'u, yeroon isaa yeroo garagraatti fayyadamuunidha. Odeeffannoon Afgaaffii bifa kanaan gaafatameen argames, qaaccessa odeeffannoo keessatti ibsamee jira.

### **3.4.3 Daawwannaa**

Daawwannaan meeshaalee ragaan ittiin funaannamu keessaa tokko ta'ee odeeffannoo jalqabaa qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara. Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, tooftaa kanaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaa kun dhimma qorannoo kanaan waliin deemu yookiin qorannichaan walitti dhufeenya kan qabu waan barbaadame kana itti guutamu dursee qopheessuun yookiin yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebii afgaaffii marii garee mirkaneessudha. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu walirraa adda ta'uu nimala. Kanaaf daawwannaan baayyee barbaachisa. Daawwannaan meeshaa maddoota odeeffannoo irraa funaannamu wajjiin tahuun yookaan naannoo isaan itti argamaniitti argamuudhan wanta raawwataniifi wanta isaan dubbatan dhiheenyaatti ilaaluufi dhagahuun mala odeeffannoon ittiin funaannamuudha. Kana malees, Cerswell (2009) akka ibsetti, daawwannaan meeshaa

qorataan, amalaafi gochoota madda ragaalee irraa funaanu qabaniifi raawwatan itti dhiyaachuun yaadannoo ragaalee odeeffannoof ta’u, ofii qaamaan daawwachaa qabatuudha. Yaada kana Dastaa, (2013:118) yoo ibsu, “Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofa.” jedha

Akaataa kanaan qorataan kun odeeffannoo bargaaaffi afaaffidhaan argametti dabalachuuf manneen barnootaa akka iddattootti fudhataman kana keessatti barreeffamoonni maxxaniifi beeksisoonni manneen barnootaa keessatti maxxanfaman akkasumas, ergaawwan bakka hiriiraattis ta’ee bakka garagaraatti barattoota Afaan Oromoo baratan kanaaf Afaan Oromootiin darbuufi dhiisuu isaa daawwachuudhaan haala qabatamaa hojiirra oolaa jiru ilaaluuf baayyee barbaachisa. Akkasumas daree barnootaa keessa seenudhaan haala baruubarsiisuu Afaan Oromoo itti barsiifamaa jiru, handhuura gabbisa barnootaa keessa akkuma barnoota kaanii meeshaaleen deeggarsa barnootaa barnoota Afaan Oromoo deeggaran jiraachuufi dhiisuu, mooraa mana barnootichaa keessatti beeksisoonniifi barreeffamoonni garagaraa Afaan Oromootiin barra’an jiraachuu isaafii kan kana fakkaatan qabatamaan daawwachuuf mala kanatti dhimma ba’amee jira. Mala daawwannaa kanatti dhimma ba’uun hojiirra oolmaa barnoota kanaa manneen barnootaatti qaaman argamuun kan daawwatame yoo ta’u innis hiriirarratti argamuun ergaawwan barattoota Afaan Oromootiin barataniif darbu daawwachuun, handhuura gabbisa barnootaa manneen barnootaa akka iddattootti filataman keessa jiran daawwachuun meeshaa deeggarsa barnootaa sirna barnoota Afaan Oromootiif tajaajila jiru daawwachuun, Mana dubbisa kitaabaatti argamuun kitaabilee dabalataa daawwachuun, beeksisaa fi barjalee manneen barnootaa keessatti maxxanani jiran daawwachuun, Meeshaalee deeggarsa barnootaa aadaafi duudhaa oromoo barsiisuu danda’an jiraachuuf dhiisuu isaanii daawwachuufi kanneen kana fafakkaatan daawwachuun mala kanaan odeeffannoon funaanamee jira. Yoomessi daawwannaan itti geggeeffames ganama ganamaafi yeroo boqonnaa barsiisotaa yoo ta’u manneen barnootaa sadi guyyaa lama lama kan daawwatame yoo ta’u mana barumsaa tokko guyyaa tokko qofa daawwannaan geggeeffamee jira. Walumaa galatti qorataan qorannoo kana geggeessuuf manneen barnootaa kanneen keessatti argamuun haala qabatamaa barnoota Afaan Oromoo ilaalchisee hojiirra oolmaa isaa qabatamaan daawwachuun odeeffannoo funaannatee jira.

### **3.4.4 Marii Garee**

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo muraasatti fayyadamuun argachuun odeeffannoo bal'aa argachuun rakkisaadha. kanaaf, afgaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha. Yaaduma kana fakkaatu David E. (2004:230) yoo ibsu, "Focus groups can be a low cost way of collecting data; but require a considerable amount of cooperation and enthusiasm from participants." Akka yaada kanaatti afgaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara, kanaaf odeef kennitoonni tokkummaafi fedhii qabaachuun isaanii baayyee murteessadha.

Dastaan (2002: 9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murtaa'aa ta'e tokko irratti kan qorataan hirmaattota marisiisuun argatudha." Kanumarraa ka'uun, qorataan namoota barnoota Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti kennamaa jiru kana keessatti kallattiidhaan qooda fudhatan walitti qaabuun dhiibbaa irra ga'eefi ga'aa jiru, akkasumas, bu'a qabeessummaa isaa irratti odeeffannoo kennuu danda'an walitti fiduun kan inni tokko dagate inni biraan yaadachiisuudhaan odeeffannoo ga'aa walitti qabachuuf qorataan kun mala kanatti dhimma ba'ee jira. Haaluma kanarratti hundaa'uun marii gareetiif mana barumsaa Dajjaazmaach wandiraa irraa barattoota ja'a marii gareetiin odeeffannoon kan irraa funaaname yoo ta'u, barsiisonni marii gareen odeeffannoo kennan immoo torbadha. Kan mana barumsaa Birahaana zaaree immoo barattoota ja'aafi barsiisota shan yoo ta'u, kan mana barumsaa Qoxaarii marii gareetiin odeeffannoo fudhachuuf hooggantoonni eeyyamamoo hin turre. Kan mana Barumsaa Inxooxxoo Ambaa barattoota ja'aafi barsiisota afurirraa odeeffannoon marii gareetiin kan funaaname yoo ta'u waliigalatti maneen barnootaa arfanirraa namoota afurtama irraa odeeffannoon marii gareetiin funaanameera. Namoonni marii gareetiif filataman kunniin mala akkayyootti waanan fayyadameef, namoota dhimma gaafatamniif ibasa ga'aa kennuu malu jedhamanii yaadaman keessaa filachuunidha. Odeeffannoon marii gareetiin funaaname kunis yeroo boqonnaa barattootaatti kan geggeeffamedha.

### **3.5 Tooftaa Xiinxala Ragaa**

Ragaaleen qorannoo kanaa malleen funaansa ragaaleetti fayyadamuun funaanamee jira. Akkasumas, ragaa itti gaafatamtoota waajiraa waajjira barnootaa, bakka bu'oota maatii barattootaa dura bu'ootaa manneen barnootaa irraa funaanname akka yaada odeeffannoo kennitoota irraa walitti qabameen xiinxalamuun ibsameera. Dastaa (2013:141) yoo ibsu, "Odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitootarraa gaafannaadhaan, daawwannaan, marii

gareen argame haala qabatama rakkina mul'ateetiin walitti fidanii dhiyeessudha.” jedha. Qorannichi mala qaaccessa ragaalee akkamtaafi ammamtaa kan fayyadamu yommuu ta’u, Kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsudha.

Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu, “The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions.” Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agarsiisu hubchuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta’e agarsiisa. Sababni qorataan mala akkamtaa filateefis dhimmoonni qorannicha keessatti ka’an barnoota Afaan Oromoo ilaalchisee magaala finfinnee keessatti mul’atu kallattiidhaan qooda fudhattoota irraa odeeffannoo barbaachisu walitti qabuun qaaccessera.

Qorannicha keessatti odeeffannoowwan bargaaaffii, af-gaaffii, daawwannaafi marii gareen argaman tartiiba isaanii eeggachuun kan xiinxalaman yemmuu ta’u, ragaan qaaceffames mala ibsaatiin ibsamee jira. Yaada kana Addunyaan (2011:62-63) yoo ibsu, “Qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta’eefi maaltu akka ta’aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha.” jedha.

# BOQONNAA AFUR: RAGAA QINDEESSUU

## QAACCESSUUFU HIIKUU

Boqonnaa kana jalatti ragaan waliigalaa odeeffannoo kennitootaan argame qorannoo kana keessatti argamu walitti qindaa'ee dhiyaatee jira. Xiinxala bu'aafi danqaalee Afaan Oromootiin magaala finfinneetti barsiisuu irratti odeeffannoon bargaa'fi, afgaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan qorataa Kanaan walitti qabame duraa duubaan dhiyaatee jira. Haaluma Kanaan qoratchi odeeffannoowwan walitti qabate mala akkamtaafi mala ammamtaatin kaa'uun qaacessee jira.

### 4.1. Haala Qabatamaa Namoota Odeeffannoo Kennanii

Qorannoo tokkoof bu'uurri namoota Odeeffannoon irraa funaanamudha. Kanaaf namoonni odeeffannoon irraa funaaname haala kanatti aanee jiruun ibsamee jira. Isaanis: Barattoota, Barsiisota, Hooggantoota maneen barnootaa, Hooggantoota waajira barnootaafi bakka bu'oota maatii barattootaa yoota'u, odeeffannoo guutuun waa'ee isaanii ibsu gabatee kanaa gadii keessatti ibsameera.

Qaamolee odeeffannoon irraa funaaname	Baayyina Odeeffattootaa															Yaada
	M/B/Wandira ad sad. 1ffaa			Birahaana zaaree sad. 1ffaa			Qoxaarii sad.1ffaa			Inxooxxoo Ambaa sad. 2ffaa			Ida'ama Waliigalaa			
	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhi	Du	Id	
Barattoota	3	4	7	1	6	7	2	4	6	2	4	6	8	18	26	
Barsiisota	4	6	10	7	3	10	6	4	10	5	5	10	22	18	40	
Hooggantoota	4	-	4	3	1	4	4	-	4	4	-	4	15	1	16	
Maatii/barattoota	3	-	3	3	-	3	3	-	3	3	-	3	12	-	12	
W/B/Aanaa	2	1	3	2	1	3	2	1	3	3	-	3	9	3	12	
K/Magaalaa	3	-	3	2	1	3	3	-	3	3	-	3	11	1	12	
Ida'ama	19	11	30	18	12	30	20	9	29	20	9	29	77	41	118	

Gabatee: 1 Daataa Namoota Akka Iddattootti Filatamuun Odeeffannoon Irraa Funaaname

Malleen Funaansa Odeeffannoo	Namoota Odeeffannoon Irraa Funaaname	Baayyina Odeeffattootaa															
		M/B/Wandir aad sad. 1ffaa			Birahaana zaaree sad. 1ffaa			Qoxaarii sad.1ffaa			Inxooxxoo Ambaa sad. 2ffaa			Id/waliigalaa			Yaada
		Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhiira	Dubara	Ida'ama	Dhi	Du	Id	
Afgaaffii	Barattoota	3	3	6	4	2	6	2	4	6	2	4	6	11	13	24	
	Barsiisota	4	6	10	7	3	10	6	4	10	5	5	10	22	18	40	
	H/M/B	4	-	4	3	1	4	4	-	4	4	-	4	15	1	16	
	M/Baratt	3	-	3	3	-	3	3	-	3	3	-	3	12	-	12	
	H/W/B/A	2	1	3	2	1	3	2	1	3	3	-	3	9	3	12	
	H/W/B/K/M	3	-	3	2	1	3	3	-	3	3	-	3	11	1	12	
Bargaaffii	Barsiisota	4	6	10	7	3	10	6	4	10	5	5	10	22	18	40	
	H/M/B	4	-	4	3	1	4	4	-	4	4	-	4	15	1	16	
	H/W/B/A	2	1	3	2	1	3	2	1	3	3	-	3	9	3	12	
Marii Garee	Barattoota	2	4	6	1	5	6	3	3	6	4	2	6	10	14	24	
	Barsiisota	4	3	7	2	3	5	-	-	-	1	3	4	7	9	16	

Gabatee: 2 Daataa Odeeffannoon Ittiin Funaaname

#### 4.1.1 Manneen Barnootaa Magaalaa Finfinnee Hanga Bara 2016 Tti Barnootaa Afaan Oromoo Akka Afaan Tokkoffaatti Kennamu Hin Eegaliin Jiran

Manneen barnootaa mootummaa Magaalaa Finfinnee keessa jiran: maneen barnootaa Sadarkaa 1ffaa 221 fi maneen barnootaa sadarkaa 2ffaa 70 walitti maneen barnootaa 323 keessaa maneen barnootaa sadarkaa 1ffaa 54 fi maneen barnootaa sadarkaa 2ffaa 10 walumaa gala maneen barnootaa 64 keessatti hanga bara barnootaa 2016 xumuramutti barnoonni Afaan Oromootiin kan hin kennamne ta'uu ragaan biiroo barnootaa Magaalaa Finfinnee irraa argame

ni mul'isa. Manneen barnootaa Afaan Oromoo keessatti hin eegalamin Kutaa magaalatiin Haala kanatti aanee jiruun ibsamee jira.

Ragaa Dhaabbilee Biiroo Barnoota Finfinnee Sirna Barnoota Afaan Oromoo Eegalaniifi Hin Eegaliin Bara Barnootaa 2016												
Lakka	Kutaa Magaalaa	Baayyina Aanaalee	Sadarkaa 1 <sup>ffaan</sup> duraa			Sadarkaa 1 <sup>ffaa</sup>			Sadarkaa 2 <sup>ffaa</sup>			
			M/B Jiran	Kan jalqaban	Kan hin jalqabne	M/B Jiran	Kan jalqaban	Kan hin jalqabne	M/B Jiran	Kan jalqaban	Kan hin jalqabne	
1	Gullallee	10	22	12	10	23	21	2	7	7	0	
2	Eekkaa	12	31	18	13	31	19	12	7	7	0	
3	Boolee	11	16	15	1	16	15	1	6	6	0	
4	Addis katamaa	12	24	11	13	35	20	15	8	4	4	
5	Lammii kuraa	10	15	15	0	16	16	0	8	8	0	
6	Lidataa	10	18	11	7	21	18	3	6	6	0	
7	Qirqoos	10	18	8	10	21	11	10	4	4	0	
8	Aqaaqii qaallittii	12	25	25	0	22	22	0	11	11	0	
9	Kolfee	11	17	13	5	24	19	5	7	7	0	
10	Araadaa	8	15	12	3	22	8	14	7	3	4	
11	Laaftoo	13	20	18	2	22	20	2	7	7	0	
Ida'ama		119	221	158	64	253	189	64	78	70	8	

*Gabatee:3 Manneen barnootaa birna barnoota Afaan Oromoo eegalaniifi hin eegaliin hanga bara barnootaa 2016*

## 4.2 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barsiisuun Eegaluu Isaatiin Danqaalee Hojiirra Oolmaa Isaa Irrtti Muudatan.

Qorataan kun Odeeffannoo qorannichaaf nagargaara jedhee yaade malleen funaansa Odeeffannoo nagargaara jedhee yaadetti fayyadamuun kanneen akka Af-gaaffii barsiisotaa,

barattootaa, hooggantootaafi maatii barattootaa irraa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabuudhaan ragaawwan argaman qaaccessessee jira. Haaluma kanaan Af gaaffin barattoota, barsiisota, hooggantootaafi maatii barattootaatiif dhiyaatan gaaffii cufaafaafi banaa ykn gaaffilee garlammee afuriifi gaaffilee banaa 8 kan of keessatti qabate yoo ta'u, walitti gaaffilee 12 kana jechuun gaaffileen afur kan odeef kennitoonni dhimma gaafataman irratti eeyyeniifi lakkiin deebisan yoota'u, sababa eyyee ykn immoo lakki jedhaniif kan ibsanidha. Gaaffileen banaan saddeettanimoo gaaffii gaafatamaniif daangaa tokko malee waan dhimma sanaan wal qabatee beekan haaluma isaaniif galeen kan ibsanidha jechuudha. Haaluma kanaan Manneen barnootaa arfan kallattii magaalaa Finfinnee arfan irraa barsiisota afurtama (40) irraa odeeffannoon af gaaffiin walitti qabame qaaceffamee jira.

Kana malees, odeeffannoon barsiisotarraa bargaaaffidhaan walitti qabame, kanneen maneen barnootaa arfanirraa yookan barsiisota 40 iirraa walitti qabames gaaffii banaa sadiifi gaaffilee cufaafi banaa walkeessa qabu kudha lama (12) walitti gaaffilee kudha shan funaaname haala duraaduuba isaa eeggateen qaaceffamee jira. Akkasumas bargaaaffiin dhiyaate kun hooggantoota maneen barnootaafi waajiraalee barnootaafif haala wal fakkaatuun dhiyaateefii jira. Akkasumas, Afgaaffiin barattootaaf dhiyaate gaaffilee banaa kudha lama (12) yoo ta'u, barattoota maneen barnootaa Arfan Kallattii magaalaa Finfinnee arfan irraa akka ddattootti filataman barattoota 26 irraa odeeffannoon funaaname qaaceffamnee jira. Itti dabalees odeeffannoon marii gareetiin funaaname gaaffilee banaa kudhan kan ofkeessatti qabatu yoo ta'u, nammoota marii gareetiin odeeffannoo kennan kanneen maneen barnootaa Arfanii barsiisota 16 barattoota 26 irraa odeeffannoon marii gareetiin argames qaaceffamee jira. Xumura irratti wantoota dhimma qorannoo kanaan wal qabatee jiru irratti hundaa'uun daawwannaa maneen barnootaa arfan irratti taasifameen odeeffannoon walitti qabame qaaceffamee jira. Walumaagalatti adeemsa odeeffannoo qaaccessa ragaalee kana keessatti qorataan kun odeeffannoowwan afgaaffii, bargaaaffii, marii garee barattootaa, maatii barattootaa, barsiisotaafi hooggantootaa, akkasumas daawwannaa maneen barnootaa keessatti taasifame irraa odeeffannoo argame xiinxaluun yaadolee cuunfaa kennee jira. Xiinxalli kunis, gaaffilee bu'uuraa arfan ka'umsa qorannoo jalatti dhiyaatan irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalamedha.

#### 4.2.1 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barnoonni Kennamuu Isaatiin Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisotaaf Dhiyaatee

Lakkoofsa	Hojiirra Oolmaa Isaa Irratti Danqaalee Muudatan Ilaalchisee Qabxiilee Xiyyeeffannoo	Safartuu						
		Eeyyee	%	D/darbee	%	Lakki	%	Yaada
1	Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen/ gufuuwwan akka hin kennamneef muudatan jiruu?	40	100%	-	-	-	-	
2	Manni barumsaa keessan barnoota Afaan Oromoo lammiileen akka baratan ni jajjabeessuu?	19	47.5	10	25	11	27.5	
3	Barsiisota dabalatee hawaasni mana barumsaa keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamuu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu?	21	52.5	9	22.5	10	25	
4	Hooggantoonni mana barumsichaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii kennuu?	11	27.5	23	57.5	6	15	
5	Barnoota Afaan Oromoo Magaala Finfinneetti kennamaa jiru kanaan wal qabatee barnootichi sirnaan akka baratamuuf to'annoofi deeggarsi ni taasifamaa?	25	62.5	15	37.5	-		
6	Kitaabni (meeshaaleen barnootaa) Afaan Oromoo hawwataafi mijataadha?	8	20	15	37.5	17	42.5	
7	Hirmaannaa barattoota Afaan Oromoo cimsuuf mana barumsaa irraa deeggarsi taasifamu jiraa?	19	47.5	16	40	5	12.5	
8	Wayitiin Afaan Oromoof ramadame haaluma sirni barnootaa eeyyamuun qoodamee hojiirra oolaa jiraa?	40	100	-	-	-	-	
9	Handhuura Gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kanneen Barnoota Afaan Oromoon kennamuuf tajaajilu jiraa?	-		31	77.5	9	22.5	

Gabatee 4: Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisotaaf dhiyaate

Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barnoonni Kennamuu isaatiin gufuuwwan muudatan ilaalchisee, qaaccessa odeeffannoo af-gaaffii Barsiisotaan argame haala gabatee armaan olii keessatti ibsameen gaaffii gaafatamaniif deebin isaanii taa'ee jira. Haaluma Kanaan, baayyinni barsiisota odeeffannoo kennanii afurtama yommuu ta'u, afurtamman isaanii hojiirra

oolmaa barnoota kanaa irratti danqaaleen garagaraa muudachuu heeranii jiru. Rakkoolee hojiirra oolmaa isaa irratti muudatan ibsuun wal qabatee gaaffii Manni barumsaa keessan barnoota Afaan Oromoo lammiileen akka baratan ni jajjabeessuu jedhuuf deebin isaan kennan nama Afurtama keessaa namni kudha sagal deebii eeyyee ni kennu jedhudha. Namoonni kudhan ammoo darbee dasrbeeti malee guutummaan guututti barattoonni sirna barnootaa kanaan akka barataniif jajjabeessuu irratti waan xiyyeeffannoon itti kenname miti yaada jedhu kaasani jiru. Kanneen hafan namoonni kudhan immoo waanuma ittiin barsiifamuu qaba jedhamee qajeelfamni itti kennameef malee waan tokkoyyuu hojii barattoota jajjabeessuun gara sirna barnootaa kanaan barachuutti akka dhufan wanti taasisan hin jiru yaada jedhu kaasani jiru. Kaala deebii gaaffii kanaaf kennamerra dhaabannee yoo ilaallu jalqabbiin gaariin akka jiruufi gruummoo fedhii guutudhaan irratti hojjetamaa akka hin jirre kan akeeku yoo ta'u, dhimma hubannoo uumuun barattootatti fedhii horuu irratti hordoffiifi deeggarsa taasisuun akka barbnaachisu odeeffannoo gamakanaan argamerra hubachuun ni danda'ama.

Kana malees gaaffii Barsiisota dabalatee hawaasni mana barumsaa keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu? Jedhuuf deebiin odeeffannitoonn kanneen kennan yoo ilaallu, namoonni digdamii tokko eeyyee kan jedhan yoo ta'u, yeroo barnoonni kun eegalu barsiisota afaan oromoo barsiisan irraa kan hafe hawaansi mana barumsichaa ija hamaan nu ilaalaa turan; amma garuu ilaalcha sirrii nuuf qabu. Inumaayyuu Afaan Oromoo nubarsiisaa jechaa jiru yaada jedhu kaasani jiru. Namoonni sagal immoo kanneen ilaalcha sirrii qaban darbee darbee jira malee ammayyuu gariin isaanii harka lafa jalaatiin jibbiinsa guddaa qabu jedhani jiru. Namoonni kudhan immoo kanneen oromoo ta'anirraa kan hafe warri kaan seeraan gaafatamna jedhaniiti malee gaarummaa nuuf hin yaadan yaada jedhu kaasani jiru. Hooggantoonni mana barumsichaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii kennuu? Gaaffii jedhuuf namoonni kudha tokko eeyyee kan jedhan yoo ta'u, namoonni digdamii sadi (23) darbee darbee malee yeroo dhimma Afaan Orom ootiif gaaffin garagaraa gaafatamu akka nama hin dhageenyee lafarra harkisuun ni mul'ata yaada jedhu kaasani jiru. Tajaajila barbaadan qixa batattoota kaanii yeroo gaafatamutti hinargatan. fakkeenyaaf walga'ii garagaraa yeroo geggeeffamu Afaan Oromootiin akka hin geggeeffamne odeef kennitoonni kunniin heeranii jiru. Kana malees, itti fayyadama miinimiidiyaa mana barumsaa irratti barattoonni Afaan Oromoon baratan harka lafa jalaatiin akka dhiibamaniifi waan dhiyeessuu barbaadan akka dhiyeessuu hin dandeenye kaasaniiru. Kunimmoo aamilee barattootaas ta'ee kan barsiisotaa irratti dhiibbaa gochaa akka jirullee kaasaniiru. Namoonni ja'a (6) immoo qajeelfama waan sodaataniifi malee tajaajila

sirrii nuuf kennu jechuu hin dandeenyu jechuun kaasanii jiru. Inumaayyuu daarektara keessaa nama Afaan Oromoo bakka bu'ee jiru waliiniyyuu walii galtee akka hin qabneefi dhiibbaa isarrattuyyuu kallattii garagaraatiin akka geessisaa jiran kaasanii jiru.

#### 4.2.2 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee Qaaccessa Odeeffannoo Af-Gaaffii Hooggantoota Manabarumsaatiif Dhiyaate.

Lakkoofsa	Hojiirra Oolmaa Isaa Irratti Danqaalee Muudatan Ilaalchisee Qabxiilee Xiyyeeffannoo	Safartuu						
		Eeyyee	%	D/darbee	%	Lakki	%	Yaada
1	Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen muudatan jiruu?	16	100	-	-	-	-	-
2	Manna barnootaa keessan keessatti barnoota Afaan Oromoo lammiileen akka baratan ni jajjabeessituu?	10	62.5	6	37.5	-	-	-
3	Barsiisota, hooggantoonni sadarkaan jiraniifi hawaasni mana barnootaa keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu?	7	43.75	8	50	1	6.25	-
4	Gaaffi barattoota biraas ta'ee barsiisota biraa tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii ni argatuu/ nideeggartuu?	16	100	-	-	-	-	-
5	Mana barnootaa keessan kanatti Afaan Oromoo kennamaa jiru kanaan wal qabatee barnootichi sirnaan akka baratamuuf to'annoofi deeggarsi ni taasifamaa?	14	87.5	2	12.5	-	-	-
6	Sirna barnootaa Afaan Oromootiif Kitaabni barataa ga'aan gosa barnootaa hundaan jiraa?	11	68.75	5	31.25	-	-	-
7	Wayitiin Afaan Oromoof ramadame haaluma sirni barnootaa eeyyamuun qoodamee hojiirra oolaa jiraa?	16	100	-	-	-	-	-
8	Barnoota Afaan Oromootiin kennamuun wal qabatee Rakkoolee maneen barnootaa keessatti mul'atan furuuf wanti isin danqu jiraa?	3	18.75	-	-	13	81.25	-
9	Barsiisota, barattootaafi hojjetoota bulchiinsaa hooggantan keessaa kanneen sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa geessisan jiruu?	2	12.5	-	-	14	87.5	-

Gabatee 5: Qaaccessa Odeeffannoo Af-gaaffii Hooggantoota Mana Barumsaatiif Dhiyaate.

Odeeffannoo Af gaaffii hooggantoota mana barumsaatiif dhiyaateen ragaan sassaabame gabatee kanaa olii kana keessatti qacceffame kun aakka ibsutti, yeroo Afaan Oromootiin barsiisuu eegale irraa eegalee danqaaleen hedduun muudachaa akka turan himanii jiru. Kunis namoota odeeffannoon irraa funaaname hunda biratti yaada wal fakkaataatu jira. Kanaaf dhibbeentaa dhibbaan rakkoon jiraachuu ibsanii jiru. Gaaffii mana barnootaa keessan keessatti barnoota Afaan Oromoo lammiileen akka baratan ni jajjabeessituu gaaffii jedhuuf dhibbeentaan 62.5 eeyyee ni jajjabeeffamu kan jedhan yoo ta'u, dhibbeentaan 37.5 ammoodarbee darbee kanneen fedhiisaa hin qabnes of dhoksanii akka jiran kaasani jiru. Barsiisota, hooggantoonni sadarkaan jiraniifi hawaasni mana barnoota keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu gaaffii jedhu gaafatamanii deebiin isaan kennan dhibbeentaan 43.75 eeyyee jedhanii jiru. Dhibbeentaa 50 kanneen ta'an ammoodarbee darbee rakkoon akka jiru heerudhaan dhibbeentaan 6.25 kanneen ta'an immoo ilaalchisirriin osoo jiraatee danqaan hin uumamu ture yaada jedhu kennan. Gaaffii barattoonnis ta'ee barsiisonni Afaan Oromoo dhimma Afaan Oromootii yoo gaafataman deebii akka argatan dhibbeentaa dhibbaan eeyyeeni jedhanii jiru.

Itti dabalees barnoota Afaan Oromootiin mana barnootaa keessanitti kennamuuf deeggarsiif to'annoon taasifamu duraan baayyee laafaa kan ture yoo ta'u, yeroo dhiyoon asitti garuu ordoffiif deeggarsi taasifamaa akka jiru kaasani jiru. Wayittin barnoota Afaan Oromootiin barreeffamuu ramadames haaluma ramadameen hojiirra oolaa jiraachuusaa dhibbaantaa 100 namoonni gaafataman hindi himanii jiru. Haata'u malee wayitiin qisaasa'us akka jiru kaasaniiiru. Danqaalee yookan rakkooleen dhimma barnoota Afaan Oromootiin qwalqabatee yeroo garagraatti muudatan furuuf rakkoo hamaan jiraachuu baatus darbee darbee rakkoon wayitii barnootaa waliin wal qabatee jiruufi hooggantoonni tokko tokko darbee darbee waan jiruuf guutummaan guututti rakkoon hin jiru jechuu hin dandeenyu jechuun heeranii jiru. Haala kana dhibbeentadhaan gaafa ilaallu dhibbeentaan 18.73 rakkoon ni jira kan jedhan yoo ta'u, dhibbeentaan 81.25 immoo rakkoon humnaa olii hin jiru jechuun kaasan. Barsiisota, barattootaafi hojjettoota bulchiinsaa hooggantan keessaa kanneen sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti dhiibbaa geessisan hin jiran kanneen jedhan dhibbeentaa 87.5 yoo ta'an, kanneen eeyyee jedhan immoo dhibbeentaa 12.5 ta'u. Walumaa galatti ragaan Afaan Oromootii hooggantoota maneen barnootaa irraa funaaname haala kanaan ibsamee jira.

### 4.2.3 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Af-Gaaffii Supparvaayizerootaafi Hooggantoota Waajira Barnootatiif Dhiyaate

Lakkoofsa	Hojiirra Oolmaa Isaa Irratti Danqaalee Muudatan Ilaalchisee Qabxiilee Xiyyeeffannoo	Safartuu						
		Eeyyee	%	D/darbe	%	Lakki	%	Yaada
1	Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen muudatan jiruu?	24	100	-	-	-	-	
2	Barnoota Afaan Oromoo lafa qabsiisuuf waajirri keessan maneen barnootatiif deeggarsa ni taasisaa?	21	87.49	3	12.5	-	-	
3	Barsiisota, hooggantoonni sadarkaan jiraniifi hawaasni naannoo maneen barnootaa barattootaafi barsoiisota irratti rakkoo akka hin uumneef hordoffiin jiraa?	24	100	-	-	-	-	
4	Hooggantoonni maneen barnootaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf hooggansa sirrii kennuu isaanii ni hordoftuu?	17	70.83	7	29.16	-	-	
5	Kitaabni barataa ga'aan gosa barnootaa hundaan maneen barnootatiif rabsamee jiraa?	18	75	6	25	-	-	
7	Barnoota Afaan Oromootiin kennamuun wal qabatee Rakkoolee maneen barnootaa keessatti mul'atan furuuf tarkaanfiin akka ooggansaatti fudhatame jiraa	19	79.2	5	20.83	-	-	

Gabatee 6: Qaaccessa odeeffannoo Af-gaaffii supparvaayizerootaafi hooggantoota waajira barnootatiif dhiyaate

Odeeffannoo Af gaaffii hooggantootaafi supparvaayizaroota waajiraalee barnootaa irraa odeeffannoon funaaname kan dhibbeentaadhaan haala kanaan ibsamee jira. Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen akka akka muudatan namoonni gaafataman hundiyyuu kaasani jiru. Kanammoo dhibbeentadhaan gaafa ilaallu dhibbeentaa 100 yoota'u, Manneen barnootatiif deeggarsi ni taasifama kanneen jedhan dhibbeentaa 87.49 yoo ta'an, darbee darbee hanqinni ni jiraata kanneen jedhan immoo dhibbeentaa 12.5 ta'u.

Kanneen rakkoo ilaalchaa qaban barsiisotas ta'ee barattoonni barattoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa akka hin uumneef hordoffiin taasistan jiraa gaaffii jedhuuf namoonni gaafataman digdamii arfan isaaniyyuu deebii eeyyee jedhu kennanii jiru. Inumaayyuu tarkaanfiin irratti fudhatamee adabamaniifi hojiirrallee hanga ari'amuutti ga'an akka jiran kaasani jiru.

Hooggantoonni mana barnootaarra jiran tajaajila walqixaa akka kennaa jiran ni hordofna kanneen jedhan dhibbeentaa 70.83 yoo ta'an, hordoffiin jiraatus raga qabatamaa dhabuu irraan kan ka'e namoonni of dhoksanii dhiibbaa uuman akka jiran kanneen kaasan immoo dhibbeentaa 29.16 ta'u. kataabni ga'aan maneen barnootatiif rabsameera kanneen jedhan immoo dhibbeentaa 75 yoo ta'an kanneen hanqinni iddoo tokko tokkotti ni mul'ata kanneen jdhan immoo dhibbeentaa 25 nidha.

#### 4.2.4 Gufuuwwan Muudatan Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaaf Dhiyaatee

Lakkoofsa	Hojiirra oolmaa Barnoota Afaan Oromootiin kennamu irratti Danqaalee muudatan Ilaalchisee Qabxiilee Xiyyeeffannoo	Safartuu						
		Eeyyee	%	D/darbee	%	Lakki	%	Yaada
1	Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen/ gufuuwwan akka isin Afaan Oromoon hin baranneef isin muudatan jiruu?	26	100	-	-	-	-	
2	Manni barumsaa keessan barnoota Afaan Oromootiin akka barattan isi jajjabeessuu?	6	23	12	46	8	30.7	
3	Barsiisota dabalatee hawaasni mana barumsaa keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu?	15	57.6	9	34.56	2	7.68	
4	Hooggantoonni mana barumsichaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii kennuu?	11	42.2	13	49.9	2	7.68	
5	Barnoota Afaan Oromoo Magaala Finfinneetti kennamaa jiru kanaan wal qabatee barnootichi sirnaan akka baratamuuf to'annoofi deeggarsi ni taasifamaa?	9	34.56	17	65.2	-	-	
6	Kitaabni (meeshaaleen barnootaa) Afaan Oromoo hawwataafi mijataadha?	22	84.48	-	-	4	15.36	
7	Hirmaannaa barattoota Afaan Oromoo cimsuuf mana barumsaa irraa deeggarsi taasifamu jiraa?	16	61.44	10	38.4	-	-	
8	Wayitiin Afaan Oromoof ramadame haaluma sirni barnootaa eeyyamuun qoodamee hojiirra oolaa jiraa?	26	100	-	-	-	-	
9	Handhuura Gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kanneen Barnoota Afaan Oromoon kennamuuf tajaajilu jiraa?	5	19.2	18	69.2	3	11.53	
10	Ergaan mana Barumsaa irraa isiniif darbu Afaan Oromootiin darbaa?	-	-	25	96.15	1	3.84	

Gabatee 7: Qaaccessa odeeffannoo Afgaaffii barattootaaf dhiyaate

Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen/gufuuwwan akka isin Afaan Oromoon hin baranneef isin muudatan jiruu? Gaaffii jedhuuf haala odeeffannoo gabatee kanaa olii keessatti ibsamerraa kan hunbannu, barattoonni digdamii ja'a (26) gaaffii af-gaaffidhaan isaaniif dhiyaateen dhimma kanarratti odeeffannoo kan kennan yoo ta'u, digamii ja'aan isaaniyyuu eeyyee deebii jedhu kennaniiru. Rakkooleen isaan ibsanis: yeroo barnoota Afaan Oromootin barachuun eegalamerraa kaasee danqaaleen garagraa barattoonni kunniin barnoota kana Afaan Isaanitiin akka hin baranne dhiibbaa hedduun muudachaa turuufi ammallee darbee darbee muudachaa jiraachuu isaa kaasanii jiru. Akka isaan ibsanitti rakkoon isaanirra ga'aa ture keessattuu bara jalqabaa baayyee hamaafi hanga lubbuu isaaniif sodaatanitti dhiibbaan irratti taasifamaa akka ture kaasu. Rakkoolee nurra ga'aature jedhanii kaasan keessaa; dareen qulqullina hin qabneefi rooba galchuu danda'u isaanif kennamaa turuu, daree barnootaa isaanii keessatti waan foolii xuraawaa qabu gatuu, barattootaan doorsifamuu, darbee darbee arrabsoofii reebichi jiraachuufi rakkooleen kana fafakkaatan isaanirra ga'aa akka ture kaasaniiru.

Rakkooleen kaafaman kunniin hafaa dhufuu isaafi yeroo ammaa kanattimmoo hanqina kitaabilee barnootaa, hanqina meeshaalee deeggarsa barnootaafi rakkoon ilaalchaa darbee darbee namoota muraasa biraa akka mul'achaa jirullee kaasaniiru. Kana malees, konkolaataa barattoonni afaan Oromoo ittiin deemanillee yoo argan akka namoonni konkolaataa sanaan barattoota san geejjibsiisan akkan tajaajila hin kennine gochuufillee yaalin taasifamaa turee jira. Itti dabalees gaaffii wayitiin gosa barnootaaf ramadame akkuma ramadametti akka ittiin barattaniif hojiirra oolaa jiraa? Jedhamanii gaaffii gaafatamaniif barattoonni digdamii ja'aaniyyuu deebii eeyyee jedhu deebisanii jiru. Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa barattoota sirna Afaan Oromootiin kennamuuf gargaaru ni argamaa gaaffii jedhuuf deebiin isaan kennan yeroo ilaalamu barattoonni shan eeyyee ni argama kan jedhan yoota'u, barattoonni 18 immoo darbee darbee wantoonni muraasni harkaan waraqaarratti bocaman ni mul'atu yaada jedhu kaasanii jiru. Barattoonni sadi (3) ammo meeshaa deeggarsa barnootaa tiin barannee hin beeknu yaada jedhu kaasanii jiru. Yeroo hiriiraas ta'ee yeroo waltajjii garagaraa ergaa isiniif darbu Afaan Oromootiin isiniif darbaa? Gaaffii jedhuuf barattoonni 24 darbee darbee akka tasaa Afaan Oromootiin ni darba jedhanii jiru. Barattoonni lama immoo Afaan Oromootiin ergaa guutummaan guututti darbu hin jiru yaada jedhun ibsanii jiru.

#### **4.2.5 Danqaalee Muudatan Ilaalchisee Qaaccessa Odeeffannoo Bargaaffii**

Magaalaan Finfennee magaalaa guddittii Oromiyaa kan handhuura Oromiyaa keessatti argamtu taatee osoo jirtuu baroota dheeradhaaf barnoonni Afaan Oromootiin kennamaa kan hin turre ta'uu yaadannoo yeroo dhuyooti. Sababiin barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu dhabeefis uummata Oromoo akka hin baranne gochuudhaan qabeenya isaa irraa saamuufii hari'achuuf muutumoota biyya Itoophiyaa kana bulchaa turaniin mirgi uummata Oromoo dhiibamaa akka turedha. Akka Odeeffannoon qorannoo Kanaan argame ibsutti magaalaa Finfinnee keessatti Afaan oromootiin barsiisuufi barachuu irratti waantootni dhiibaa fidan hedduudha. Isaan keessaa inni tokko hawaasa magaalaa Finfinnee muraasa kanneen ilaalcha Aftokkeefi sabtokkeetiin badhaadhanidha. Magaalaa Finfinnee keessa sabaaf sablammoota hedduutu jiraata. Sabaaf sablammoonni magaalaa Finfinnee keessa jiraatan hedduu haa ta'aniiyyu malee, waggoota dheeradhaaf olaantummaa sabatokkootiin ilaalcha sabtokkeefi Aftokkeetiin acuuccaa jala waan turaniif walqixxummaa Afaanotaa irratti amantummaan isaanii gadi aanadha.

Kana malees Afaan birootiin barachuuf fedhii qabaatanillee ittiin barachuuf sirni barnoota Afaanii biyya kanaa hin eeyyamu. Sababii kana irraa kan ka'e, Afaan Amaariffaatiin ala Afaan birootiin barchuun akka waan bu'aa hin qabneetti ilaalu. Kanaaf, erga carraan Afaan Oromootiin barchuu argamees, hawaasa magaalaa Finfinnee keessaa kanneen fedhiin isaanii aftokkee itti fufsiisuu ta'eefi ergamtoota isaanii kan ta'an kanneen ubannoofi ofitti amanamummaa mataa isaanii hin qabne barattootaafi barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif ilaalcha gaarii dhabuun hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo irratti yeroon isaan itti danqaa ta'an ni mul'ata. Kana malees, uummatumti Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiru tokko tokko immoo ofitti amanamummaa dhabuudhaan ilaalcha warreen Ilaalcha diinummaafi jibbiinsa Oromoofi Oromummaa qabanii fudhachuudhaan daa'imman isaanii Afaan Amaariffaatiin barsifataniifi ofiisaanii gananii akkuma baroota darbanii akka waan bittaa garbummaa sirna af tokkee jalatti hidhamanii jiraniitti kan of hin bariniifi eenyummaa isaaniitti qaana'an hedduutu jiru. Warreen akkasii jiraachun immoo ilaalcha warren jibbiinsa Oromoo qabanii fudhachuun kanneen carraa Afaan Ofiitiin barachuu argatanitti fayyadamuun barachaa jiranitti danqaa ta'aa akka jiran odeeffannoon qorannoo Kanaan argame ni ibsa. Kanaaf yeroo jalqabbii barnoota Afaan Oroo magaalaa Finfinneetti akka walii galaatti kennamuu eegale irraa haasii hanga yonaatti kallattii garagaraatiin bifa jijjiirrachuun qaamolee garagaraatiin kallattiinis ta'ee al-kallattiidhaan danqaaleen garagaraa jiraachuu isaa

odeeffannoon qorannoo kana irraa argame ni ibsa. Qaamolee barnoota Afaan Oromoo magaalaa Finfinneetti kennamu kanatti rakkoo uumaa turan kanaa gaditti ibsamani jiru.

#### **4.2.5.1 Danqaalee Gama Hooggantoota Manneen Barnootatiin Muudatan**

Bara 2012 yeroo barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu eegalutti hooggantoonni manneen barnootaa hedduun isaanii arka lafa jalaatiin namoota dhiibbaa uuman qindeessudhaan akka barattoonni Afaan Oromootiin baratan hin galmoofne gachaa turuu isaanii heeranii jiru. Kana qofa osoo hin ta'in barsiisonni Afaan Oromoo Kutaa magaalaa irraa xalayaa ramaddii fudhatanii yeroo gara mana barumsaa dhaqanitti hooggantoonni manneen barnootaarra jiran osoo barsiisonni Afaan oromootiin barsiisan osoo hin jiraatiin barsiisaan Afaan Oromoo mana barumsaa kanaaf hin barbaachisu bakka waan hin qabneef deemi jechuudhaan barsiisota ofirraa deebisaa akka turanillee odeef kennitoonni kaasanii jiru.

Kana malees, manneen barnootaa tokko tokko keessatti yeroo barnoonni Afaan Oromootiin kennamu eegalu sana hooggantoonni ifaan ifatti of baasudhaan osoon ani jiruu mana barumsaa kanatti Afaan Oromootiin hin barsiifamu jedhanii falmaa turan akka jiranillee odeeffannoo qabaachuu isaanii kaasaa turan. Kanaan wal qabatee hanga ammaattillee dhiibbaa hooggantoonni manneen barnootaa karaa al idilee ta'een taasisaniin manneen barnootaa barnoonni Afaan Oromootiin of danda'ee keessatti kennamaa hin jirre Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa shantamii afur, manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa kudhan waliigalatti manneen barnootaa 64 keessatti Barnoonni Afaan Oromoo ammayyuu osoo hin jalqabiin akka jiru Ragaan Biiroo barnootaa Magaalaa Finfinnee irraa argame ni ibsa. Kana malees, hooggantoonni manneen barnootaa irra jiran qoqqoodinsa daree barnootaa irrattillee dhiibbaa barattoota Afaan Oromoo irraan ga'aa akka turaniifi barattoota Afaan Oromootiif deeggarsi ga'aanillee taasifamaafii akka hin turre barsiisonni odeeffannoo kennuuf filataman kaasanii jiru. Akkasumas ilaalchi gaariin hooggantoota mana barumsaa irra ture baayyee gadi bu'aa waan ta'eef rakkoon muudachaa akka tureefi adeemsuma keessa rakkichi xiqqaachaa dhufaa jira. Yaada jedhu kaasanii jiru. Leenjiin garagaraa yeroo kennamuufi waltajjiin garagaraa dhimma baruu barsiisuu waliin wal qabatan yeroo kennamu Afaan Amaariffa qofaan kennama. Kuni ammo sadarkaa mana barumsaa qofatti osoo hin ta'in sadarkaa kutaa magaalattis ta'ee sadarkaa biiroo barnootaatti leenjiifi waltajjiin garagaraa yeroo geggeeffamu Afaan Amaariffaa qofaan kan kennamaa jiru ta'uun isaa ammallee rakkoo furmaata hin argatin jiru ta'uu isaa odeeffannoo argame ni ibsa. Walumaa galatti dareen barnootaa barnoonni keessatti kennamu barattootaaf mijataa ta'uu qaba.

Akkasumas baarattoota Afaan Oromoos ta'ee barattoota Afaan Amaariffaatiin baratan ija tokoon ilaaluun tajaajilli walqixaa hin kennamuuf yoo ta'e jaalalliifi ofitti amanamummaan barnootichaaf qaban gadi bu'aa waan deemuuf rakkoon ilaalchaa akkasii jiraachuunsaa daataan barattoota Afaan Oromoo Akka hin daballeef dhiibbaa amma tokko uumuu danda'ee jira. Dareen barattooni Afaan Oromoo itti baratan barataan barumsa kennamu irratti gammachuufi kaka'umsa akka horatan gochuun fedhii isaanii gara barumsatti kan fidu ta'uu osoo qabuu, darbee darbee maneen barnootaa tokko tokko keessatti kan mul'atu faallaa kanaa kan agarsiisu ta'uusaa hubachuun danda'ameera. Kana malees hooggantoota tokko tokko biratti darbee darbee kan mul'atu, yeroo barsiisonni Afaan Oromoo wayitii barnootaa guban callisaanii akka nama hin agarreetti ilaaluudhaan waan barsiisaa sana deeggaran fakkeessanii callisuunis rakkoolee gara jalqabaa keessa maneen barnootaa hedduu keessatti mul'atanidha. Sababiinsaa barsiisota wayitii guban saniif jedhanii osoo hin ta'in hawaasni ilaalcha barsiisonni Afaan Oromoo hin barsiisan jedhu qabachuun daa'inmman isaa kutaa Afaan Oromootti akka hin barsiifanneefi hawaasa magaalittii biratti akka hin fudhatamne gochuuf callisaa akka turan odeeffannoon qorannoo Kanaan argame ni mul'isa.

#### **4.2.5.2 Danqaalee Gama Barattootatiin Muudatan**

Magaala Finfinnee keessatti baroota dheeradhaaf barnoonni Afaan Oromootiin barnoonni akka hin kennamneef dhiibbaan garagaraa taasifamaa turee jira. Kanaanis lammiileen kallattii garagaraatiin miidhaaf saaxilamanii jiru. Waggoota muraasaan asitti erga barnoonni Afaan Oromootiin magaalaa Finfinneetti akka barsiifamuuf carraan argamee kaasee barnoonni Afaan Oromootiin barsiifamaa jira. Kanaan walqabatee qaamolee Afaan Oromootiin barnoonni kennamuun isaanitti hin tolle hedduudhaan rakkooleen garagaraa yeroo yerootti muudachaa tureera. Kanneen rakkoo uuman keessaa tokko barattoota Afaan Amaariffaatiin magaalaa Finfinnee keessatti barataniin rakkoolee uumamanidha.

Rakkooleen ykn dhiibbaan barattoonni Afaan Afaan Amaaraatiin baratan barattoota Afaan Oromootiin baratan irratti geessisan keessaa muraasni kanneen kanatti aananii tarreeffamanidha. Isaanis, Barattoota Afaan Oromootiin baratan reebuu, arrabsuu, doorsisuu. Akkasumas, Barsiisota Afaan Oromootiin barsiisan arrabsuu da'oo seeraa jalaa dhokachuun akka ragaan hin arginetti reebuu, doorsisuu, daree barattoonni Afaan Oromoo itti baratan keessatti waan foolii badaa qabu kaa'uun akka barattoonni keessa taa'anii hin baranne gochuu, Yeroo galmee barattootaa barnoonni Afaan Oromoo hin jiru yoo jiraates itti hin fufu jechuun ololaa sobaatiin barattoota sodaachisuu, Afaan Kanaan barattanii hojii hin argattan jechuun Amilee barattootaa cabsuufi kanneen kana fafakkaatan dhiibbaa barattoota Afaan

Amaariffaatiin barataniin barattoota Afaan Oromootiin baratan irra ga'an keessaa isaan muraasa ta'uusaa odeef kennitoonni kaasanii jiru.

#### **4.2.5.3 Danqaalee Gama Barsiisota Afaan Amaaraatiin Muudatan**

Barsiisonni mana barumsaa kanneen barsiisota Afaan Oromoo hin taane keessaa muraasni barattoota Afaan Oromootiin baratan irratti kallattii garagaraatiin dhiibbaa garagaraa irratti taasisaa akka turan odeef kennitoonni heeranii jiru. Dhiibbaan barsiisonni kunniin taasisan kallattiidhaan osoo hin ta'in kiyyoo seeraa keessa akka hin galletti al kallattiidhaan miidhaa irraan geessaa turuu isaanii ibsanii jiru. Dhiibbaan isaan irratti geessisaa turan keessaa muraasa akka fakkeenyaatti kan idsaan kaasan, balleessaa isaanii malee barattoota Afaan Oromootiin baratan arrabsuu, rukutuu, doorsisuu, kophaatti yeroo argatan immoo akka ragaan irratti hin argamnetti ilaallatanii sanyummaadhaa arrabsuu, barattoota Afaan Oromootiin hin baranne gorsuudhaan akka isaan barattoota Afaan Oromootiin baratan irratti dhiibbaa geessisan gochuun miidhaa alkallattii ta'e barattootarraa ga'aa akka turaniifi ammas darbee darbee rakkoon ilaalchaa akka isaan keessa jiru heeranii jiru. Fakkeenyaaf barattoota Afaan Amaariffaa barataniin barattoonni Afaan Oromoo baratan dhiibbaa isinirraan ga'uuf guyyaa boruu meeshaa waraanaa qabatanii galuun isin miidhuuf qophii xumuranii jiru. Kanaafuu isin maaf teessu jechuun akka isaan barattoota Afaan Oromoo irratti tarkaanfii fudhataniifi barattoonni Afaan Oromoo baratanimmoo sodaachuun barnootarraa akka hafan gochaa akka turaniifi gocha kanarraa kan ka'e barattoonni Afaan Oromoo reebamanillee akka jiran odeeffannoo kennitoonni ifatti kaasanii jiru. Itti dabalees, gumiiwwan garaagaraatiin sagantaalee barattootaan karaa miinimiidiyaa /sabaahimaa mana barumsaatiin darbu irratti barattoonni Afaan Oromoo yeroo dhiyeessuuf jedhanitti karaa alkallattii ta'een ittisuun Amilee barattoota Afaan Oromoo cabsaa akka turame heeranii jiru.

Kana malees Kanaan dura yeroo waltajjiin garagaraa geggeeffamu yeroo baayyee Afaan Amaariffaatin geggeeffama. Yeroo amma kana garuu Afaan lamaaniin walfaana geggeeffamuu eegalee jira. Haata'u malee iddoo tokko tokkotti nama sagantaa dhiyeessuuf Afaan Oromoo bakka bu'ee dhiyaate harkaa maayikii fuudhudhaan Callisee wal tajjiirra akka dhaabatu ykn immoo waltajjii dhiisee akka bu'u taasisuun ni mul'ata. Itti dabalees barsiisonni muraasni yeroo Afaan Oromootiin barnoonni magaala Finfinneetti akka kennamu jedhamuun banootichi eegalee kaasee hanga ammaatti hokkora yeroo garagaraatti geggeeffamaa ture keessatti barsiisonni kallattiinis ta'ee al kallattiin hirmaachaa turuu isaanii odeef kennitoonni heeranii jiru. Akkasumas barnoonni kun yeroo jalqaba eegaluu barsiisonni Afaan Oromootiin barsiisan yeroo mana barumsaatti barsiisuun ramadamanii dhaqan barsiisonni Afaan

Amaariffaa barnoonni Afaan Oromoo maaliif barbaachise jechuun barsiisota sodaachisuufi barattoonni Afaan Amaariffaatiin bartan akka isaan arrabsan gochuun barattoota qindeessuufii yaaliin kana fafakkaatan hedduun akka turan barsiisonni odeeffannoo kennuuf filataman kaasanii jiru. Kanaaf akka odeeffannoo funaanamerraa hubachuun danda'amutti hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oromoo kana irratti danqaaleen gama barsiisotaatiin muudachaa turuusaa odeeffannoo kanarraa hubachuun ni danda'ama.

#### **4.2.5.4 Danqaalee Gama Ofitti Amanamummaa Dhabuutiin Muudatan**

Barnoonni Afaan Oromoo magaala Finfinnee kanatti kennamuu qaba jedhamee qaama dhimmi ilaallatuun yeroo murtaa'u sabni oromoo magaala Finfinnee keessa jiraatan hedduu waan ta'aniif, mirgi qe'ee abbaa isaanii irratti Afaan isaanitiin barachuu akka kabajamuuf yaadameeti. Akkasumas Adaan Oromoofi safuuf safeeffannaan Oromoo ganamaa kan magaalaa guddittii oromiyaafi handuura oromiyaa taate magaalaa Finfinnee keessaa shiraan maqfame akka deebi'uuf yaadamee carraan kun kan argame ta'uusaa odeef kennitoonni heeranii jiru. Carraa argame kanatti fayyadamuun mirga uumamaa Afaan isaatiin dubbachuu, ittiin barachuufi barsiisuu, siyaasaaf diinagdee isaa ittiin geggeeffachuu, aadaafi duudhaasaa ittiin barsiisfachuun ammo ga'ee qaama carraa kana argateeti.

Haaluma Kanaan carraa argametti fayyadamuun kutannoodhaan ijji diinaa osoo arguu daa'immanisaa Afaan Oromootiin barsiifachuun Magaalli Finfinnee foolii Oromummaa akka qabaattuuf arrabsoofii doorsisa hedduu bira darbuudhaan barnoonni Afaan Oromoo akka magaala fininneetti lafa qabatu taasisanii jru. Akkasumas sabaaf sablammoonni boroonillee amma baratanitti kanneen ejjannoodhaan Aadaa oromoon ittiin beekamu gaarummaafi beekumsa oromoo hojiidhaan itti argisiisuun gootummaa oromoo kan calaqqisiisan hedduudha. Haata'u malee kanneen Ilaalcha dogoggoraa qaamolee jibbiinsa Oromoofi Sabaaf sablammootaaf qaaban qabatanii sodaa keessaa ba'uu dadhabuudhaan eenyummaa isaanii of dhoksanii orma of fakkeessudhaan diinota sabdaneessummaatiif harka reebaa turanis akka turan odeef kennitoonni qorannoo kanaa heeranii jiru. Gufuuwwan gama ofitti amanamummaa dhabuutiin muudatan yeroo ammaa kanatti hir'achaa kan jiran yeroo ta'u ammallee darbee darbee barattoonni muraasni Afaan Oromoo Afaan tokkoffaa saanii ta'ee osoo jiruu rakkoo hubannoo irraan kan ka'e afaan bniraatiin barachaa jiraachuu odeefkennitoonni heeranii jiru.

Kana malees gama barsiisota Afaan Oromootiin rakkooleen garagaraa darbee darbee muudachuu isaa odeef kennitoonni heeranii jiru. Barsiisonni Afaan oromootiin barsiisan keessaa muraasni Ogummaa barsiisummaatiin magaala Finfinneetti hojiif yeroo dorgoman irraa eegalee magaala guddittii biyyaa keessatti barsiisaa waan ta'aniif jireenya qananii jiraanna jechuun ilaalcha dogoggoraa faayidaa dhuunfaa irratti xiyyeeffate qabatani waan turaniif gaafa gara hojiitti seenan rakkoolee garagaraa kanneen akka rakkoo mana jireenyaa, qaala'insa jireenyaa, fageenya karaafi kanneen kana fafakkaatan dandamachuu dhabuudhaan, kaayyoo dhufaniif wallaaluun laafinni biratti mul'achaa turee jira. Kunimmoo kanneen kufaatii barnoota Afaan Oromoo eeganiif jajjabina ta'uu waan maluuf qaawwa gama kanaan mul'atu furuuf cichoominaan hojjehuu akka barbaachisu heeranii jiru.

#### **4.2.5.5 Danqaalee Gama Barsiisota Afaan Oromootiin Muudatan**

Barnoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti erga eegalee danqaaleen garagaraa kallattii gara garaatiin barnootichi akka galma hin geenyeeff wantoonni taasifaman hedduudha. Isaan keessaa tokko rakkoo yookan gufuuwwan gama barsiisota Afaan Oromootiin muudatan akka jiran odeeffannoon odeef kennitootarraa argame sirriitti mul'isa. Rakkooleen yookan hanqinaaleen gama barsiisota Afaan Oromootiin kaafaman: Yeroo ga'aa barnootiuchaaf kennuu dhabuu, wayitii barnootaa gubuu, yoo daree seenanis dafanii daree kaassaa ba'anii gara mana jireenya isaaniitti fiiguu, barnoota dabalataa akkaataa barbaachisummaa isaatti kennuu dhabuu. Walitti bu'iinsi dhuunfaa xixiqqoon barsiisotaafi barattoota mana barumsichaa biratti yoo muudate rakkicha gama rakkoo sanyummaan uumameetti fudhachuun hanqina gama isaanitiin muudate ittiin dhoksuuf yaaluu, Barattoota Afaan Oromoo barataniif gorsaafii deeggarsa ga'aa taasisuu dhabuufi haala jiruuf jireenya barattoonni Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jirani sirriitti bira ga'anii hubachuun deeggarsa barbaachisu gochuu dhabuu, darbee darbee rakkoon ga'umsaallee jiraachuufi kanneen kana fafakkaatan hanqinoota gama barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniin muudachaa tureefi ammas darbee darbee muudachaa kan jiru ta'uusaa odeef kennitoonni heeranii jiru.

#### **4.2.5.6 Manneen Hojii Mootummaa Keessatti Afaan Oromootiin Tajaajilli Kennamuu Dhabuu**

Hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiru tajaajina maneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran sadarkaa gadii irraa hanga sadarkaa olaanaatti tajaajila argachuuf yeroo deeman Afaan isaan ittiin tajaajila argatan Afaan Amaariffaa qofa waan ta'eef akkuma duraanii Finfinnee keessattis ta'ee akka biyyaatti Afaan Faayidaa guddaa qabu Afaan Amaaraa qofa akka ta'etti fudhachuun akka jiru odeef kenni toonni heeranii jiru.

Dhimma kanaan wal qabsiisee odeef kennitoonni tokko tokko akka kaasanitti, manni hojii baayyeen magaalaa Finfinnee keessatti ragaa Afaan Oromootiin barreeffameen tajaajira Argachuun waan hin danda'amneef akkuma sirna duraanii barreeffamicha gara Afaan Amaaraatti maallaqaan hiiksisanii tajaajila argachaa jiru. Kanarraa kan ka'e maatiin barattootaa yeroo daa'imman keessan Afaan Oromoon barsiifadhga jedhamanitti sababa kana kaasuun akka fedhii hin qabne ragaan argame ni mul'isa.

#### **4.2.6 Sababa Danqaalee Muudatanii**

Barnoonni Afaan Oromootiin barnoonni magaalaa Finfinneetti kennamuu erga eegalee, barnoonni kun akka ittifufiinsa hin qabaanneefi duubatti akka deebi'uuf kallattii garagaraatiin qaamoleen garagaraa dhiibbaa irratti geessisaa akka turan ragaan argame ni mul'isa. Qaamoleen Kanaan dura olaantummaa yaada isaanii dhugoomsufi sirna isaanii qofa biyya kana irratti beeksisuun fedhii isaanii malee fedhee sabaaf sablammoota biro biyya kana keessa jiraanii keessattuu kan saba oromoo qixa isaanii fuulletti ba'ee hin mul'anne barbaadan dhiibbaa guddaa geessisaa turaniiru.

Gufuuwwan qaamolee fedhii dhuunfaafi garee qaban Kanaan mui'achaa turanis kaallattii garagaraatiin qaamolee hawaasaafi kanneen birootti fayyadamuun kan adeemsisaa turanidha. Isaan keessaa muraasni: Sirna bulchiinsa mootummoota darbanii, Sirna barnootaa biyya kanaa kan mootummoonni ammaan dura biyya kana bulchaa turan hordofaa turanii, Ilaalcha jibbiinsa saba kanneen qabaniifii kanneen kana fafakkaatan madda danqaalee sirna barnoota Afaan Oromoo akka ta'an odeeffannoon argame ni ibsa.

##### **4.2.6.1 Ilaalcha Hawaasni Magaalaa Finfinnee Afaan Oromootiif Qabu**

Sirni bulchiinsa mootummoota darbanii akkuma dhufee darbuuf dantaa dhuunfaa isaanitiif jecha mirga sabaaf sablammoota biyya kanaa keessattuu mirga uummata Oromoo sarbuudhaan eenyummaa sabichaa ukkaamsuun Afaan ofiitiin akka hin baranne gochuun eenyummaa isaatti qaana'uun eenyummaa murna humnaan of ijaaree akka leellisu taasifamaa turee jira. Kanaaf gochi suukkanneessaa sirna bocuudhaan sabaaf sablammoota biyyittii irratti taasifamaa ture sun amma yeroo carraan Afaan ofiitiin barachuu, barsiisuu, eenyummaa ofiitti boonuun mirga saboota birookabajuun kan ofiis guddifachuu argame kanattillee akka hin dammaqneef dhiibbaa guddaa uumee jira.

Akkasumas namoonni sirnicha hordofaa jiran ammas waan jiraniif, ilaalcha dogoggoraa kana qabachuudhaan haala golgaa seeraa jala hin galleen ilaalcha duubatti hafa kan walqixxummaa sabaaf sablammootaatti hinamanne qabachuudhaan barnoonni Afaan sabaaf

sablammootaatiin akka hin kennamneef gufuu ta'aa jiraachuun isaanii odeeffannoo sassaabame kanarraa nimul'ata. Kanaaf ilaalchi hawaasni magaalichaa kanneen oromoo ta'anmi ta'ee kanneen oromoo hin taaneen muudatan rakkoo kanaaf sababa yookan madda ta'uu danda'ee jira.

#### **4.2.6.2 Rakkoo Siyaasaa**

Barnoonni biyya tokkoo kan kennamu imaammata barnoota kan biyyattii irratti hundaa'uudhaani. Barnoonni kamiyyuu himaammataan ala kan kennamu hin jiru. Kanaaf barnoonni kennamu kamiyyuu imaammata mootummaan biyya tokko bulchu bocatee ittiin bulchu irratti kan hundaa'udha jechuudha. Imaammanni Afaanii mootummoota yeroo dheeraaf biyya kana bulchaa turanii kan afaan tokko qofa irratti xiyyeeffateefi Afaan sabaaf sablammootaatiin barnoonni akka hin kennamne seera qabeessummaa itti gochuun ukkaamsaa turedha. Kuni ammo baroota dheeraaf barnoonni Afaan Oromootiin akka hin kennamne taasisee jira. Erga sirni barnoota Afaanii biyya kanaa fooyya'ee booda garuu Kanaaf sirni akkasii kan baroota dheeraaf uummata biyyittii keessattuu uummata magaalaa Finfinnee irratti hojjetamaa ture akka sabaaf sablammoonni yaada sana dafanii ofkeessaa hin baafneef madda rakkoo ta'uun gufuu ta'aa jiraachuu odeef kennitoonni heeranii jiru.

### **4.3. Faayidaa Magaala Finfinneetti Afaan Oromootiin Barachuun Ummata Oromoofi Sabaaf Sablammootaaf Qabu**

Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkoo meeshaa riqichaa ta'ee beekumsa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsudha. Uummanni Oromoo waggoota hedduu darban keessa Afaan isaatiin gargaaramee seenaa, falaasama, aadaafi og-barruu akkasumas, eenyummaa isaa akka hin kabachiifanne dhiibbaan irra gahaa tureera. Ta'ullee dhiibbaa irra gahaa tureef osoo hin jilbeefatiin Afaan Oromoo guddachaafi daggaagaa sadarkaa amma jiru irra gaheera. Haaluma kanaan Afaan Oromoo Afaan hojii naannoo Oromiyaafi Afaan barumsaa ta'uu irra darbee yeroo ammaa Afaan hojii Mootummaa Federaala Itiyoophiyaa akka ta'uu murtaa'eera. Kanaafuu guddina Afaan Oromootiif bu'aa guddaa buusa. Akkasumas, sabaaf sablammoonni magaala Finfinnee keessa jiraatan hundi ofii isaaniis ta'ee ijoollee isaanii yoo barsiisan bu'aan irraa argatan guddaadha. Sababiin isaa Uummata Oromoo bal'aa ta'e kana wajjin waliigaltee guddaa uumuudhaan tokkummaan gidduu uummataa akka cimuuuf gargaara. Kanaafuu barnoota Afaan Oromoo si'aayinaan yoo baratan faayidaan irraa argatan guddaadha.

Keessattuu kanneen Afaan Oromoo Afaan lammaffaa isaanii ta'e kanneen maatiin isaanii uummata Af-heddee dubbatan keessaa dhalataniifi Af heddeedhaan Afaan hiikkatan jireenya

hawaasummaa keessatti kan hin rakkanneefi saboota hedduu waliin walii galuuf akka isaan gargaaruu odeeffannoon qorannoo Kanaan argame ni ibsa. Sabaaf sablammoonni magaalaa Finfinnee keessa jiraatan Afaan Oromoo barachuun isaaniif carraa guddaadha. Sababiin isaa beekumsa namoota biroo irraa argachuuf sirriitti akka isaan gargaaraa jiru odeeffannoon argame ni ibsa. Yeroo hedduu ijoolleen maatiisaanii waliin sababa hojiifi jiruutiin iddoo dhalootasaanii irraa godaananii naannawa Afaan dhalootasaanii itti hindubbatamne ykn immoo itti hinbarsiifamne jiraatan Afaan dhalootasaanii dhiisanii Afaan naannawaa jiraatanii sanaan barachuuf dirqamu. Haalli kun immoo qayyabannaa egeree daa'immanii isa boruu qofarratti osoo hintaane, Afaan maatiisaanii baadiyyatti dubbatan dagatanii aadaafi safuu saba keessaa bahaniis akka dagatan taasisa.

Rakkoo kana furuudhaaf mirgi daa'imman hundi akka Afaan dhalootasaaniitiin baratan heeyyamu erga ragga'ee hojirra oolee turus, asuma Finfinnee keessatti ijoolleen Oromoos ta'ee kanneen saba biro keessaa maatiisaanii iddoo garaa garaa irraa dhufanii asitti isaan horan Afaan maatiisaaniitiin barachuuf carraa akka argatan kan taasifame garuu waggoota muraasa asitti carraan kun kan argame ta'uunsaa ni beekama.

Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoo babal'isuun alatti dhalattootni Oromoo magaalattii keessa jiraatan Afaan dhalootasaaniitiin akka barataniif ga'ee guddaa kan taphate qabsoo ilmaan Oromoo yoo ta'u, manneen barnootaa yeroo jalqabaatiif magaalattii keessatti akka Afaan Oromoo barsiisaniif adda bahanii turan afran sun har'a maneen barnootaa lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'anirraan kan hafe gara manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessa jiran hundatti guddachuudhaan Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin ijoolleen akka barnoota argatan taasifamaa kan jirudha. Manneen barnootaa muraasni lakkoofsaan 64 ta'an kan amma yoonatti sababa garagaraa funaanuun sirna barnoota Afaan Oromoo hin eegalin hafanis bara barnootaa 2017 kanatti guutummaan guutuutti akka eegalchiisan dirqamni itti kennamee hordofamaa akka jiran odeeffannoon argame ni mul'isa. Inumaayyuu maneen barnoota dhuunfaafi kan mootummaa hunda keessatti barnoomni Afaan Oromoo kanneen oromoo hin taanifis akka Afaan lammaffaatti kennamaa jira.

Finfinnee keessatti barnootni Afaan Oromootiin kennamu manneen barnootaa afuriin jalqabe yeroo ammaa gara manneen barnootaa hundaatti guddachuu qofa osoo hintaane, barattootni Afaan Oromootiin barachuu jalqaban 400 turan yeroo ammaa gara barattoota kuma sadeettamaa olitti guddachuu danda'aniiru. Finfinneetti barnoota Afaan Oromoo barsiisuun

barsiisota 200n eegalame yeroo ammaa dachaa hedduun dabalee gara barsiisota kuma 15 ta'aniin barnoonni sirna barnoota Afaan Oromootiin kennamaa jira. Waliigalatti baay'inni barsiisootaa akka Magaalaa Finfinneetti jiran kuma 31 yemmuu ta'u, kana keessaa immoo dhibbantaan 50 barsiisota Afaan Oromoo barsiisan akka ta'an odeef kenni toonni ni ibsu.

Akka hooggantoonni waajiraalee barnootaa kutaa magaalaa jedhanitti hojiin barnoota Afaan Oromoo Finfinnee keessatti babal'isuu kallattiiwwan xiyyeeffannoo guguddoo lama irraa ka'eeti. Kana keessaa inni jalqabaa afaan saba bal'aa kana ummatni biraa akka baratuufi akka sirnaan hubatu gochuu yemmuu ta'u, adeemsi kun immoo sochii Afaan Oromoo Afaan hojii mootummaa federaalaa taasisuuf godhamuufis deggarsa olaanaa kan qabaatuudha. Inni lammataa immoo ijoolleen Oromoo Finfinnee keessa jiraataniifi carraa Afaan dhalootasaaniitiin barachuu dhabanii Afaan biraatiin barachuudhaaf dirqaman immoo Afaan dhalootasaaniitiin barataniisadarkaa fooyya'arra akka gahaniif kan kaayyeffamedha.

As keessattis dhimmoota lamatu jira. Innis daa'imman Afaan dhalootaatiin baratan carraa waan baratan sana sirnaan hubachuufi bu'a qabeessummaa egereesaanii murteeffachuun faayidaa isatokko yemmuu ta'u, bu'aan inni lammataa immoo Afaan abbootaafi akaakileesaanii yemmuu baratanitti aadaafi safuu sabichaa sirnaan hubatanii dhaloota isaan booda jiruufis akka dabarsaniif kan isaan gargaarudha. Afaan dhalootaatiin barachuun faayidaalee amma kanaan olitti kaafne qofaa osoo hintaane, hojiiwwan qulqullina barnootaa mirkaneessuuf taasifamaa jiran milkeessuu keessattis iddoo guddaa akka qabu hooggantoonni waajira barnootaa kutaa magaalaa kaasaniis jiru.

### 4.3.1 Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisota, Hooggantootaa M/Barumsaafi Maatii Barattootaa

Lakkoofsa	Qabxiilee xiyyeeffannoo	Safartuu						
		Eeyye	%	D/darbee	%	Lakki	%	Yaada
1	Afaan Oromootiin barnoonni kennamuu isaatiin bu'aa, argameera.	92	100	-	-	-	-	
2	Afaan Oromootiin dubbachuun namoonni walii galan duraan darbee darbee kan mul'ataa ture amma baayyateera.	70	76	22	23.9	-	-	
3	Uummanni Oromoo Afaan isaatiin barnoota barachuu danda'ee jira.	87	94.56	5	5.43	-	-	
4	Namoota Afaan Oromoo haasa'an doorsisuun hafee jira.	90	97.8	2	2.17	-	-	
5	Hawaasni magaalaa Finfinnee eenyummaa, afaanifii aadaa isaa dagate akka of yaadatu taasisaa jira	85	92.3	7	7.6	-	-	
6	Tokkummaafi Waliin jireenya sabaaf sablammootaa Keessattuu kan saba Oromoofi Saboota kaan gidduu jiru cimee jira.	89	96.73	3	3.26	-	-	
7	Afaan kamiyyuu Afaan Kamii gadi akka hin taaneefi yoo baratan faayidaa qabaachuusaa haasarra kan darbe qabatamaan mul'isee jira.	85	92.38	7	7.6	-	-	
8	Sabooni kan biroonillee Afaan Oromoo akka baratan ta'ee jira.	86	93.47	6	6.52	-	-	
9	Diinagdeen magaalaa Finfinnee saboota Afaan tokko qofa dubbataniin socho'aa ture amma sodaa tokko malee sabaaf sablammoota magaalittii keessa jiran maraan sochoofamuu eegalee jira. Karaa biraa Afaan Oromootiin dubbachuun bitanii gurguruun eegalee jira,	58	63	34	36.95	-	-	
10	Faayidaawwan gama kanaan Argaman gara fuula duraatti cimee akka itti fufuuf qaamoleen dhimmi kun ilaallatu sirriitti qooda isaanii ba'uu qabu.	92	100	-	-	-	-	

Gabatee 8: Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee qaaccessa odeeffannoo Afgaaffii Barsiisota, hooggantootaa M/Barumsaafi maatii barattootaa

Afaan Oromootiin barchuun erga jalqabamee faayidaa argameen wal qabatee, ragaan odeef kennitootarraa Argaman ilaalchisee, qaaccessa odeeffannoo Afgaaffidhaan Barsiisota, Hooggantootaa M/Barumsaafi Maatii Barattootaa iraa funaaname haala gabatee kanaa olitti qaacceffame kanaa jechaan ibsuuf yaalamee jira. Haaluma kanaan, namoonni odeeffannoof gaafataman hundinuu erga Afaan Oromootiin barsiisuun eegalamee bu'aan hedduun argameera jedhanii jiru. Dhibbeentaadhaan yeroo ilaalamu dhibbeenta dhibba keessa dhibba jechuudha. Namoonni magaalaa Finfinnee kana keessatti Afaan Oromootiin dubbatanii walii galan muraasa kan turan yoota'u, yeroo ammaa heddummataa dhufeera kanneen jedhan dhibbeentaa 76 yoo ta'u, dhibbeentaan 24 immoo namoonni muraasni osoo Afaan Oromoo beekanii dubbachuuf kan itti qanaana'an akka jiran heeranii jiru. UUmmani Oromoo Afaan Isaatiin barachuuf guutumaan guututti carraa argateera ittiin barachaa jira kan jedhan dhibbeentaa 94.6 kan ta'an yoo ta'u, dhibbeentaan 5.4 immoo Oromoodhuma ta'anii rakkoo hubannoo irraa qabaachuu irraa kan ka'e ammayyuu Afaan Oromootiin daa'imman isaanii barsiifachuus ta'ee Afaan Oromootiin barachuuf fedhii kan hin qabne akka jiran himanii jiru. Namoota Afaan Oromootiin haasa'an doorsisuun hafee jira kanneen jedhan dhibbeentaa 97.9 yoo ta'an, dhibbeentaan 2.1 immoo kanneen Afaan Oromoo dhaga'uu hin barbaadu yoo Afaan Oromoo baratte manakootti hin galtu jedhanii kanneen hojjetoota isaanillee doorsisan akka jiran kaasanii jiru.

Kana malees, hawaasa Oromoo magaalaa Finfinnee eenyummaa, Afaanifi aadaa isaa dagate akka of yaadatu taasisaa jira kanneen jedhan dhibbeentaa 92.3 yoo ta'an, dhibbeentaan 7.7 immoo Ammayyuu kanneen akkuma yeroo garbummaa Afaan tokkoo jala jiran sanaatti kan of ilaalan jiraachuu kaasanii jiru. Tokkummaafi waliin jireenya sabaaf sablammootaa cimsaa jira kanneen jedhan dhibbeentaa 96.73 yoo ta'an dhibbeentaan 3.3 immoo ammayyuu kanneen jibbiinsa saba oromoo qaban akka jiran akeekanii jiru. Afaan kamiyyuu Afaan Kamii gadi akka hin taaneefi yoo baratan faayidaa qabaachuusaa haasarra kan darbe qabatamaan mul'isee jira kanjedha dhibbeentaa 92.4 yoo ta'an dhibbeentaan 7.6 immoo ammayyuu hojii baayyen akka hafu kaasanii jiru. Sabooni kan biroonillee Afaan Oromoo barachaa jiru kanneen jedhan dhibbeentaa 93.5 yoota'u, dhibbeentaan 6.5 immoo ammayyuu maneen barnootaa tokko tokko keessatti akka barsiifamaa hin jirre kaasanii jiru. Dhibbeentaan 63 diinagdeen magaalaa Finfinnee saboota Afaan tokko qofa dubbataniin socho'aa ture amma sodaa tokko malee sabaaf sablammoota magaalittii keessa jiran maraan sochoofamuu eegalee jira. Karaa biraa Afaan Oromootiin dubbachuun bitanii gurguruun eegalee jirajedhaniiru; dhibbeentaan 37 immoo ammayyuu diinagdeen harki caalu afaanuma duraan barameen sochoofamaa jira.

Afaan Oromootiin bittaa gurgurtaan guutumaan guututti hin eegalle jechuun kaasan. Namoonni odeeffannoo kana kennan hundinuu qaadafudhattoota barnoota kanaa kanuma caala cimani hojjechuun faayidaa caalu akka argamsiisuu qaban dhaamanii jiru.

**4.3.2 Magaalaa Finfinneetti Afaan Oromootiin Barnoonni Kennamuu Isaatiin Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaa**

Lakkoofsa	Qabxiilee Xiyyeeffannoo Faayidaa Afaan Oromootiin Barachuun Argame Ilaalchisee	Safartuu						Yaada
		Eeyyee	%	D/darbee	%	Lakki	%	
1	Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu isaatiin bu'aan argamee jira.	26	100	-	-	-	-	
2	Jalqaba barattootumti Oromoo ta'anii Afaan Oromootiin barachuutti qaana'aa turan; amma garuu ilaalchi kun jijjiiramee jira.	21	80.76	5	19.23	-	-	
3	Jijjiirama yaadaa nurraatti fidee jira. Nutis Saba kamii gadi akka hin taaneefi Afaan keenyas yoo ittiin baratame Afaan saayinsiif tekniinoolojii ta'uu akka danda'u hubachaa jirra.	19	73	7	26.9	-	-	
4	Magaala Finfinnee keessaatti kan duraan sodaachaa jiraannu ammaan kana Akka ofitti boonnu nu taasisee jira	22	84.6	4	15.38	-	-	
5	Walitti dhufeenya hawaasummaa barattoota saba biroo mana barumsaa keenya keessa jiran waliin qabnu dabalee jira.	20	76.9	6	23.1	-	-	
6	Sabaaf Sablammoonni biroonillee Faayidaa Afaan Oromoo barachuun qabu hubachuun barachuu eegalanii jiru	26	100	-	-	-	-	

*Gabatee 9: Bu'aawwan Argaman Ilaalchisee, Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattootaa*

Gabatee kanaa olii keessatti Bu'aalee barnootichaan barachuudhaan argaman ilaalchisee Afgaaffii barttootaaf dhiyaatetu qaacceffame. Haaluma Kanaan dhubbeentaa dhibba keessaa dhibba bu'aan argamuu isaa heeranii jiru. Jalqaba barattootumti Oromoo ta'anii Afaan

Oromootiin barachuutti qaana'aa turan; amma garuu ilaalchi kun jijjiiramee jira kanneen jedhan dhibbeentaa 80.8 yoota'an, dhibbeentaan 19.2 immoo ammayyuu kanneen Afaan Oromootiin barachuu akka gadi aantummaatti ilaalanii Afaan Amaariffaatiin baratan akka jiran kaasani jiru. Akkasumas, dhibbeentaan 73 ijjiirama yaadaafi ofitti amanamummaa barattoota irratti fidee jira kanneen jedhan yoo ta'u, dhibbeentaan 27 immoo ammayyuu osoo Afaan Oromootiin barachuu barbaadani afitti amanamummaa kan dhaban bayyedha jedhanii jiru.

Magaala Finfinnee keessaatti kan duraan sodaachaa jiraannu ammaan kana Akka ofitti boonnu nu taasisee jira kanneen jedhan dhibbeentaa 85 nidha. Dhibbeentaan 15 immoo ammayyuu yeroo kitaabilee garagaraafi waltajjii garaagraa irratti Afaan Oromootiin dubbatamuu didu baayyee nutti dhaga'ama jechuun kaasani jiru. Itti dabalees walitti dhufeenyi hawaasummaa barattoota saba biroo mana barumsaa keenya keessa jiran waliin qabnu dabalee jira kanneen jedhan dhibbeentaa 77 yoo ta'u, dhibbeentaan 23 immoo barattoonni tokko tokko sabaan qoodamuudhaan kan nurraa qoollifatan ni jiru jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Akkasumas sabaaf sablammoonni biroonillee Afaan Oromoo barachaa jiraachuu isaanii heeruun, kunimmoo guddina Afaan keenyaa nutti mul'isa waan ta'eef baayyee nitti tola jechuun himanii jiru.

### **4.3.3 Bu'aa Argame Irratti Xiyyeeffachuun Qaaccessaa Odeeffannoo Malleen Funaansa Odeeffannoo Bargaaffii**

Barnoonni Afaan Oromootiin Magaala Finfinneetti kennamuu erga eegalee bu'aa/faayidaa inni argamsiiseefi hojiirra oolmaa isaa irratti danqaalee muudatan ilaalchisee Qaaccessaa Odeeffannoo Malleen Funaansa Odeeffannoon garagaraatiin walitti qabaman baayyinaan waan wal fakkaatuuf, haala kanatti aanee jiruun qaaccfamee jira. Haaluma Kanaan mataduree kana jalatti odeeffannoo mala funaansa odeeffannoo Af-gaaffii, bargaaffii marii gareetiin walitti qabame kan qaacceffame yemmuu ta'u, barnoonni Afaan Oromootiin ;magaala Finfinnee keessatti erga barsiifamuu eegalee bu'aa inni amma ammatti buusefii gara fuula duraattis faayidaa argamsiisuu mala jedhamee yaadamu odeeffannoo argamerratti hundaa'uun qaacceffamee jira.

Magaala Finfinnee keessatti barnoonni Afaan Oromootiin gosa hundaan kennamu erga eegalee waggoota muraasa lakkoofsisee jira. Haata'u malee waggootan kanneen keessatti barnoota kana akka inni gufatuufi itti hin fufne gochuufi dhaloonni ittiin hin baranne gochuuf qaamolee garagaraatiin dhiibbaan garagaraa taasifamaa turuufi ammallee danqaaleen

garagaraa akka jiran ideeffannoon qorannoo Kanaan argame ni ibsa. Haa ta'u malee guutummaan guututti maneen barnootaa hunda keessatti haala wal fakkaataa ta'een haa banamuu baatuyyu malee. maneen barnootaa hedduu keessatti banamuun barnoonni ittiin krnnamaa jiraachuu isaas heeranii jiru. Akkuma danqaaleen hedduun jiran Faayidaawwan hedduun barnoonni Afaan Oromootiin barsiifamnuu erga eegalee argamanis baayyee Kan namatti toluufi abdiin namatti horu jiraachuu isaan heeranii jiru.

Qorannoo kana keessatti qorataan ragaawwan qorannoo kanaaf barbaachisan bargaaffii, Afgaaffii, mariigareefi daawwannaan erga odeeffannoo walitti qabateen booda odeeffannoo funaanamerraa ragaa argaterratti hundaa'uun duraaduubaan qaaccessessee jira. Haaluma kanarratti hundaa'uun bargaaffiin barattootaaf dhiyaatan gaaffii banaafi gaaffii cufaa kan qabudha. Gaaffii banana qorannoo kana keessatti qorataan kan itti fayyadameef, odeeffanno kennitoonni daangaa tokko malee yaada isaanii karaa ifa ta'een akka isaaniif galetti akka dhiyeessaniif kan gargaarudha. Akkasumas gaaffii cufaa jechuun qorataan qorannoo isaa kana keessatti kan itti fayyadame immoo gaaffilee gaafatamaniif karaa gabaabaa ta'een deebii gabaabaa itti kennuudhaan bifa eeyyee lakkiitiin kan gaafatamanidha. Haaluma Kanaan gaaffilee bifa afgaaffii, bargaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan dhiyaataniin odeeffannoo walitti qabachuun qaaccessuun danda'ameera. Manneen barnootaa sadan irrattuu afgaaffii, bargaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan odeeffannoon walitti qabamee qaaceffameera.

Walumaagalatti Odeeffannoo argames kanneen malleen funaansa odeeffannoo qorannoo kan keessatti caqafamaniin barsiisota, barattoota, maatii barattootaafi hooggantoota irraa argaman walitti fiduun kan xiinxalame yoo ta'u, ragaan funaaname kun ka'umsaafi kaayyoo qorannichaa bu'uureffachuun qabxiilee bu'uura ka'umsa qorannoo jalatti heeraman irratti xiyyeeffachuun qaaceffame. Isaanis: Magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiifamuu eegaluun isaa bu'aawwan akkamii argamsiise? Magaala Finfinnee keessatti yeroo Afaan Oromootiin barsiifamuun eegalamu danqaalee akkamiitu raawwii irratti muudate/muudataa jira? Maddoonni danqaalee maalfadha? Carraawwan argaman akkamitti cimuu qabu; danqaaleen jiran immoo akkamitti irradarbuun danda'ama gaaffilee jedhan kan bu'uureffatedha.

Kanaafuu Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti barsiifamuu erga eegalee sabaaf sablammoota waliin jiraatan waliin waliigaltteedhaan jiraachuuf, akkasumas, jiruufi jireenyi isaanii bu'aa qabeessa akka ta'u gochuu keessatti bu'aa guddaa Saba Oromoofis ta'ee sabaaf sablammootaaf buusaa jira. Akka odeeffannoon qorannoo kanaan sassaabame ibsutti

bu'aawwan argaman hedduudha. Isaanis: gama sabdaneessummaa mirkaneessutiin, gama walqixxummaa Afaanii mirkaneessutiin, gama dagaagina Afaanitiin, gama walqixxummaa sabaaf sablammootaafi ofitti amanamummaa sabootaa mirkaneessutiin, gama waliin jireenya hawaasummaa cimsuufi kanneen kana fafakkaataniin bu'aa hedduun kan mul'achaa jiru ta'uusaa odeeffannoo kennitootarraa ragaan argame nimul'isa.

#### **4.3.3.1 Bu'aalee Gama Waliin Jireenya Hawwaasummaatiinargaman**

Erga Afaan Oromotiin magaala Finfinnee keessatti barsiifamuu eegalee kaasee gama waliin jireenya hawaasummaatiin bu'aa hedduun kan argame ta'uu isaa odeeffannoon qorannoo Kanaan argame ni ibsa. Akka odeeffannoon funaaname ibsutti sabaaf sabalammoonni Itiyoophiyaa keessa jiraatan hudi hundi magaala Finfinnee keessa akka jiran ibsanii jiru. Haata'u malee sabaaf sabalammoonni kunniin Afaan hundinuu walqixa ta'uu isaafii sabaaf sabalammoonni hundi mirga walqixaa afaan isaanitiin walii galuu akka qaban seeraafi heera biyyattii irratti tumamee haajiraatuyyu malee hubannoon isaan itti fayyadama irratti qabaniifi hammi isaan itti fayyadaman muraasa ta'uu ibsu. Kanaafuu sabaaf sabalammoonni hedduun Afaan isaanii gataniin Afaan tokkicha kan baroota dheeraaf olaantummaadhaan biyya kana irratti akka dirqamaatti ittiin barachuus ta'ee walii galteedhaaf itti fayyadamuuf tajaajilaa turetti fayyadamaa jiraachuu ibsu. Kanaaf barnoonni Afaan orommootiin of danda'ee akkuma Afaan kamiyyuu ittiin baratamuu isaatin Uummata Oromoos ta'ee saboonni kanneen biroo Afaan isaanitiin dubatanii ittiin walii galuuf kan duraanii caalaa Afaan isaanitti fayyadamaa akka jiran heeranii jiru.

Akkasumasa sabaaf sabalammoonni Afaan Oromoo hin beekne illee erga barnoonni Afaan Oromootiin magaalaa kanatti kennamuu eegalee shaakaluudhaan namoota Afaan Oromoo beekan faana Afaan Oromootiin dubbachuun itti fayyadamaa jiraachuu heeranii jiru. Akkaumas, waliin jireenya hawaasummaa isaanii geggeeffachuu keessatti kan duraan Afaan Amaaraa qofa fayyadamaa turan yeroo mmaa kana guutummaan guuttutti ta'uu baatu Afaan Oromootiin dubbachuun waliigalaa akka jiran odeeffannoon qorannoo Kanaan funaaname nimul'isa. Fakkeenyaaf yeroo waltajjiwwan xixiqqaa kanneen akka Afooshaa, waltajjii nageenyaa, gaddaaf gammachuufi kanneen kana fafakkaatan naannawaa isaanitti geggeeffatan baroota darban keessa namni Afaan Amaaraatiin ala dubbatu Afoosha keessa hari'amaa kan ture yeroo ta'u, yeroo ammaa kana garuu Afaan lamaaninuu haasa'uun walii galuufi iddoo rakkoon jirutti wal danda'uun kanneen ilaalcha jibbiinsaa qabaachuu isaanii irraa kan ka'e Afaan Amaaraatiin ala Afaan biraa dhaga'uu hin barbaadu jedhanillee dogoggora isaanii hubachuudhaan Afaan dabalataa shaakalaa jiraachuu isaanii odeeffannoon argame nimul'isa.

### **4.3.3.2 Gama Sabdaneessummaatiin**

Magaala Finfinnee keessatti waggoota muraasaan dura sabaaf sablammoonni hedduun magaala Finfinnee keessa haa jiraataniyyu malee akka sabaatti kabajaafi mirgi sabummaa kan heera biyyittii irraati tumamee jiru qabatamaan lafarratti kan mul'atu hin turre. Saboonni hedduun mirgi sabummaa isaanii inni waraqaa irratti barreeffamee jiru murna muraasa baroota dheeraaf humnaan ofijaareen ukkaamamee kan jiru ta'uusaa heeramee jira. Erga barnoonni Afaan Afaan Oromootiin guutummaatti kennamuu eegalee sabaaf sablammoonni biyya kanaa kanneen magaala Finfinnee keessa jiraatanis ta'ee kanneen naannolee garagaraa keessa jiran Ofitti amanamummaa isaanii cimsachuudhaan, Afaan hundiyyuu walqixa ta'uusaa irruma caala hubachaa akka jiran namoonni odeeffannoo kennan caqasanii jiru. Kana malees sabadaneessummaan sirriitti hojjiirra ooludhaan saboonni hedduun Afaan hedduutti fayyadamuu eegalaniiru. Kanaanis magaala duraan Afaan tokko qofti haqa dabsuun olaantummaa labsate sun hi'achaa dhufuudhaan, Afdaneessummaan mul'achaa kan jiru ta'uusaa namoonni odeeffannoon irraa funaaname heeraanii jiru.

### **4.3.3.3 Bu'aa Gama Walqixxummaa Afaanitiin Argame**

Baroota dheeradhaaf barnoonni magaalaa Finfinnee keessatti kennamaa kan ture Afaan Amaaraa qofaan ture. Darbee darbee afaanota biyya alaatiinis ni kennama. Haa ta'umalee Afaan Oromootiin barsiisuuf yeroo gara garaatti qabsaa'otaafi hayyoota Oromootiin tattaafin taasifamus sirni bulchiinsa biyyittii walqixxummaa afaanii mirkaneessuuf mijataa waan hin turreef yeroo garaa garaatti tattaaffiin hayyootaa guutummaan guututti galma ga'uu hin dandeenye ture. Sababiin isaa wal qixxummaan Afaan biyya kana keessa waan hin jirreef ta'uu heeraanii jiru.

Afaaniifi hawaasni adda ba'anii waan hin ilaalamneef wal qixxummaan Afaanii yoo jiraate olaantummaan saba kamiyyuu waan hin jiranneef warri olaantummaa barbaadan Afaan isaanitiin ala Afaan biraa akka baratamu hinbarbaadan ture. Fedhii olaantummaa barabaraan of harkatti galfachuu kanneen qaban kunniin aangoo mootummaas waan harkaa qabaniif humnaafi istiraateejii garagaraatti fayyadamuun Afaan Oromootiin barnoonni akka hin baratamne godhanii jiru. Afaan Oromoo yeroo gabaabaa keessatti carraa barniinni akka ittiin baratamu argateen walqixxummaa Afaanota biyya kana keessa jiraniifillee abdiifi fakkeenya ta'uudhaan Biyya kana keessatti Afaan kamiyyuu walqixa akka ta'emirkaneessuun danda'amee jira. Kanaaf Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barnoonni kennamuun walqixxummaa Afaanii biyya kana keessatti abjuutti ilaalamaa ture dhugaa

taasisuun faayidaa guddaa Afaan Oromoo bira darbee Afaanota biyya kana keessa jiraniif bu'aa guddaa buusee jira.

#### **4.3.3.4 Gama Dagaagina Afaanitiin**

Afaan Oromootiin magaala Finfinneetti barnoonni kennamuu erga eegalee gama dagaagina Afaanitiin bu'aa guddaan kan mul'achaa jiru ta'uusaa namoonni odeeffannoon irraa funaaname fakkeenya waliin ibsanii jiru. Barnoonni Afaan Oromootiin magaala Finfinnee keessatti osoo kennamuu hin eegalin dura daa'imman dhiisaatii namoonni gurguddaan Afaan dhalootaa isaanii ta'eyyuu Afaan Oromoo fayyadamanii kan walii galan daran muraasa kan ta'eefi yoodubbatan iyyuu sodaachaa dubbatu. Akkasumas namoonni Afaan Amaaraa dubbatan waggoota muraasaan dura nama Afaan Oromoo dubbatu yeroo argan akka waan uumama namaan ala ta'e arganiitti dhiibbaa siinsammuufi kanneen kana fafakkaatan irraan ga'uuf kan yaalaa turan ta'uusaa ibsanii jiru.

Erga barnoonni Afaan Oromootiin magaala Finfinnee kana keessatti kennamuu eegalee garuu rakkooleen yeroodhaa gara yerootti hir'achaa jiru. Duraan namoonni gurguddoonillee Afaan Oromootiin akka barbaadanitti ittiin walii galuu kan hin dandeenye sun yeroo ammaa dubbatanii ittiin walii galuu bira darbee waltajjiwwan gara garaa yeroo geggeeffaman bakka tokko tokkotti Afaan Oromootiin akkuma Afaan Amaaraa wal qixa ittiin geggeeffamaa jiraachuu ibsanii jiru. Kanaaf barnoonni Afaan Oromootiin barratamuu irraan kan ka'e waggaa muraasa keessatti seenaa badaa Afaan Oromoo irratti raawwatamaa ture kan jaaarradhaan lakkaawwamu jijjiiraa jiraachuusaa hubachuun nidanda'ama.

Barnoonni Afaan Oromoo waggaa arfan kana dura yeroo barattoota Afaan tokkoffaan isaanii Afaan Oromoo ta'ee magaala Finfinnee keessa jiraatan keessaa muraasa kanneen ofitti amanamummaa qabaniifii eenyummaa isaanii irratti eenyuniyyuu hin sodaanne kan lakkoofsaan muraasa ta'aniin eegalee yeroo ammaa kana Oromoota hedduu magaala Finfinnee keessa jiraataniifi sabaaf sablammoonni magaala Finfinnee keessa jiran hundi fedhii isaanitiin barachaa kan jiran ta'uusaa qorannoon kun ifoomsee jira.

Kana malees daa'imman Sabummaan isaanii Oromoo ta'an gulantaa tokkoffaa irraa eegalee Afaan Oromootiin guutummaan guututti barachaa jiru. Daa'imummaa irraa Afaan haadhaa/ Afaan tokkoffaa isaanitiin barachuun safuufi safeeffannaa, dudhaa Oromoofi aadaa Oromoo guutummaan guututti barataniin waan guddataniif mallattoo eenyummaa isaanii sirriitti

ifoomsatanii beekanii beeksisuun barachuu irratti argamu. Kun ammo faayidaa guddaa egeree Afaan Oromoo guddisuufi Afaan teknioloogii gochuuf bu'aa guddaa qabaata.

#### **4.3.3.5 Gama Walqixxummaa Saabaaf Sablammootaafi Ofitti**

##### **Amanamummaa Sabootaa Mirkaneessutiin**

Afaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti. Sabni tokko Afaanifii aadaa mataa isaa hin qabu taanaan saba of danda'ee akka sabaatti mirgi isaa kabajamee siyaasaafi diinagdeedhaan of geggeessuu waan hin dandeenyeef saba biraatti maxxanee eenyummaan isaa awwaalamee saba biraatti waamama. Kanaaf Sabni tokko jaraachuuf Afaanifi aadaa eenyummaa isaa ibsu qabaachuu qaba. Kanaan Wal qabatee Maggaalli Finfinnee handhuura Oromiyaatti kan ijaarante qotee bulaa Oromoo irraa buqqisuun akka ta'e haqa nama hunda biratti dhugaa ta'edha. Ta'us uummanni Oromoo Finfinnee irraa sirna dabaan ijaarameen haa buqqa'uyyu malee guutummaan guututti Aadaa, Afaanifii eenyummaa isaa osoo gadi hin dhiisin gaagama irratti aggaamame jalaa oolfachuun Asiin ga'ee jira.

Haa ta'u malee guutummaan guututti Afaanifii Aadaa isaa dagaagsuuf Afaan isaatiin akka hin baranneefi Aadaa isaa akka hin dagaagfanne waggoota hedduuf ittifamaa ture. Erga barnoonni Afaan Oromootiin magaala Finfinneetti akka barsiifamuuf ejjannoo siyaasaa fudhatameen carraa argatee asitti Afaan Oromootiin barachuuf barsiisudhaan aadaa, duudhaafi beekumsa isaa dagaagsuutti argama. Sabni tokko guddachuu kan danda'u yoo Afaan isaa guddate waan ta'eef, gama eenyummaatiin Akkuma saba kamiyyuu walqixxummaan ilaalamuuf bu'aa guddaa buusaa kan jiruufii imalarra kan jiru ta'uusaa odeeffannoo qorannoo kanaaf sassaabamerraa hubachuun ni danda'ama. Akkasumas, namoonni dhoolootaan Oromoo ta'anii daa'imman isaanii Afaan Oromootiin barsiifachuun Oromummaa isaanii gama calaqqisiisuun Afaan eenyummaa isaanii ibsuun barsiifachuuf rakkachaa turan carraa kanatti fayyadamuun daa'immaan isaanii yeroo ammaa kanatti Afaan Oromootiin barsiifachuuf carraa argametti bfayyadamaa jiraachuu isaanii heeranii jiru.

### 4.3.3.6 Qaaccessa Odeeffannoo Daawwannaan Funaaname

Lakkoofsa	Qabxiilee xiyyeeffannoo daawwannaa mana barumsaa Dajjaazmaach Wandiraad sadarkaa Iffaa	Safartuu			
		Eeyyee	D/darbee	Lakki	Yaada
1	Ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Akkuma Afaan Amaaraatiin darban Afaan Oromootiin nidarbuu?		✓		
2	Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin Maxxanfamanii jiruu?	✓			
3	Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kanneen aadaa Oromoo ibsan kan Afaan Oromoo qindaa'ee jiraa?			✓	
4	Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoo fi mul'ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu?	✓			
5	Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku jiraa?			✓	
6	Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen dabalataa barnoota Afaan Oromoofi Aada Oromoo barsiisan jiruu?	✓			Ga'aa miti
7	Hojjetaan mana dubbisa kitaabaa Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoon baratan keessummeessuu danda'u jiraa?			✓	
8	Barreessitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta'ee barsiisotaaf qormaata barreessan jiruu?			✓	
9	Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan Oromootiin barreeffamee jiraa?	✓			
10	Hooggantoota mana barnootichaa keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan jiruu?	✓			

Gabateen kanaa olii kun odeeffannoo mana barumsaa Dajjaazmaach Wandiraad sadarkaa lffaan duraa, Sadarkaa lffaafi giddu galeessaa irraa funaaname yoo ta’u, chiikilistii

Lakkoofsa	Qabxiilee xiyyeeffannoo daawwannaa mana barumsaa Birahaana Zaaree sadarkaa lffaa	Safartuu			
		Eeyyee	Darbee darbee	Lakki	Yaada
1	Ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Akkuma Afaan Amaaraatiin darban Afaan Oromootiin nidarbuu?	✓			
2	Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin Maxxanfamanii jiruu?		✓		
3	Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan Afaan Oromoo qindaa’ee jiraa?			✓	
4	Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul’ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu?	✓			
5	Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku jiraa?			✓	
6	Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen dabalataa barnoota Afaan Oromoofi Adaa Oromoo barsiisan jiruu?	✓			
7	Hojjetaan mana dubbisa kitaabaa Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoon baratan keessummeessuu danda’u jiraa?			✓	
8	Barreessitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta’ee barsiisotaaf qormaata barreessan jiruu?			✓	
9	Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga’ee hojii isaanii ibsu Afaan Oromootiin barreeffamee jiraa?		✓		
10	Hooggantoota mana barnootichaa keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan jiruu?	✓			

daawwannaa kanaa irratti hundaa'uun odeeffannoo argame kan ibsudha. Haaluma gabatee olii kanarraa ubachuun danda'amuun mana barumsaa Wandiraad kana keessatti ganama ganama yeroo hiriiraa ergaan darbu harki guddaan Afaan Amaariffaatiin yoo ta'u muraasa isaa darbee darbee Afaan Oromootiin akka dubbatan daawwannaa taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Kana malees, gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksifni Afaan Oromootiin maxxanfame ni argama. Garuummoo baayyinaan Amma Afaan Amaariffaa miti. Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa ni argamu. Garuu Akka kan Afaan Amaariffaa quubsaa miti. Meeshaaleen Aadaa garuu kan hin jirre ta'uusaa Odeeffannoo daawwannaan argameen bira ga'ameera. Namoonni handhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetan Afaan Orootinis ta'ee Afaan Amaaraatiin barsiisota keessaa bakka bu'anii jiru.

Kana malees, barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul'ata mana barumsichaa Afaan lamaanin barreeffamanii jiru. Mana dubbisa kitaabaa keessa Kitaabileen Afaan Oromoo gosa barnootaa hundaan qophaa'ee jira. Garuummoo mana dubbisa kitaabaa sana keessa hojjetaan mana kitaabaa jiru Afaan Oromoo hin beeku. Barreesitoota mana barumsichjaa keessaa tokko Oromoo waan taateef dubbachuu sirriitti waan dandeessuuf deeggarsa ogummaa kompiitaraa barsiisota Afaan Oromootiif ni taasifti. Garuummoo Afaan Oromootiin barreessuu hin dandeessu. Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kanjiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan Amaaraatiin barreeffamee jira.

Gabateen kun odeeffannoo daawwannaan mana barumsaa Biraahaana zaaree sadarkaa Iffaan duraa, Sadarkaa Iffaafi giddu galeessaa irraa funaaname yoo ta'u, ergaan barattootaaf darbu Afaan Amaariffaatiin erga darbeen booda Afaan Oromootiin irra deebi'amee darba. Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootii maxxan faman baayyinaan hin mul'atan. Garuu darbee darbee maxxanee jira. Handhuura gabbisa barnootaa keessa kan Afaan Oromoo qindaa'ee hin jiru. Hojjettoonni handhuura gabbisa barnootaatti ramadamanii jiranis kanneen Afaan Oromoo beekan miti.

Barjaaleen mana barumsaa Biraahaana Zaaree keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul'ata mana barumsichaa ibsan Afaan lamaanin barreeffamanii jiru. Mana dubbisa kitaabaa keessa Kitaabileen dabalataa Sirna barnoota Afaan Oromoo deeggaran nijiru; garuu namni Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoo Afaan Oromootiin keessummeessu hin jiru. Barreesitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta'ee barsiisotaaf

qormaata barreessan hin jiran. Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan lamaanin barreeffamee jira. Hooggantoota Afur keessaa namni lama Afaan Oromoo dubbachuu danda'u.

Lakkoofs	Qabxiilee xiyyeeffannoo daawwannaa mana barumsaa Qoxaaarii sadarkaa Iffaa	Safartuu			
		Eeyyee	Darbee darbee	Lakki	Yaa da
1	Ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Akkuma Afaan Amaaraatiin darban Afaan Oromootiin nis nidarbuu?		✓		
2	Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin Maxxanfamanii jiruu?		✓		
3	Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan Afaan Oromoo qindaa'ee jiraa?			✓	
4	Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoo fi mul'ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu?		✓		
5	Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku jiraa?			✓	
6	Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen dabalataa barnoota Afaan Oromoofi Adaa Oromoo barsiisan jiruu?	✓			
7	Hojjetaan mana dubbisa kitaabaa Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoon baratan keessummeessuu danda'u jiraa?			✓	
8	Barreessitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta'ee barsiisotaaf qormaata barreessan jiruu?			✓	
9	Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan Oromootiin barreeffamee jiraa?		✓		
10	Hooggantoota mana barnootichaa keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan jiruu?	✓			

Ragaan daawwannaadhaan maneen barnootaa irraa funaaname kun akka ibsutti ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Afaan Amaaraatiin baayyinaan kan darban yoo ta'u darbee darbee Afaan Oromootiin itti himama. Akkasumas Beeksisoonni gabatee beeksisaa irratti argaman Afaan Amaaraatiin yoo ta'u kan Afaan Oromoo baayyinaan hin mul'atu. Meeshaaleen deeggarsa barnootaa handhuura gabbisa barnootaa keessatti argaman kan Afaan Amaaraatiin qophaa'e yoo ta'u, kan Afaanm Orom,ootiin qophaa'e muraasatu jira. Inniyyuu kanneen barsiisotaan hojjetaman malee kanneen gabaarraa bitaman hin mul'atan.

Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul'ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffamanii jiru. Garuummoo qixa Afaan Amaariffaa wanti Afaan Amaariffaatiin jiru hundi Afaan Oromootiin hin jiru. Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen jiranis, muraasa waan ta'aniif amma barbaadamu kitaabni hundi hin jiru. Barreessitoonni jitrū garuu kan Afaan Oromoo barreeuu danda'an miti. Biiroo keessa maqaafi ga'ee hojii hojjetaa kan ibsu afaan lamaanii barreeffamee jira. Hoggantoota mana barumsichaa afur keessaa lama namoota Afaan Oromoo beekanidha.

Lakk.	Qabxiilee xiyyeeffannoo daawwannaa mana barumsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa	Safartuu			
		Eeyye	Darbee	Lakki	Yaad
1	Ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Akkuma Afaan Amaaraatiin darban Afaan Oromootiin nidarbuu?			✓	
2	Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin Maxxanfamanii jiruu?			✓	
3	Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan Afaan Oromoo qindaa'ee jiraa?	✓			
4	Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul'ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu?		✓		
5	Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku jiraa?			✓	
6	Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen dabalataa barnoota Afaan Oromoo Adaada Oromoo barsiisan jiruu?		✓		
7	Hojjetaan mana dubbisa kitaabaa Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoon baratan keessummeessuu danda'u jiraa?		✓		
8	Barreessitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta'ee barsiisotaaf qormaata barreessan jiruu?			✓	
9	Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan Oromootiin barreeffamee jiraa?			✓	
10	Hooggantoota mana barnootichaa keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan jiruu?	✓			

Gabatee kana keessati odeeffannoon daawwannaan funaaname akka ibsutti ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Afaan Amaariffaatiin kan darbu yoo ta'u malee yeroo baay'ee ergaan Afaan Oromootiin hin darbu. Gabatee beeksisaa irrattis beeksisni Afaan

Oromootiin maxxanee jiru hinjiru. Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin maxxanfamanii jiran hin jiran. Kana malees, handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kan Afaan Oromoo qindaa'ee jira.

Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoofi mul'ata mana barumsichaa ibsan Afaan Oromootiin qixa Afaan Amaariffaa barreeffamee hinjiru. Akkasumas, kallattii agarsiiftuun Afaan Oromootiin barreeffamee hinjiru. Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku miti. Mana dubbisa kitaabaa mana barumsichaa keessa kitaabileen dabalataa Afaan Oromootiin barreeffaman ga'aan hin jiru. Barreessitoonni mana barumsichaa kan Afaan Oromoo barreessuu danda'an hin jiran. Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga'ee hojii isaanii ibsu Afaan Amaariffaa qofaan barreeffamee jira. Man barumsichaatti hoogantoota keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan nama lamadha. Walumaa galatti odeeffannoon daawwannaadhaan funaaname kanneen kanaa olitti ibsame kanadha.

#### **4.4 Danqaalee Muudatan Maksuuf Ga'ee Qooda Fudhattoota**

Mirga sabaaf sablammootaa magaala Finfinnee keessa jiranii eegufii walqixxummaa mirkaneessuuf, Akkasumas Mirga uummata Oromoo qabeenyasaa, Aadaasaa, safuufi eenyummaa isaa, qabeenyaafi duudhaa isaa dhabee ture deeffatee aakkuma saba kamiyyuu biyya isaa irratti wal qixxummaadhaan akka jiraatuufi daa'imman isaa akka barsiifatuufii Sabaaf sablammoonni magaala Finfinnee keessa jiran hundi rraa fayyadamoo akka ta'a'aniif qaamolee qooda fudhattoota ta'an bulchiinsa magaalaa Finfinnee, Hooggansa barnootaa, Barsiisota, Barattootaafi maatiin barttoota shoor olaanaa ba'uu akka qaban dhaamanii jiru.

##### **4.4.1 Gama Bulchiinsa Magaalaa/ Mootummaarraa Kan Eegamu**

Saba Oromoos ta'ee sabaaf sablammoonni magaala Finfinnee keessa jiran mirga afaan saanitiin barachuu seeran kennameef hojiirra oolchuufi ilaalcha olaantummaa Afaan tokkoo magaalittii keessatti dogoggoraan hundee godhatee nageenya biyyaa jeeqaa jiru dhabamsiisuuf kutannoon hojjechuu barbaachisa. Bulchiinsi magaala Finfinnee heeraafi seera biyyattii osoo hin sharafamin kabachiisuuf dirqama isaa ba'achuu qaba. Qaamolee Magaala Finfinnee kana keessatti mirga sabaaf sablammootaa sarban irratti qajeeltoo seeraa fudhachuudhaan mirga sabaaf sablammootaa wal qixa eegsisuuf dirqama isaa ba'uu barbaachisa.

Kana malees, Hawaasa magaalaa finfinneetiif hubannoo uumudhaan yeroo yerootti qaamolee rakkoo uuman adda baafachuun hawaasa waliin ta'uun tarkaafii seeraa barsiisaa ta'e fudhachuun akka irraa eegamu odeef kennitoonni kaasanii jiru. Karaa biraatiin ammoo qaamolee fedhii olaantummaa Afaan tokkoofi saba tokkoo dhaadhessaniin nageenya mana barumsaas ta'ee nageenya hawaasa magaalittii booressan irratti dammaqinaan hojjechuu akka qabuufi olaantummaa seeraa osoo hin sharafamin mirkaneessuun mootummaa/ bulchiinsa magaalaa Finfinnee irraa kan eegamu ta'uusaa heeranii jiru. Kana malees, mootummaan seektoroota mana hojii hunda keessatti hawaasni Oromoo Afaan isaatiin tahjaajila Akka argatuufi waltajjii hawaasaa kamiyyuu yeroo geggeessu sadarkaa gadiitii hanga sadrakaa olaanaatti Afaan lamaanuu wal qixa fayyadamuun walqixxummaan Afaanii gama kanaan akka hojiirra ooluuf ga'ee olaanaa akka qabuufi hojjettoota mootummaa sadarkaan jiran irraa kan eegamu ta'uu heeranii jiru.

#### **4.4.2 Bulchiinsa Barnootaa Irraa Kan Eegamu**

Magaala Finfinnee olaantummaan Afaan tokkoo itti hundee godhatee ture keessatti Afdaneessummaa mirkaneessuuf hojiin gama biiraa barnootaa magaalaa Finfinneetiin hojjetamaa jiru hojii gaaridha. Kanuma caala kaayyoo Af daneessummaa qabatee ka'e fiixaan baasuuf ciminaan hojjechuun barbaachisaadha. Kanaaf qajeelfamaafi danbiiwwan sadarkaa biiraa barnootaatti boramanii hojiirra oolaa jiranis ta'ee baakkeewwan hir'inni mul'atanittis kanuma caala hojjechuun qaawwi gama sanaan akka hin muudanneef ejjannoo cimaa qabaachuun hojjechuu barbaachisa jechuun kaasanii jiru.

Qajeelfamni hojiilee kallattiidhaan biiraa barnootaa irraa gara waajiraalee barnootaa kutaa magaalatti gadi bu'an haaluma qajeelfamaatiin hojiirraa oolaa jiraachuu isaa ciminaan hordofuun barbaachisaadha. Waajirri barnootaa kutaa magaalaa immoo hojiilee kallaatiin biiraa barnootaa irraa gadu bu'an sasarkaa Aanaalee irraati hojiirra oolaa jiraachuu isaa gabaasa qofa fudhachuu osoo hin ta'in qabatamummaa isaa mirkaneessuu akka qaban heeruun barbaachisaadha. Keessattuu Afdaneessummaa ilaalchisee kallattiin Afaan lamaaniiin walqixa hojjechuufi barsiisuu biiraa barnootaa irraa kennamee jira. Qabeenya humna namaatinis wal qabatee hir'inni darbee darbee yoo jiraatellee sirna barnootaa lamaaninuu humni namaa sadarkaa biiraa barnootaa irraa eegalee hanga mana barumsaatti akka jiru odeef kennitoonni heeranii jiru. Kuni akka gaaritti kan ilaalamu yoota'u, hojii hojjetamu waliin wal qabatee garuu agarsiistuun jiraatus Af daneessummaa ilaalchisee hanqinni baayyeen hojiirratti akka mu'achaa jiru heeranii jiru. Kanaafis akka fakkeeniyatti kan kaasan, Biiraa barnootaa irraa eegalee hanga Hooggantoota mana barumsaa bira ga'utti waan ofumaa kallattii kennan

ofumaaf immoo cabsaa akka jiran hubachuun ni danda'ama. Innis beeksiisaafi gaabaasa marsariitii biiroo isaanii irratti gadi lakkisaniifi beeksisoota gabatee beeksisaa irratti maxxansan Afaan lamaaniin maxxansuun osoo danda'amuu Afaan tokko qofa fayyadamaa jiraachuu isaanii hubachuun ni danda'ama. Kunimmoo Afdaneessummaa duubatti kan harkisuufi ilaacha af tokkee duraan ture san keessaa ba'uuf rakkachaa jiraachuusaaniif agarsiistuu jabaadha jechuun kaasu.

Ilaalcha kana cabsuuf ammoo akka mana barumsaa isaaniitti fooyyeen kan jiruufi amma ergaawwan adarban afaan lamaaniin akka darban gochuufi beeksisoonni garagaraa Afaan lamaaniin maxxanfamaa jiraachuu heeranii, guutummaan guututti wal qixa jechuun rakkisaa ta'uusaa himanii jiru. Haa ta'umalee ergaawwan marsariitiiwwan waajira barnootaa Aanaa, kan waajira barnootaa kutaa magaalaa fi kan biiroo barnootaatiin darban irratti garuu komii guddaa qabaachuu isanii heeranii jiru. Kana malees waltajjiiwwan seektera barnootaa gara garaa sadarkaa kutaa magaalattis ta'ee sadarkaa biiroo barnootaatti waltajjii yeroo garagaraatti geggeeffamu irraatti, seeksterri barnootaa guutummaan guututti Afaan lamaaniin hojiirra oolaa akka jiru osuma beekanii Maanuwaaliin dhiyaatuufi Afaan waltaajjiin ittiin geggeeffamu Afaan tokko/Amaariffa qofaan taasifamu nimul'ata. Sababii kanaaf barsoosoonni Afaan Oromoo kanneen Afaan Amaariffaa hin beekne hedduun kaayyoo waltajjiin taa'ameef osoo hin barin akka hafan heeranii jiru. Kanaaf Biiroo barnootaa irraa eegalee hanga sadarkaa Aanatti dhimmi kana irraatti xiyyeeffannoon hojjetamuu akka qabu odeef kennitoonni heeranii jiru.

#### **4.4.3 Barsiisotarraa Kan Eegamu**

Magaala Finfinnee keessatti barnoota Afaan Oromootiin barsiisudhaan Finfinnee adaafii safuu Oromoo ganamaa dagatte keessatti Aadaafi safuuf safeeffannaa duudhaa Oromoo ganaa sana barsiisuun bakkatti deebisuuf ga'een barsiisaa baayyee olaanaafi kan bakka bu'aa hin qabnedha. Kanaaf immoo rakkoolee kallattii garagaraatiin muudatan dandamachuun waareegama goota darbanii yaadachuudhaan obsaafi cichoominaan hojjechuun barbaachisaadha. Akkasumas, mallattoo Oromoon ittiin beekamu kan addunyaan ittiin Oromoo beeku jaaalalaafi Arjummaa akkasumas ofitti qabuufi haammachuu, dhiifama gochuufi waan hundumaa obsaan dabarsuun gootummaaf hojiidhaan addaduree ta'uun barsiiota irraa kan eegamu ta'uu kaasanii jiru.

Kana malees, mana barumsaa isaanii keessaatti hawaasa mana barumsaa isaanii waliin tokkumaa cimsuun hawaasni mana barumsaa isaanii hundi barnoota Afaan Oromoo jaalatanii

akka barataniif fakkeenya gaarii ta'uun akka isaanirraa eegamu heeranii jiru. Akkasumas barattoota Aadaa Oromoo kallattii maraan beekanii barsiisuu danda'an hoomishuun, Muummee/giddugala meeshaalee aadaa Oroomoofi sirna gadaa diimokiraasii adduyaatiif madda ta'e beeksisuu danda'aniin faayamte horachuun akka isaanirraa eegamu beekanii ga'ee isaanii sirnaan ba'achuu akka qaban heeranii jiru.

Itti dabalees, barsiisonni Sirna barnoota Afaan Oromootiin barsiisan barnoota barsiisaniif xiyyeeffannoo guddaa keennanii hojjechuutu isaanirraa eegama. Barnoonni Afaan Oromoo magaala Finfinneetti kennamu kun akkasumaan akka qoosatti kan argame osoo hin ta'in cichoominaafi qabsoo ilmaan oromoo dhiigaaf lafee isaanii itti wareeganiin kan argame ta'uusaa hubachuun barnoota kana xiyyeeffannoon barsiisuu akka qaban namoonni odeeffannoon irraa funaaname kaasanii jiru. Barsiisonni Magaala Finfinneetti sirna barnoota Afaan Oromootiin barsiisuuf carra argatan kunniin dhimma dhuunfaafi rakkoolee jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti isaan muudachuu danda'u mara injifachuun barattoota kana xiiqiifi onnee guutuun barsiisuun ga'oomsuu danda'uu qabu. Sababiinsaa barattoonni magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin baratan kanneen ga'oomsuun dhimma barattoota barsiisuu qofa osoo hin ta'in, dhimma adaa, safuufi safeeffannaa, falaasama, siyaasaafi eenyummaa Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti bakkatti deebisuu waliin wal qabata waan ta'eef, carraa guddaa argatan kanatti fayyadamuun, magaalaa Finfinnee Oroomoon dachee isaa irratti mirga uumamaan kennameef itti sarbame, lafa seena qabeessa kanarratti itti gaafatamummaa guddaa itti kenname sirnaan ba'achuu qabu.

Barsiisonni Sirna barnootaa Afaan Oromootiin barsiisan barnoota qulqullina qabu kennuufii barattoota /lammiilee abdiin egeree kan ga'umsa qaban hoomishuuf of kennanii hojjechuu qabu. Meeshaalee deeggarsa barnootaa hoomishuufi itti fayyadamuu, Mannii barnootaa isaanii wantoota isaan barbaachisu handhuura gabbisa barnootaa keessatti akka galchanis ta'ee, galteewwan barnootaa sirna barnoota Afaan Oromootiin kennamuuf oolu akka guutaniif dhiibbaa gochuu danda'uutu isaan irraa eegama. Akkasumas, mana dubbisa kitaabaa kitaabileen dabalataa sirna barnoota Afaan Oromoon kennamuufii aadaa Oromoo barsiisu kan barattoota tajaajiluuf oolu mana barnootaa keessatti akkuma barnoota Afaan Amaariffaatiin kennamuuf jiru kan Afaan Oroof tajaajilus akka jiraatuuf ga'ee guddaa taphachuu qabu.

#### **4.4.4 Barattootarraa Kan Eegamu**

Barattoonni Oromoo carraa Afaan isaanitiin magaala Finfinnee keessatti barachuu argatan kanatti fayyadamuudhaan Aadaa isaanii babal'isuun eenyummaa isaanii calaqqisiisuuf

kutannoodhaan cimani hojjechuu qabu. Akkasumas, obsaafi tasgabbiidhaan kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf cichoominaan barnoota isaanii barachuun bu'a qabeessa taa'uu danda'uutu irraa eegama. Kanaaf immoo barattoota Manneen barnootaa isaan keessatti baratan keessa jiran kanneen sabaaf sablammoota maagaala Finfinnee keessa jiran mara irraa walitti dhufan waliin walii galtee uumudhaan jaalalaan waliin jiraachuun barbaachisaadha. Yoo rakkoon isaan muudatellee karaa tasgabbi qabuufi ilaaf ilaameedhaan furmaata barbaaduun barbaachisaadha.

#### **4.4.5 Hawaasa Magaala Finfinnee Irraa Kan Eegamu**

Hawaasni magaala Finfinnee ilaalcha Aftokkee keessoo isaaniitti bakka qabatee ture keessaa ba'uun, Afaan hundinuu walqaixa ta'uu isaa hubachuudhaan, Afaan sabaaf sablammootaa magaalicha keessa jiru hundumaa ija tokkoon walqixa ilaaluun Afaan ittiin barachuuf carraan isaa argame barachuudhaan tokkukkummaafi Afdaneessummaa mirkaneessuuf hojjechuu qabu. Keessattuu Afaan Oromoo Afaan guddaa Aafrikaa irraa sadarkaa 4ffaa irratti argamu kana akkuma guddummaa isaatti faayidaa guddaa waan kennuuf ilaalcha jibbiinsaa Afaan Kanaaf qaban irraa adda ba'uun barchuufi dubbataa Afaanichaa kabajuun waliin jiraachuu qabu. Aakkasumas, Magaalli Finfinnee isaan keessatti qabeenya horatanii keessa jiraatan kun qabeenya uumata Oromoo ta'uusaa bareessanii beeku. Haata'u malee haqa dabsuudhaan lafaafi qabeenya uummatichaa jaallachaa uummatichaafi Afaan isaa immoo qe'ee isaa irratti jibbuufi dhiibuun gatii kaffalchiisuu waan maluuf ilaalcha sirrii qabaachuun jaalalaafi qajeelummaan ilaaluun barnoota Afaan Oromoon barsiifamu cina dhaabachuun deeggaruu qabu.

#### **4.4.6 Hawaasa Oromoo Magaala Finfinnee Keessa Jiraatan Irraa**

##### **Kan Eegamu**

Qaaccessi madda ragaalee kennitootaa adda addaa akka ibsutti, hawaasni Oromoo Magaalaa Finfinnee keessa jiraatan Afaan laffaa beekuun gaarii ta'us, Afaan ofiifi eenyummaa ofii gatani eenyummaa nama biriitti of kennuun dogoggora guddaa waan ta'eef irraa of eeggachuu qabu. Afaan tokkoffaa caalaa Afaan Ormaa yookan dandeettii Afaan lammaffaa qabaachuun dandeettiifi beekunsa akka qabaachuutti ilaaluun, dogoggora guddaa ta'uusaa hubachuun ijoollee isaanii Afaan dhalootaan barsiisuu irratti hubannoo gadaanaa akka qaban beekameera. Hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatan dhiibbaa duraan Afaan Oromoo irratti magaalaa Finfinneetti taasifamaa ture irratti hundaa'uun, ammallee akkuma waan Afaanichi sadarkaa duraan irra jiru sanarra jirutti hubachuun Afaan Oromootiin barsiisuu irra Afaan Amaaraatiin barsiis

uun beekumsaafi dandeetti kalaqa uumamaa isaanii akka dabalutti hubachuun, dogoggora guddaa waan ta'eef ofitti deebi'uu qabu kan jedhu odeeffannoo qaaceffame kanarraa hubachuun danda'ameera. Itti dabalees, Odeeffannoon daawwannaadhaan argame akka kanatti aanee jirutti qaaceffamee jira.

## **BOQONNAA SHAN:**

### **CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA**

Boqonnaa kana keessatti yaanni waliigalaa qorannoo kanaa dhiyaatee jira. Itti dabalees, yaanni ijoo qorannoo kana keessatti kaafame walitti qabamuudhaan cuunfamee kaa'ameera. Kana malees, argannoo isaa erga lafa kaa'ee, argannoo irra dhaabachuun yaada furmaata lafa kaa'ee jira. Qorannoon kunis, Xiinxala bu'aafi danqaalee Afaan Oromootiin magaala Finfinneetti barsiisuu: haala manneen barnootaa: Wandiraad sadarkaa 1ffaan duraa, sadarkaa1ffaafi giddugaleessaa, Birahaana Zaaree sadarkaa 1ffaan duraa, sadarkaa 1ffaafi giddugaleessaa, Qoxaarii sadarkaa 1ffaan duraa, sadarkaa 1ffaafi giddu galeessaafi Mana barumsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa mata dureejedhu irratti ragaan bargaa'ffii, Afgaaffii daawwannaadhaan sassaabamuun qaaceffamee jira.

#### **5.1 Cuunfaa**

Dhimmi ijoo qorannoo kanaa, Manneen barnootaa kanneen: Kutaa magaala Ekkaa keessaa Mana barumsaa Wandiraad sadarkaa 1ffaan duraa, sadarkaa1ffaafi giddugaleessaa, kutaa magaalaa Boolee keessaa Mana barumsaa Birahaana Zaaree sadarkaa 1ffaan duraa sadarkaa 1ffaafi giddugaleessaa, Kutaa magaala Nifaas Zilki Laaftoo keessaa Mana barumsaa Qoxaarii sadarkaa 1ffaan duraa sadarkaa 1ffaafi giddugaleessaafi Kutaa magaala Gullallee keessaa Mana barummsaa Inxooxxoo Ambaa sadarkaa 2ffaa manneen barnootaa akka iddattootti filatamanidha. Kaayyoon ibsame akka milkaa'u, qorataan mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa fayyadameera. Mala iddatteessuu akka kaayyotti dhimmaba'uun namoota dhibba tokkoof kudha saddeet (118) akka iddattootti itti gargaarameera. Qorannoo kana keessatti, ragaaleen bar-gaaffiin funaannaman, mala qaaccessa ragaa hammamtaafi akkamta fayyadamuun akkataa odeeffannoo kennameefi ragaa dhiyaate irratti xiyyeeffachuun xiinxalamani ibsi itti kennameera.

Qorannoo kanaan, Barnoota Afaan Oromootin magaalaa Finfinneetti barsiisuudhaan Bu'aa argameefi danqaalee hojiirra oolmaa isaa irratti muudataniin wal qabatee, jiru deebisuuf gaaffilee bu'uura kanneen akka Magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiifamuu eegaluun isaa bu'aawwan akkamii argamsiise? Magaala Finfinnee keessatti yeroo Afaan Oromootiin barsiifamuu eegalamu danqaalee akkamiitu raawwii irratti muudate/muudataa jira? Maddoonni danqaalee maalfaadha/eenyu fa'i? Dnqaalee kanniin hambisuuf maal gochuu barbaachisa? Jedhan deebisuuf qorannoo geggeeffamedha. Barnoota Kana hojiirra oolchuu

irratti gufuuwwan muudatan ilaalcha jibbiinsaafi fedhii dhuunfaa qaban irraa kan maddeefi hubannoo dhabuu hawaasa magaalaa Finfinnee keessa jiraatanii yoo ta'u, kunimmo sirna barnoota Afaanii biyya kanaafi siyaasa biyyittii irratti kan bu'uureffate ta'uusaa heeramee jira. Akkasumas, faayidaalee hedduun gama hawaasummaatiin, gama diinagdeetiin, gama qulqullina barnootaa mirkaneessutiin, gama mirga eenyummaafi walqixxummaa sabaaf sablammootaa mirkaneessuufi kanneen kana fafakkaatan ta'uusaa bira ga'a,eera. Akkasumas rakkoolee jiran maqasuufi Faaayidaawwan jiran itti fufsiisuuf ga'een qooda fudhattoota barnootaa maal ta'uu akka qabu heerameera. Dhumarrattis, argannoofi yaadni furmaataa qorannoo kanaa akka itti aanutti dhiyaateera.

## 5.2 Argannoo

Ragaalee walitti qabamaniiirratti hundaa'uun argannoowwaan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhiyaataniiru. Akka odeeffannoon argame mul'isutti Xiinxala bu'aafi danqaalee Afaan Oromootiin magaalaa Finfinnee argannoon odeeffannoo funaanameen argame gaaffilee bu'uuraa qorannichaan deebii argata jedhamee yaadame irraati xiyyeeffachuun kanaa gadiiti dhiyaatee jira. Odeeffannoon Odeef kannitootarraa argame akka ibsutti gaaffii bu'uuraa qorannichaan deebii argata jedhamee yaadame keessaa gaaffii Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiifamuu eegaluun isaa bu'aawwan akkamii argamsiise? jedhuuf argannoon qorannoo Kanaan argame haala kanatti aanee jiruun ibsamee jira. Isaanis:

- ✓ Walqixxummaan Afaanii biyya kana keessatti akka abjuutti yaadamaa ture jijjiiramuun Afaan hunduu walqixa ta'uusaa amma tokko mirkaneessera.
- ✓ Barattoonni Oromoo ta'an Afaan isaanitiin barachuun aadaafi eenyummaa isaanii magaalaa Finfinnee keessatti calaqqisiisuun eegalameera.
- ✓ Saboonni biroonillee faayidaa Afaanichi qabu hubachuun barachuu eegalanii jiru.
- ✓ Guddina Afaan Oromootiif bu'aa guddaa kan buuseefi Aadaafi eenyummaa Oromoo magaalaa Finfinnee keessatti waggoota dheeraaf acuucamaa ture deebisuu keessatte bu'aa guddaabuusee jiraachuu argannoon qorannoo Kanaan argame nimul'isa.
- ✓ Hawaasni magaalaa Finfinnee/ Oromoon magaalaa Finfinnee keessa jiru Afaan Oromootiin dubbachuun walii kan hin galle ta'uusaatiifi darbee darbee namoota Afaan Oromootiin dubbatanii walii galanirrattillee dhiibbaan garagaraa ga'aa kan ture yoo ta'u, erga barnoonni Afaan Oromootiin barsiifamuu eegalee asitti garuu suutama suutaan hafa kan jiruufi hawaasni duraan dubbatee ittiin walii galuuf sodaachaa ture uummanni Oromoos ta'ee sabaaf sablammiin Afaanicha beeku Afaan Oromootiin

dubbatee ittiin waliif galaa jiraachuu argannoon qorannoo Kanaan argame nimirkaneessa.

Magaala Finfinnee keessatti yeroo Afaan Oromootiin barsiifamuun eegalamu danqaalee akkamiitu raawwii irratti muudate/muudataa jira gaaffii jedhuuf immoo, Yeroo Afaan Oromootiin barnoonni barsiifamuu akka qabu kallattiin kenname irraa eegalee hanga ammaatti dhiibbaan garagaraa karaa kallattiinis ta'ee al kallattiidhaan qaamolee garaa irraa muudachaa turuusaa argannoo qorannoo kanaatiin bira ga'ameera. Qaamoleen dhiibbaa gochaa turanis:

Caasaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessaa, Hoggantoota manneen barnootaa keessaa, barsiisota keessaa, barattootaafi hawaasaan dhiibbaan garagaraa taasifamaa kan tureefi ammumallee guutummaan guututti haqamee kan hin banne ta'uu argannoon qorannoo Kanaan argame ni ibsa. Qaamolee hawaasaa kanaa olitti caqafan kana keessaa kanneen rakkoo kana uumaa turan hunda osoo hin ta'in kanneen bu'aa dhuunfaaf oolfachuu barbaadaniifi warren jibbiinsa saba Oromoo qabaniif olaantummaa Afaan tokkoo leellisaniin kan taasifamaa turedha.

Hojjettoonni caasaa bulchiisaa keessa jiran muraasni imaanaa uummataafi waadaa seera biyyittiif galan cabsuun harka duubatiin kanneen qaamolee hokkora kaasan deeggaran akka jiraniifi kanneen tarkaanfiin irraatti fudhatamellee jiraachuu. Akkasumas barsiisota Afaan Oromoo warren hin taane barattoota qindeessudhaan akka barattoota Afaan Oromoo irratti tarkaanfii fudhatan gochaa akka turan argannoon qorannoo Kanaan argame ni mirkaneessa. Akkasumas barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irratti reebichiifi doorsifni garagaraa taasifamaa turuu hubachuun danda'ameera. Akkasumas holola jibbiinsaafi Afaan Oromootiin barsiiftanii ijoollen keessan hojii hinargatan jechuun maatii barattoota Afaan Oromoofi barattoota Haamilee cabsuudhaan dhiibbaan garagaraa taasifamaa turuusaa argannoon qorannoo Kanaan argame ni calaqqisiisa.

Kana malees, akka odeeffannoon funaaname ibsutti, raawwii barnoota Afaan Oromoo magaalaa Finfinneetti kennamaa jiru Kanaan wal qabatee baayyinni barattoota Afaan Oromoon baratani amma barbaadamu akka hin taane ibsanii jiru. Kanaaf immoo sababiin xiqqeenya isaanii immoo barattoonni dhabamanii osoo hin ta'in maatiin barattootaa Oromoo ta'anii osoo jirani Afaan Oromootiin barsiisuuf gariin isaanii fedhii akka hin qabne ragaan qorannoo Kanaan argame ni mul'isa. Kanaaf sababni isaan dhiyeessan tajaajilli mana hojii mootummaastii sadarkaa garagaraatti kennamuufi waltajjiin garagaraa yeroo geggeeffamu

Afaan Oromootiin qixa Afaan Amaariffaa tajaajilli kennamuu dhabuun akka hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiru Abdii barnooticharraa qabutti suuta jedhu isa taasiseera kan jedhu argannoo qorannoo kanaa keessaa isa tokkodha.

Maatiin barattootaa tokko tokko daa'imman isaanii maalif Afaan Oromootiin hin barsiifattu gaafa jedhaniin, deebii dogoggoraa Afaan Oromootiin baratani hojii hinargatan. Kanaafuu, Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkoo qofatti yoo baratan ga'aadha yaada jedhu kaasuu. Kunammoo yaada dogoggoraa warren Afaan Oromoo akka dagaaguuf fedhii hin qabne irraa maddeen amansiifamuu ykn immoo ofitti amanamummaa dhabuun uummata Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatan bira jiru danqaalee sirna barnootichaa muudatan keessaa tokkodha.

Itti dabalees argannoon qorannoo Kanaan argame keessaa tokko kan ta'e, barattoonni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiran guutummaan guutuutti Afaan Oromootiin akka baratan gochuuf xiyyeeffannoon gama mootummaatiin jiruufi qaamolee dhimmi ilaallatuun jiru guddaa ta'us, hiji raawwachiistota barnootichaa keessa namoonni jiiibba Afaan Oromoofi saba Oromoo qaban waan jiraniif harka lafa jalaatiin akka ragaan irratti hinargamnetti dhiibbaa uumaa jiru. Kanaafuu guutummaan guututti caasaalee mootummaa hunda waliin waliigaluun hojii hubannoo uumuus ta'ee hijicha fiixaan baasuu keessatti rakkoon dhokataafi mul'ataa guddaan akka jiru argannoo qorannoo kanaa keessaa tokkodha. Kunimmoo akka gufuu barnootichaa keessaa isa tokkootti ilaalamuu danda'a.

Barsiisonni sirna barnootaa Afaan Oromootiin barsiisuuf ramadamanis barattoota kallattii maraan dhiibbaa jala turanii carraa argame kanatti fayyadamuuf Afaan Oromootiin baratan kanneen ga'oomsuuf barnoota qulqullina qabu kennuu irrattillee hanqinniifi hudhaa guddaan jiraachuusaa qorannoo kanaan bira ga'ameera. Barsiisonni Afaan Oromootiin barsiisan barattootaaf barnoota dabalataa qixa warren Afaan Amaariffaatiin barsiisanii kennaa akka hin jirres odeeffannoo funaanameefi ragaa qorannoo kana keessatti qaaceffameen bira ga'ameera. Barsiisonni Afaan Oromoon barsiisan tokko tokko barnoota dabalataa kennuu dhabuu qofa osoo hin ta'in, wayitii idilee barnootichaaf ramadame illee qisaasessaa aka jiran argannoo qorannoo kanaa keessaa tokkodha.

Kana malees, barattoota kanneen yeroo barsiisan meeshaalee deeggarsa barnootaa ga'aa qopheessuun itti fayyadamuu irratti hanqinni kallattii maraan akka jiru hubbachuun danda'ameera. Hanqinnoonni kunniin gama mana barnootaatiinista'ee gama Barsiisota Afaan Oromoon barsiisaniitiin jiraachuusaa hubachuun danda'ameera. Gama mana barumsaatiin

meeshaalee deeggarsa barnootaa sirna barnoota Afaan Oromootiin kennamuuf tajaajilu gabaarraa bituun handhuura gabbisa barnootaa keessa galchuu irratti hanqinni guddaan jiraachuufi mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabilee dabalataa Afaan Oromootiin barreeffaman galchuu dhiisuun rakkoolee gama maneen barnootaatiin mul'atudha. Gama barsiisota Sirna barnoota Afaan Oromootiin barsiisaniin kan mul'atu immoo, wayitii isaanii seenanii baanan gara manaatti fiiguu malee, meeshaalee deeggarsa barnootaa hoomishuufi kanneen mana barnootaatiin bitamuu qabaniifi maateriyaaliin guutamuu qaban akka guutamaniif dhiibbaa kanneen taasisan maneen barnootaa muraasa keessatti barsiisonni tokko tokko mul'atu malee dhiibbaa gochaa akka hin jirre argannoon qorannoo kaanaan argame nimul'isa. Inumaayyuu Manneen barnootaa dhiibbaa jabaan hin mul'anne keessatti barsiisonni Afaan Oromoo gadhiisii ta'uudhaan mana barumsichaa keessa wanti barattooniifi barsiisonni Afaan Oromoo jiraachuu ibasan amma jiraachuu qabu akka hin jirre qorannoo kanaan bira ga'amee jira. Itti dabalees, ga'umsa barsiisotaa waliin wal qabatee leenjiin garaagaraa akka isaan barbaachisuufi dhimma ga'umsa barsiisotaa irratti qorannoo gadi fagoon akka barbaachisu argannoo qorannoo kanaati.

Qorannoo kana keessatti ragaaleen daawwanadhan funaannaman akka ibsanitti Manneen barnootaa keessatti barreeffamoonni maxxanfaman Afaan lamaaninuu maxxanfamanii argamu. Haata'u malee haala walfakkaatuun bifa wal qixa ta'een osoo hin ta'in kan Afaan Oromoon maxxanfamee jiru darbee darbee kan mul'atu yoo ta'u qixa Afaan Amaariffaa maxxanfamee waan hin mul'anneef ofitti amanamummaa baratootaas ta'ee hawaasa Oromoo naannoo mana barnootichaa jiruu dabaluu irratti dhiibbaa qabaata. Dabalataan, fakkiwwan namoota gurguddoo seenaa biyya kanaa keessatti bu'aa gurguddaa buusani darbanii, barjaalee, gabateewwan garagaraa, kan aadaa, seenaafi duudhaa Oromoo mul'isan mana barumsaa tokko tokko keessatti muraasni kan argaman yoota'u, maneen barnootaa hunda keessatti haala wal fakkaatadhaan akka hinargamne qorannoo kanaan mirkana'eera. Kana malees ergaawwan mana barnootaarraa darbaniifi yeroo waltajjii garagaraa bal'inaan Afaan Amaariffaa kan fayyadaman yoo ta'u, Afaan Oromootiin darbee darbee yeroo tokko tokko qofa akka Afaan Oromootiin ergaan akka dabarsanidha. Isayyuu yeroo waltajjiin adeemsifamu Afaan Amaaraa qofaan akka ta'e argannoon qorannoo kanaa ni ibsa.

Wantoota Barnoota Afaan Oromoo magaalaa Finfinneetti kennamu kana hojiirra oolchuu irratti danqaalee hedduun kallattii hedduudhaanifii qaamolee garagaraatiin muudachaa jiraachuun ibsamee jira. Akka argannoon qorannoo kanaan argame ibsutti, danqaalee muudatan kanneeniif maddi isaa Ilaalcha dogoggoraafi jibbiinsaa hawaasni magaalaa

Finfinnee qabatee jiru, Dhiibbaa siyaasa biyyittii, Ofitti amanamummaa dhabuu hawaasa Oromoo magaala Finfinnee keessa jiraatuu ta'uusaa argannoo qorannoo kanaan argamedha.

Akkasumas maddoonni rakkoolee eenyu gaaffii jedhuuf, Haala siyaasa biyya kanaa, Jibbiinsa uummata Oromoofi Afaan Oromootiif qabanirraa aka maddu raga arganmerraa hubachuun danda'ameera.

### **5.3 Yaada Furmaataa**

Argannoo qorannichaa irratti bu'uureeffachuun gaaffii ka'umsa qorannoo kanaaf furmaata ta'u haala kanatti aanee jiruun kaa'ameera. Danqaalee yookan gufuuwwan hojjiirra oolmaa barnootichaa irratti muudatan kana hambisuuf qaamolee irratti hojjechuu qabu jedhefi hojii isaanirraa eegamu qoratiichi yaada furmaataa qorannoo kanaati jedhee yaadu keessatti ibsee jira. Danqaalee kana hambisuuf qaamolee mootummaa yookan bulchiinsa magaalaa Finfinnee irraa kan eegamu: Sirni barnootaa Afaan Oromoo kun akka lafa qabatuuf qaamolee hawaasaa hunda mariisiisuun hubannoo uumuu, kanneen cxaasaa mootummaa keessa taa'anii barnootichi akka lafa hin qabanneef arka lafa jalaatiin hojjetan irratti tarkaanfii seeraa fudhachuun sirreessuu, Seektera barnootaa qofa osoo hin ta'in seekteraalee garagaraa keessatti tajaajilli kennamu Afaan Oromootiin akka kennamu gochuu, Waltajjiin garagaraa yeroo adeemsifamutti namoota Afaan lamaanii waltajjii geggeessuu danda'aniin waltajjii geggeessuun hawaasni waltajjicha hirmaatu sun Afaan Oromoo Akka tajaajila gama mootummaatiin kennamu keessatti qooda qabuufi Afaanichi gara fuulduraatti Akka isaan fayyadu akka hubatan hojiin agarsiisuun baayyee barbaachisaadha.

Kana malees, waajira barnootaa irraa eegalee chaappaan mana hojii isaa kan Afaan lamaanuu ofirraa qabu akka ta'u gochuun hubannoo hawaasaa cimsuutu isarraa eegama. Akkasumas, kitaabolee dabalatee meeshaaleen barnootaa kanneen Afaan Oromootiin qophaa'an maneen barnootaa hunda keessatti walqixa uwwisi taasifamuusaa hordoffii cimaa taasisuu qaba. Itti dabalees, rakkoo mana jireenyaa irraa kan ka'e rakkoo hedduun muudachaa waan jiruuf itti yaadamuu qaba. Keessattuu barsiisonni sirna barnoota Afaan Oromootiin barsiisan, guutumaan guututti kan isaan jiraatan magaala Finfinnee keessa waan hin taaneef yeroon barnootaaf ooluu qabu walakkaan isaa sababii fageenyarraa dhufaniif geejjiba/karaa irratti waan dhumatuuf mootummaan gama kanaan furmaata kennuu qaba.

Barnoota sirna barnoota Afaan Oromootiin kennamu lafa qabsiisuuf irruma caalaatti ga'een hooggansa barnootaa baayyee olaadha. Kana waan ta'eef, hoggatoota barnootaa kanneen ta'an

gubbaarraa hanga godaatti kan jiran rakkoo gama kanaan muudatu furuuf cichoomira, kutannoofi haqaan hojjechuu qabu. Barsiisaa ramaduu irraa eegalee barsiisaa ga'umsa qabu kan waan barsiisu sanarratti hubannoo qabuufi kaayyoo manaa ba'ameef galmaan ga'uu danda'u qacaruun hojjiitti/maneen barnootaatti ramaduu qabu, Barsiisotaaf leenjii ga'aa kan yeroo faana deemu yeroo yerootti kennuufii qaba. Gama biraatiin barnoonni sirna barnootaa kanaan kennamu ququllinaan kennamaa jiraachuu isaa ilaalamee sirreeffamni fudhatamaa hin deemu taanan babal'achuu caala kufaatii fiduu waan danda'uuf, barnoonni ququllina qabu kennamaa jiraachuu isaa hordoffii cimaan taasifamu qaba. Kana malees, barsiisotaafi barattoota Afaan Oromoo hin taane kanneen akka barnootichi lafa hin qabanne ilaalcha jibbiinsaa qabaachuu isaanitiin kallaattii garagaraatiin dhiibbaa taasisan akkaataa barbaachisummaa isaatti sirreefama fudhachuun rakkoo gama isaanitiin muudatu guutummaan guututti dhabamsiisuun haagaantoota barnootaa gubbaarraa amma godaatti jiran irraa kan eegamudha.

Hawaasa Magaalaa Finfinnee immoo walqixxummaa Afaanii kabajuudhaan mirga sabaaf sablammoota hundaayyuu walqixa kabajuun, Afaan kamiyyuu kan carraa barachuu isaa argatan akka isaan fayyadu beekanii barachuus ta'ee kanneen Afaanichaan baratan jajjabeessuutu isaanirraa eegama. Hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatanimmoo ilaalcha gadaantummaa eenyummaa isaanifii Afaan isaanitiif qaban keessa ba'uun Afaan isaanii Afaan enyuu gadi akka hin taanefii isaanis eenyuu gadi akka hin taane hubachuun daa'imman isaanii Afaan isaanitii barsiifachuu qabuun dhaamsa qoratichaa isa olaanadha. Sababiin isaa akka argannoon qorannoo kanaa ibsutti, hojiirra oolmaa barnoota kanaatiif akka rakkootti kan mul'ate, hawaasa magaalaa Finfinnee keessaa gariin isaanii Afaan kanaan daa'imman isaanii barsiifachuuf fedhii waan hin qabneef Afaan Amaariffaatiin barsiifachaa akka jiran nutti agarsiisa. Sababiin isaa immoo Akkuma baroota darbanii Olaantummaan Afaan tokkoo qofatu jira jedhanii amanuufi carraa argame kanatti fayyadamuuf hubannoo kanneen hin qabne ammallee waan jiraniif ta'uusaa qoratichi heeree jira.

Itti dabalees, uummanni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiru, Afaan isaa gatee kan ormaa leellisuudhaan guddachuufi akka sabaatti kabajamuu akka hin dandeenye hubatee, Akkuma Afaan Ormaa kanbajee jiraatu, kan isaatiifis bakka guddaa kennuudhaan kan isaas kabachiifachuu danda'uu qaba. Akkasumas sabaaf sablammoonni magaalaa Finfinnee keessa jiraattan keessattuu kanneen jibbiinsa Afaanichaafi sabichaa qabdan Afaan saba guddaa kana

kabajanii barachuufi daa'imman keessan barsiifachuun saba Oromoo caala isiniif faayidaa guddaa qabaan dhaamsa qoratichaati.

Barsiisonni Sirna barnoota Afaan Oromootiin magaalaa Finfinneettii barsiisan rakkoo gama kanaan jiru furuufi bu'aa itii fufiinsa qabuufi dhaloota egereefillee darbee tajaajilu buusu keessatti ga'ee olaanaa qabu. Barattootaaf barnoota qulqullina qabu kennuudhaan barattoonni sirna barnootaa kanaan baratan bakka kamittiyyuu dorgomaa akka ta'aniif barattoota kallattii maraan ga'ooman hoomishuu qabu. Kanaaf ammo dursa ofii isaanii ga'oomsuu irratti hojjechuu qabu. Ofii isaanii ga'oomsuuf, aadaa dubbisuu qabaachuu, Muuxannoo qaamolee garaagaraa irraa fudhachuu danda'uufi of jijjiiruuf qophii ta'uu qabu. Kanaaf barattootaaf yeroo ga'aa kennuun yaadanis ta'ee beekumsa barnootatiin sirriitti qaruu qabu. Akka argannoon qorannoo kanaa ibsutti yeroo baayyee barsiisonni sirna Afaan Oromootiin barsiisan daree barnootaa keessaa baanan mallattoollee osoo hin mallateessin gara mana jireenyaa isaanitti fiiguu malee barnoota barsiisaniif qophii tasisuufis ta'ee, barattootaaf yeroo kennanii banoota dabnalataa kennaa akka hin jirre mul'isa. Kanaaf rakkoo jiru tooftaa birootiin moo'achuu qabu malee hojiitti sirnaan fayyadamuun hojii qulqullina qabu hojjechuu qabuun dhaamsa qoratichaati. Hooggantoonni mana barumsaa rakkina gama kanaan jiru furuuf barsiisota kanneen yeroo hojiitti hojiirra jiraachuu isaanitiifi barnoota qulqullina qabu kennaa jiraachuu isaanii ciminaan hordofuun bakka rakkoon jirutti sirreefama fudhachuu qabu.

Barnootaan milkaa'uufis ta'ee abdiif egeree ta'uuf baraan kamiyyuu ga'ee isarraa eegamu ba'uu qaba. Barattoonni Afaan Oromootiin baratan carraa gaarii argatan kanatti fayyadamuun eenyummaa isaaniifi Aadaa isaanii bifa calaqqisiisuu danda'uufi fakkeenya gaarii barattoota kanneen birootiif ta'uu akka danda'anitti kutannoodhaan dubbisuu qabu. Akkasumas, ofitti amanamummaa gaarii qabaachuu qabu. Kana malees barattoonni kamiyyuu tokkummaafi jaalala barattoota kanneen Afaan Amaaraatiin baratan waliin qaban cimsuun jaalalaafi tokkummaa uummanni Oromoo ittiin beekamu calaqqisiisuu danda'uutu isaanirraa eegama. Rakkoon adda addaa yoo kan muudatu ta'ellee gama hubannaa qabuufi tasgabbi qabuun rakkoo obbolaa isaanii gidduutti muudatu furuu qabu. Hundaa ol barumsa isaaniirratti xiyyeeffachuun adda duree ta'anii argamuu qabuun yaada furmaataa qoraataadhaan kaa'amedha.

Walumaagalatti danqaalee hojiirra oolmaa barnoota Afaan Oropmoon kennamu kana maqsuun faayidaa isaammoo irruma caalatti dagaagsuuf qaamoleen qooda fudhattoota ta'an

hundinuu sirriitti of ilaaluun hir'ina gama isaanitiin jiru fooyyessuu akka qabaniifi kutannoodhaan cimani hojjechuu qabu. Qaamni dhimmi ilaallatu martinuu cimani hojjennaan bu'aan barnoota Afaan Oropmoo magaalaa Finfinneetti kennamuun argammu danqaa tokko malee hojiirra ooluu waan danda'uuf ciminaan hojjennee milkaa'ina caalutti darbuu qabnaan dhaamsa qoratichaati.

## **Wabiilee**

- Addunyaa Barkeessaa, (2011). Akkamtaa, Yaad-rimee qorannoo hujoo: Finfinnee
- Alemayehu Jote (2012). The Contribution of Mother Tongue Education to Promote Indigenous Knowledge: The Case of Bale Zone In Oromia Region (unpublished Phd Dissertation)
- Ali, M, and Zaborski, A. (1990) Handbook of the Oromo Language. Wroclaw: Maria Kowalska Stanis twentieth century. Oxford: James Surrey Addis Ababa, AAU press & Athens, Ohio: Ohio University
- Bahru Zewde. 2002. Pioneer of challenge in Ethiopia: The reformist intellectuals of early
- Bamgbose, A. 1991. Language and the Nation: The Language Question in Sub-Saharan Africa. Edinburgh: Edinburgh University Press.
- Beekan Gulummaa. 2014. 'Xiinxala qulqullina barreeffama Afaan Oromoo' Yunivarsiitii Amboo, Oromiyaa (kan hin maxxanfanne).
- Bender, M.L, Bowen, J.D Cooper, R.L and Ferguson, C.A (Eds). (1976). Languages in Ethiopia. London: Oxford University Press.
- Benson, C. 2002. Real and potential benefit of bilingual programmers in developing countries. International Journal of Bilingual Education and Bilingualism, 5(6), 303-317.
- \_\_\_\_\_. 2004. The importance of mother tongue-based schooling for educational quality Commissioned study for EFA Global Monitoring Report 2005, The Quality Imperative.
- \_\_\_\_\_. 2009. Designing Effective Schooling in Multilingual contexts: Going beyond Bilingual Models'. In Skutnabb-Kangas, T.; Phillipson, R; Mohanty, A.K. and Panda, M. (Eds) linguistic
- Chaltu Girma. 2005. 'The status of Mother Tongue education in Sebeta Town government primary schools: Addis Ababa university, Ethiopia December, 2014.
- Creswell, J. W. 2009. Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods Approach London: SAGE. Cummins.
- Cook Vivid. (2008). Second Language Learning and Language Teaching. (4th edition). Holder Education Hachette UK: Company.
- Dastaa Dasaalany. (2002). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee.
- David E. Gray. (2004). Doing Research in the Real World. London: SAGE publications Ltd

- Dereje, T. G. 2010. The implementation of a multilingual education policy in Ethiopia. The case of Afaan Oromoo in Primary Schools of Oromia Regional State. Unpublished PhD Dissertation, University of Jyvaskyla
- Feyisa Demies (1996). Historical Challenges in the Development of The Oromo Language and some agenda for future journal of Oromo Studies
- Garcia, O. (1998). Bilingual education. In Coulmas, F. (Ed). (1998). Handbook of Sociolinguistics. Retrieved from <http://www.blackwellreference.com/subscriber/tocnode>
- Getachew Anteneh and Dirib Ado (2006), Language Policy In Ethiopia: History and Current Trends. Ethiopia J. EDU.
- Gfeller, E. (1999). Language Equality: Multilingual issues in Education. Hawassa: Ethiopia.
- Girma Mammo. (2001). Language Standardization Significance: With particular reference to Afaan Oromo. Wiirtuu jiidii9
- Heugh, K. et al. 2010. The Medium of Instruction in primary schools in Ethiopia: A study and its implications for multilingual education. New Delhi.
- Jeilan Aman. 2013. Challenges of Mother Tongue education in primary school: The case of Afaan Oromo in the East Harage zone, Oromia regional State, Ethiopia: University of South Africa, 2013 (unpublished PhD dissertation).
- Loretta Bitene Ikome (2015) Using Afaan Oromoo as primary language of learning and teaching in selected schools in addis ababa: policy, problems and strategies. A Thesis submitted to the Department of Afrikaans, School of Languages, Faculty of Humanities, University of Pretoria in partial fulfillment of the requirements for the Degree of Doctor of Philosophy in Applied Linguistics
- Magwa, W. and Mutasa, D. 2007. "Language and Development: perspectives from sub-Saharan Africa". NAWA Journal of Language and Communication: Volume1 (1), PP 57-68.
- McNab, C. (1989). Language policy and Language Practice: Implementation dilemmas in Ethiopian Education University of Stockholm
- Milkeessaa Miidhagaa. 2015. Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii biyya Itiyooophiyaa, 1855-2015. Finfinnee, Oromiyaa.
- Mohammed Hassen (1996) The Development of Oromo Nationalism. In Baxter, P. T. W., Hultin, J. and Triulizin A. (Eds). (1996). Being and becoming Oromo: Historical and anthropological enquiries (67-80). USA: The Red Press Inc.

- Nieto, S. 2000. *Affirming Diversity: the sociopolitical context of multicultural education* (3rd). Longman: Addison Wesley Longman, Inc.
- Qorro, M. 2008. 'Prospects of Mother Tongue and Bilingual Education in Africa: with Special Reference to Tanzania' in a collection of conference papers. The Danish Education Network. [www.Uddannelsesnet.valesesnetvaerket.dk](http://www.Uddannelsesnet.valesesnetvaerket.dk) (accessed 10 June 2012). Stubbs's. 2008. *Inclusive Education: Where there are few resources*. Oslo, Norway: The Atlas, Alliance. [http://www.eenet.org.uk/theory practice/ IE%20few%20 resources %202008.pdf](http://www.eenet.org.uk/theory%20practice/IE%20few%20resources%202008.pdf)
- Sarantakos, S. 2005. *Social Research*, (3rd edition). Basingstok: Plagrave MacMillan.
- Shimelis Gizaw, L. (2008). *Language policy and Language Education in Ethiopia Context*. In *Proceedings of the conference on teacher Education for sustainable Development in Ethiopia*. Bishoftu: Ethiopian Management Institute.
- Smith. L. (2008). *The politics of Contemporary Language policy in Ethiopia*. *Journal of Developing Societies*, 24(2),207-243.
- Tekeste Negash (1996). *Rethinking Education in Ethiopia*. Sweden: Reprocetralen HSC.
- Teshome Nekatibeb (2007). *The impact of learning with the mother Tongues:in language and Development:Africa and beyond* proceeding of the 7<sup>th</sup> international development conference: British Council.
- Wandimmuu Taganyee. 2023, *Siyaasa Afaan Oromoofi qubee Itiyoophiyaatti, Manxxansaafi daldala* Daystar.
- Yalew Endawok. 2004. *Teachers Beliefs, Knowledge and Practice of Learner Center Approach in Schools of Ethiopia*. *The Ethiopian Journal of Education*, Vol. xxiv No.2 pp.17-39.
- Zoltan, D. 2007. *Research Methods in Applied Linguistics: Quantitative Qualitative* Printing press.

## DABALEE A

YUUNIVARSIISTII ADDIS ABABAA KOOLLEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII

Gaaffilee Afgaaffii Barsiisota, Hooggantootaafii Maatiif Dhiyaate

Afgaaffiin kun barsiisotaa Afaan Oromoo barsiisaniin kan guutamu dha. Kabajamoo odeeffannoo kennitootaa Kaayyoon odeeffannoo qorannoo kanaaf ragaan isinirraa argamu murteessadha. Kanaaf hanga isinii danda'ameetti odeeffannoo kennitan ifaafi qabatamaa akka gootan jechaa, deggarsi keessaan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteesaa waan ta'eef, durseen isin galateeffadha. Odeeffannoo sirrii akkanaaf kennitan kabajaan isin gafaadha.

Manabarumsaa\_\_\_\_\_Tajaajila\_\_\_\_\_Umurii\_\_\_\_\_Sadarkaa  
barnootaa\_\_\_\_\_ Barnoota ittiin eebfamtan\_\_\_\_\_

1. Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu ilaalchisee yeroo jalqabe irraa eegalee danqaaleen/gufuuwwan akka hin kennamneef muudatan jiruu? A. eeyyee jiru B. lakki hin jiran  
Yoo jiraatan danqaalee akkamiitu ture? maddoonni danqaalee maalfaadha/eenyu fa'i?
2. Manni barumsaa keessan barnoota Afaan Oromoo lammiileen akka baratan ni jajjabeessuu?  
A. Eeyyee B. lakki
3. Barsiisota dabalatee hawaasni mana barumsaa keessanii barnoota Afaan Oromoon kennamuu ilaalchisee ilaalcha sirrii qabuu? A. eeyyee B. lakki
4. Hooggantoonni mana barumsichaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii kennuu? A. eeyyee B. lakki Eggdota mana barumsichaa irraa eegalee hojjettoonni bulchiinsaa deeggarsa kennan barattootaafi barsiisota Afaan Oromootiif qixuma warreen kaanii ija tokkoon ni ilaalu?
5. Barattootas ta'ee barsiisonni akkasumas hoohhantoonni kanneen Afaan Oromoofi kan Afaan
6. Amaariffaa tokkummaadhaan ija tokkoon ilaaluun waliin hojjechuu irratti maal fakkaatu?
7. Walitti dhufeenyi keessaniifi barattoota gidduu jiru maal fakkaata?

8. Kitaabni (meeshaaleen barnootaa) Afaan Oromoo hawwataafi mijataadha? miti yoota'e barnoota Afaan Oromoo kana irratti dhiibbaa maal uumuu danda'a?
9. Hirmaannaa barattoota Afaan Oromoo cimsuuf manna barumsaa irraa deeggarsi taasifamu jiraa? \_\_\_\_\_ Deebin keessan hin jiru kan jedhu yoo ta'e rakkoo akkamii fiduu mala jettanii yaaddu?
10. Wayitiin Afaan Oromoof ramadame haaluma sirni barnootaa eeyyamuun qoodamee jiraa?\
11. Barnoota Afaan Oromoo Magaala Finfinneetti kennamaa jiru kanaan wal qabatee barnootichi sirnaan akka baratamuuf akka magaalaa finfinneettis ta'ee akka mana barumsaa keessaniitti maaltu ta'uu qaba jettanii yaaddu? bal'inaan ibsaa.
12. Barnoonni Afaan Oromootiin magaalaa Finfinnee keessatti kennamuu isaatiin bu'aan hanga yoonatti argame yoo jiraate haa ibsamu.
  1. Gama hawaasmmaatiin:
  2. Gama sabdaneessummaatiin
  3. Gama walqixxummaa Afaanitiin
  4. Gama walqixxummaa Sabaaf Sablammootaa mirkaneessutiin
  5. Gama eenyummaatifi kanneen kana fafakkaataniin ibsuun ni danda'ama.
13. Magaala Finfinnee keessatti barnoonni Afaan Oromootiin kennamuunsaa gara fuula duraatti bu'aa maalii qaba?`
  1. Gama hawaasmmaatiin:
  2. Gama sabdaneessummaatiin
  3. Gama walqixxummaa Afaanitiin
  4. Gama walqixxummaa mirkaneessutiin
  5. Gama eenyummaatifi kanneen kana fafakkaataniin ibsuun ni danda'ama.

## Gaaffilee Afaaffii Barattootaaf Dhiyaate

Afaaffiin kun baattoota Afaan Oromoo barataniin kan guutamudha. Kaayyoon odeeffannoo qorannoo kanaaf ragaan baattoota irraa argamu murteessadha.

Manabarumsaa \_\_\_\_\_ Saala \_\_\_\_\_ Kutaa \_\_\_\_\_ Umurii \_\_\_\_\_

1. Manni barumsaa keessan barnoota Afaan Oromoo sirnaan akka barattan gochuu keessatti maal fakkaatu?
2. Afaan Oromootiif akka hin baranneef dhiibbaan isinirratti taasifamu jiraa? \_\_\_ Yoo jiraate maalti isin muudate ibsaa.
3. Barsiisota dabalatee hawaasni mana barumsaa keessanii barattoota Afaan Oromoo barattaniif ilaalcha akkamii qabu?
4. Hooggantoonni mana barumsichaa gaaffii tajaajila dhimma Afaan Oromootiin wal qabatee jiruuf deebii sirrii isiniif kennuu irratti maal fakkaatu?
5. Eegdota mana barumsichaa irraa eegalee hojjettoonni bulchiinsaa deeggarsa kennan isiniif barsiisota keessanii qixuma warra Afaan Amaariffaa wal qixa tajaajila isiniif kennuu?
6. Isin barattoonni Afaan Oromoofi kan Afaan Amaariffaa tokkummaadhaan waliin hojjechuu irratti maal fakkaattu?
7. Walitti dhufeenyi barattoota Afaan Amaariffaa barataniifi isin warra Afaan Oromoon barattan gidduu jiru maal fakkaata?
8. Kitaabni (meeshaaleen barnootaa) Afaan Oromoo hawwataafi mijataadhaa? Miti yoota'e barnoota barachaa jirtan irratti maal uumuu danda'a jettanii yaaddu?
9. Hirmaannaa barattoota Afaan Oromoo cimsuuf mana barumsaa irraa deeggarsi isiniif taasifamu jiraa? Deebin keessan hin jiru kan jedhu yoo ta'e rakkoo akkamii isinirratti fiduu mala jettanii yaaddu?
10. Barnoota keessan ciminaan sirriitti akka barattaniif akka magaalaa finfinneettis ta'ee akka mana barumsaa keessaniitti maaltu isinniif ta'uu qaba jettanii yaaddu? bal'inaan ibsaa.
11. Barnoonni Afaan Oromootiin magaalaa Finfinnee keessatti kennamuu isaatiin bu'aan hanga yoonatti argame yoo jiraate haa ibsamu.

Gama hawaasmmaatiin:

Gama sabdaneessummaatiin

Gama walqixxummaa Afaanitiin

Gama walqixxummaa mirkaneessutiin

Gama eenyummaatifi kanneen kana fafakkaataniin ibsuun ni danda'ama.

12. Magaala Finfinnee keessatti barnoonni Afaan Oromootiin kennamuunsaa gara fuula duraatti bu'aa maalii qaba?

Gama hawaasmmaatiin:

Gama sabdaneessummaatiin

Gama walqixxummaa Afaanitiin

Gama walqixxummaa mirkaneessutiin

Gama eenyummaatifi kanneen kana fafakkaataniin ibsuun nidanda'ama.

## DABALEE B

YUUNIVARSIISTII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII

Gaaffilee Bargaaffii Barsiisota, Hooggantootaafi Maatii Barattootaaf Dhiyaate

Gaaffileen barreeffamaa kun kan qophaa'aniif, xiinxalabu'aafi danqaalee argamina carraa afaan oromootiin magaala Finfinneetti barsiisuutiif odeeffannoo funaanuuf odeeffannoo kennitootaaf kan dhiyaatu ta'a. Kabajamoo odeeffannoo kennitootaa hanga isinii danda'ameetti odeeffannoo kennitan ifaafi guutuu akka gootaan jechaa, deggarsi keessaan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteesaa waan ta'eef, durseen isin galateeffadha. Akkasumas, bilisaan odeeffannoo sirrii akkanaaf kennitan kabajaan isin gafaadha.

1. Maqaa Saala:- Dhiira  Dubara
2. Sadarkaa Barnootaa: Dippiloomaa  Digirii  Maastersii
3. Kutaa magaalaa \_\_\_\_\_ Aanaa \_\_\_\_\_ Mana barumsaa \_\_\_\_\_
4. Hojii: Hoogganaa M/B  Barsiisaa  Barataa.  Kan biro 
  - Hojjetaa/ttuu waajira barnootaa K/ magaalaa
  - Hojjetaa/ttuu waajira barnootaa Aanaa
  - Maatii barataa

### I. Odeeffannoo Qorannichaa

1. Magaala Finfinnee keessatti barnoota Afaan Oromoo barachuudhaan bu'aawwan argaman

- A. Baayyeedha      B. Muraasa      C. bu'aa tokkoyyuu hin qabu

2. Bu'aa qaba yoota'e bu'aan inni buuse maali?

- A. Ofitti amanamummaa dabala.  
B. Aadaa Oromoo magaala Finfinnee keessaa badee ture deebisa.  
C. Dhaloonni aadaafii afaan isaa dagate akka of yaadatu taasisa.  
D. Guddina Afaan Oromootiif gumaacha guddaa qaba.  
E. Huduu deebiita'a  
F. Deebii hin qabu.

3. Magaala finfinnee keessatti afaan oromoo erga baratamuu eegalee bu'aa maalii buuse jettanii yaaddu?

---

---

---

---

---

---

---

---

4. Barnoonni Afaan Oromootiin kennamuu erga eegalee danqaaleen mudatan jiruu?

A. Eeyyee

B. Lakki

Deebin keessan eeyyee kan jedhu yoo ta'e gufuuwwan akkamiitu muudate?

---

---

---

---

---

---

---

---

5. Gama hawaasa magaala finfinnee keessa jiraatuutiin Afaan Oromoo magaala finfinnee keessatti barsiifamuu ilaalchisee kallattis ta'ee al-kallattiidhaan danqaalee/gufuuwwan muudatan jiruu?

A. Eeyyee B. Lakki

Deebin keessan eeyyee kan jedhu yoo ta'e maalfaatu muudate?

---

---

---

---

---

---

---

---

6. Gama hooggansa mana barumsichaatiin daanqaan muudate jiraa? A. Eeyyee B. Lakki

Ddeebin keessan eeyyee kan jedhu yoo ta'e daanqaaleen gama hooggansaatiin muudatan maal fa'i?

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

7. Gama barattootaatiin milkaa'ina barnoota Afaan Oromootiin kennamu kanaaf daanqaaleen uumaman jiruu? A. Eeyy B. Lakki Deebin keessan eeyyee kan jedhu yoo ta'e daanqaaleen gama barattootatiin muudatan maal fa'i?

---

---

---

---

---

---

8. Maatiin/firri/guddiftuun barattoonni Afaan Oromootiin akka isaan Afaan Oromootiin hin baranne dhiibbaan taasisan jiraa? A. Eeyyee B. Lakki Deebin keessan eeyyee yoo ta'e dhiibbaa isaan taasisaa turan? Ibsi.

---

---

---

---

---

---

9. Barataan mana barumsaa irraa argatu barattoonni Afaan Oromoos qixuma warra kaanii argachaa jiruu? A. Eeyyee B. Lakki Deebinkeessan lakki kan jedhu yoo ta'e maalfaa dhaban?

---

---

---

---

---

---

10. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan faayidaawwan garagaraa qixuma barsiisota kaanii niargatuu? Yoo hinargatanta'e maalifi? A. Eeyyee B. Lakki  
Deebin keessan lakki kan jedhu yoo ta'e maalfaa dhaban?

---

---

---

---

---

11. Manni barumsaa yeroo waltajjii geggeessu Afaan Amaariffaafi Afaan Oromootiin (Afaan lamaaniiinuu) nigegeessamoo Afaan Amaariffaa qofaan geggeessa?

A. Afaan Oromoo qofa B. Afaan Amaaraa qofa C. Afaan lamaaniiinuu

12. Ganama ganama yeroo hiriiraa ergaan mana barumsaa irraa darbu afaan kamiin darba?

A. Afaan Amaaraa B. Afaan Oromo C. Afaan lamaaniiinuu

13. Bu'aa Afaan Oromootiin magaala finfinnee keessatti barachuun argame ilaalchisee yaada dabalataa yoo qabaattan ibsaa.

---

---

---

---

14. Barnoonni Afaan Oromoo Finfinnee keessatti erga barsiifamuu eegalee danqaawwan muudataniifi muudachaa jiran ilaalchisee yaadi dabalataa yoo jiraate ibsaa.

---

---

---

---

---

---

15. Rakkoowwan kallattii gara garaatiin muudatan yoo jiraatan rakkoolee kanneen furuuf qaamolee qooda fudhattoota irraa maalfaatu eegama?

❖ Maatii barattootaa irraa:

---

---

---

---

---

❖ Barattoota irraa

---

---

---

---

---

❖ Barsiisota irraa

---

---

---

---

❖ Hooggantoota maanneen barnootaa irraa

---

---

---

---

---

❖ Hooggantoota waajira barnootaa irraa

❖ \_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

❖ Hawaasa magaalaa finfinnee irra

\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_  
\_\_\_\_\_

## DABALEE C

### YUUNIVARSIISTII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFU FOOKILOORII

#### Gaaffilee marii gareen odeeffannoo kennitootaaf dhiyaatu

Kaayyoon marii garee kanaa baarnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf Bu'aafi danqaalee argamina carraa Afaan Oromootiin magaala Finfinnee keessatti barsiisuu xiinxaluu" jedhu irratti odeeffannoo funaanudha. Gaaffileen marii gareef dhiyaachuuf qophaa'an kanneen: Barsiisota, Barattoota, Hooggantootaafi Maatii Barattoota Afaan Oromoo dhimma qorannoo kanaa ilaalchisee odeeffannoo ga'aa kennuu danda'aniin kandeebii argatu ta'a.

Kabjamtoota marii gareef dhiyaattan, qorannoo kana bu'a qabeessa kantaasisu odeeffannoo isin biraa argamu ta'uun isaa amanamaadha. Kanaafuu, gaaffilee isiniif dhiyaatananiif marii hunda hirmaachise taasisuun odeeffannoo dagatame walyaadachiisudhaan ragaa qabatamaa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

#### ❖ Odeeffannoo Qorannichaa

1. Magaala finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barsiisuun bu'aa maalii qaba?
2. Magaala Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin barachuun akka dhuunfattis ta'ee akka sabaatti bu'a qabeessummaan isaa maali?
3. Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti erga barsiifamuu eegalee bu'aa maalii buuse?
4. Barattoonni Afaan Oromoo baratan ofitti amanamummaa qabuu?
5. Waa'ee barnoota Afaan Oromoo kana ilaalchisee hawaasni magaala finfinnee gammadoodhaa? ilaalcha akkamii qabu?
6. Dhiibban addaa barattootas ta'ee barsiisota Afaan Oromoo irratti raawwate jiraa?
7. Barnoonni Afaan Oromoo magaala finfinnee keessatti erga baratamuu eegalee hojiirra oolmaa isaa irratti wanti gufuu/danqaa itti ta'e jiraa? Yoonjiraate maddi danqaalee maalture?
8. Barnoonni Afaan Oromoo ciminaan akka baratamuuf qooda fudhattoonni maal gochuu qabu?
9. Barnoonni Afaan Oromoo kun cimee akka itti fufuuf hooggantoota, barsiisota barattoota, maatii barattoota Afaan Oromoofi hawaasa magaala finfinnee hunda irraa maaltu eegama?
10. Bu'a qabeessummaa isaafi gufuuwwan barnoota Afaan Oromoo magaala Finfinnee keessatti baratamaa jiru ilaalchisee yaanni wal yaadachiistan yoo jiraate itti fufaa

## DABALEE D

YUUNIVARSIISTII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO  
AFAANOTAA, JOORNALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO  
OGBARRUUFU FOOKILOORII

Qabxiilee Daawwannaadhaan Odeeffannoo Funaanuuf karoorfaman

Gaaffileen daawwannaadhaaf dhiyaatan kun, kan qorataan waan qabatamaa hojiirra oolaa jiru ilaaluudhaan odeeffannoo ittiin funaanuuf qabxiilee karoorfamanidha. Qabxiileen ykn cheekilistoonni kanaa gaditti tarreeffaman kunniin kan qorataan manneen barnootaa keessatti kanneen ijaan argamuu danda’an ofuma isaatiin daawwachuun dhugaa qabatamaan baruu barsiisuu keessatti hojiirra oolaa jiru kan ittiin mirkaneessu/ odeeffannoo qabatamaa kanittiin funaannatu ta’a. Kunis amma danda’ametti bifa waraabbii sagaleef, viidiyoofi suuraadhaan dhiyeessuuf qoratichi karoorfateera.

❖ Mqaa Mana Barumsaa: \_\_\_\_\_

Lakk.	Qabxiilee Xiyyeeffannoo Daawwannaa	Safartuu			Yaada
		Eeyyee	Darbee darbee	Lakki	
1	Ergaawwan mana barumsaatti yeroo hiriiraa darban Akkuma Afaan Amaaraatiin darban Afaan Oromootiin nidaarbuu?				
2	Gabatee beeksisaa mana barumsichaa irratti beeksisoonni Afaan Oromootiin Maxxanfamanii jiruu?				
3	Handhuura gabbisa barnootaa keessa meeshaaleen deeggarsa barnootaa kanneen aadaa Oromoo ibsan kan Afaan Oromoo qindaa’ee jiraa?				
4	Barjaaleen mana barumsaa keessa jiran kanneen akka kaayyoo fi mul’ata mana barumsichaa ibsaniifi kallattii agarsiiftuuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman jiruu?				
5	Namni hardhuura gabbisa barnootaa keessa hojjetu kan Afaan Oromoo beeku jiraa?				
6	Mana dubbisa kitaabaa keessa kitaabileen dabalataa barnoota Afaan Oromoofi Adaa Oromoo barsiisan jiruu?				

7	Hojjetaan mana dubbisa kitaabaa Afaan Oromoo beeku kan barattoota Afaan Oromoon baratan keessummeessuu danda’u jiraa?				
8	Barreessitoonni Afaan Oromootiin barreessuu beekan kan hooggantootafis ta’ee barsiisotaaf qormaata barreessan jiruu?				
9	Mana barumsichaatti maqaa hojjetoota mana barumsichaa minjaala isaanii irra kan jiru maqaafi ga’ee hojii isaanii ibsu Afaan Oromootiin barreeffamee jiraa?				
10	Hooggantoota mana barnootichaa keessaa kanneen Afaan Oromoo beekan jiruu?				



